# HARIIROO NAMAAFI NAANNOO:ASOOSAMOOTA DANAAFI ARRAA GURBAA KEESSATTI QAACCESSUU

**MAASHOO HIRKOO GAMMADAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (M A) GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIITIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEETTI KOLLEEJJIINAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**WAXABAJJII , 5/2012(2020)**

**FINFINNEE**

# HARIIROO NAMAAFI NAANNOO:ASOOSAMOOTA DANAAFI ARRAA GURBAA KEESSATTI QAACCESSUU

MAASHOO HIRKOO GAMMADAA

GORSAAN: ASAFFAA TAFARRAA DIBAABAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (M A)
GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIITIIF
DHIYAATE

YUUNIVARSIITII FINFINNEETTI KOLLEEJJII
NAMOOMAA,QO'ANNOO AFAANOTAA,
JOORNAALIIZIMIIFIQUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN
OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

WAXABAJJII,5/2012 (2020)
FINFINNEE

## Yuunivarsiitii Addis Ababaa /Finfinnee Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraa Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruun gamisaan guuttachuuf Maashoo Hirkoo Gammadaa mataduree: Hariiroo Namaafi Naannoo:Asoosamoota "*Danaafi Arraa Gurbaa keessatti Qaaccessuu*" jedhuun qopheessee sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitichi kaa'e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa alaa ______________________mallattoo____________Guyyaa______

Qoraa keessaa __________________mallattoo____________Guyyaa______

Gorsaa _________________________mallattoo____________Guyyaa______

---

Itti gaafatamaa Muummee ykn Qindessaa Digirii Lammaaffaa(MA)

# Axereeraa

*Asoosamoonni Afaan Oromootin barreeffamanii ummata bira ga`an hedduu yoo ta`an illee gama hariiroo namaafi naannoo irratti xiyyeeffachuun qorannoon irratti adeemsifame hin muul`atu.Kanaaf qorannoon hariiroo namaafi naannoo irratti hundaa`uun kan gaggeeffameedha. Kaayyoon qorannoo kanaa inni ijoon Asoosama gabaabaa 'Danaa'fi Asoosama dheeraa 'Arraa Gurbaa'jedhaman keessatti barreessitoonni Asoosamoota lamaanii hariiroo namaafi naannootti fayyadamuun haala isaan siyaasa, diinagdee, seenaa, duudhaafi haala jiruufi jireenya ummata Oromoo ibsuuf yaalan karaa hariiroo namaafi uumama naannoon xiinxaluudha.Kaayyoo qabate kana bira ga`uuf qoratichis mala sakattaa yookiin xiinxala barruutti dhimma bahuun ,Asoosamoota lamaan gadi fageenyaan dubbisee odeeffannoo barbaachisaa funaanee jira.Odeeffannoowwan funaanaman kanas,walitti dhufeenya namaafi naannoo irratti xiyyeeffachuun kanneen aadaa, duudhaa, siyaasa, seenaa, bulchiinsa,qaroominaafi falaasama akkasumas haala jiruufi jireenya ummata Oromoon dhiyaatan xiinxalee jira.Adeemsa xiinxala kana keessatti,dhimmoonni Asoosamoota filataman keessa jiran haala qabatamaa Addunyaa dhugaa keessatti mul`ataniin hangam akka wal simatan wal bira qabuun xiinxalamanii jiru.Haaluma kanaan dhimmoonni hojii kalaqaa tokko keessatti karaa haqummaa of keessaa qabaniin dhiyaachuu akka qaban yaaxxinni dhugummaa lafa kaa`ee jira.Kunis sakattaa barruu jalatti,bal`inaan kaa`amee jira.Hariiroo namaafi naannoo kana bu`ureeffachuun ragaaleen Asoosamoota kanneen keessaa funaanamanis xiinxalamanii jiru.Xiinxala ragaalee taasifaman kanarraayis, dhimmoonni hojiilee kalaqaa kanneen siyaasaan, bulchiinsaan, aadaan, seenaan,duudhaafi falaasama ummatni Oromoo keessa tureefi keessa jiru ,karaa dhugummaa of keessaa qabuun kan dhiyaatan ta`uun isaanii hubatamee jira. Dabalataanis, rakkoolee ummata Oromoo irra kallattii adda addaan ga`aa turan karaa qabatamaafi hubatamuu danda`aniin hojiilee kalaqaa xiinxalaman kana keessatti kan dhiyaatan ta`uun isaanii bira ga`amee jira.Gama biraatin haala xiinxalaa waliigalaa taasifameen hanqinaaleen hojii kalaqaa kana keessatti muul`ataniifi maalta`iinsa isaanii waliin dhiyaatanii jiru.Bifuma kanaan yaadoleen ta`insoota gara fuulduraatti,raawwatu tilmaamsisan osoo haalan jiraatanii,maqaaleen namfakkiilee akka dubbistoonni hundi adda baafataniif osoo walitti dhiyaachuu baatanii,yaadni dhuunfaa barreessichaa Asoosamicha keessatti osoo calaqqisuu baatee,akkasuma Asoosamichi loga waltawaa namni hundi hubachuu danda`aniin osoo fooyya`anii, hojiilee kalaqaa sadarkaa isaanii eeganii barreefaman ta`uu dand*

# Galata

Kaayyoon qorannoo kanaa akka galma ga‟uuf jalqabaa hanga dhumaatti yeroo isaanii osoo hinqusatin dadhabbiifi nuffii tokko malee gorsaafi deeggarsa ogummaa kan naaf kennaa turan gorsaa koo Asaffaa Tafarraa Dibaabaa (phD) galannin isaaniif qabu bakka olaana qaba. Dabalataanis, gorsi isaan naaf gochaa turan milkaa‟ina qorannoo kanaatiif gahee olaanaa waan taphateef Waaqni umrii keessan umrii harraagessaa isiniif haa taasisuun hawwii kooti.

Gama biroon, maatii koo osoo ofiif hinbaratin deeggarsa barbachisu hunda naaf gochuun na barsiisaaniif galanni koo bakka guddaa isaaniif qaba. Kanaaf, galata keessaniif rabbiin umrii keessan dheeressuun hamtuun isin argin; gaarii keessan malee gurri namaa hamtuu keessan akka hindhageenye Rabbiin oolmaa keessan isiniif haa kaffalu isiniin jedha. Isuma kanaan wal-qabatee kayyoon qorannoo kanaa akka bakka barbaadame sana gahuuf kan na cinaa dhaabbattee na jajjabeessaa turte haadha manaa koo Muluu Geetahuun Qannoo galanni isheen qabdu bakka olaanaa qaba. Dabalataanis, ijoollee koo dhiiraa lamaan Bilisummaa Maashoofi Waaqumaan Maashoo yeroo na waliin dabarsuu qabanitti ani argamuufi dhabullee fuula isaanii natti guuranii kan hin beekneef eebbaafi galata guddaan qabaaf.

## Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axereeraa ........ i

Galata ........ ii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

1.1. Seen Duubee Qorannichaa ........ 1

1.2. Ka`umsa Qorannichaa ........ 4

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 5

1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........ 5

1.3.2. Kaayyoo Gooree ........ 5

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 6

1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 6

1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 6

1.7. Qindoomina Qorannichaa ........ 7

BOQONNAA LAMA:SAKATTA`A BARRUU ........ 8

2.1. Yaadrimee Asoosamaa ........ 8

2.1.1. Garaagarummaa Asoosama Dheeraafi Gabaabaa ........ 10

2.1.2. Qabiyyee Asoosama ........ 11

2.2. Caacculee Asoosama ........ 12

2.3. Walitti Dhufeenya Namaafi Uumama Naannoo ........ 16

2.3.1. Hariiroo Ogbarruufi Uumama Naannoo ........ 18

2.3.2. Gahee Ikookiritizimiin Ogbarruu Keessatti Qabu ........ 19

2.3.3. Ikoopo`itiksii (Ecopoetics) ........ 20

2.4. Fayyadama Afaanii Asoosama Keessatti ........ 21

2.4.1. Fayyadama Jechootaa ..... 21
2.4.1.1. Jechamoota ..... 21
2.4.1.2. Malleen dubbii ..... 22
2.4.1.3. Mammaaksa ..... 22
2.5. Sakattaa Barruu Aantee ..... 23
2.6. Yaaxxina Qorannichaa ..... 24
BOQONNAA SADI: SAXAXAAFI MALAWWAN QORANNICHAA ..... 27
3.1. Adeemsa Qorannichaa ..... 27
3.2. Saxaxa Qorannichaa ..... 27
3.3. Mala odeeffannoon ittiin funaanamu ..... 28
3.3.1. Sakatta`a Dokumentii ..... 28
3.4. Malleen Qaaccessa Ragaalee ..... 28
3.5. Mala Iddeessuu ..... 29
3.5.1. Iddattoo Akkayyoo ..... 29
BOQONNAA AFUR: DHIHEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE ..... 31
4.1. Ibsaafi Qabiyyee Kitaabilee ..... 32
4.2. Sabseenaa Asoosama Arraa Gurbaa ..... 33
4.2.1. Walitti Dhufeenya Namaafi Uumama Naannoo ..... 38
4.2.2. Hariiroo Uumamni Naannoo Duudhaa Hawaasaa Waliin Qaban ..... 47
4.2.3. Fayyadama Afaanii Uumama Naannoo Waliin Hariiroo Qaban Kanneen Ibsan . 54
4.2.3.1. Mammaaksa ..... 54
4.2.3.2. Jechama ..... 57
4.2.3.3. Malleen dubbii ..... 62
4.3. Sabseenaa Asoosama Gabaabaa Danaa ..... 65

4.3.1. Walitti Dhufeenya Namaafi Uumama Naannoo ... 74
4.3.2. Hariiroo Uumamni Naannoo Duudhaa Hawaasaa Waliin Qaban ... 83
4.3.3. Fayyadama Afaanii uumama naannoo waliin hariiroo qaban ... 98
4.3.3.1. Mammaaksa ... 98
4.3.3.2. Jechama ... 99
4.3.3.3. Malleen Dubbii ... 100
BOQONNAA SHAN ... 105
5.1. Cuunfaa ... 105
5.2. Argannoo ... 107
5.3. Yaboo ... 109
Wabiilee ... 111

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seen Duubee Qorannichaa

Ogbarruun riqicha jiruufi jireenyaa kan dhalli namaa, eenyummaa isaa har`aa kan dhalootaaf ittiin dabarsu,akkasuma eenyummaa akaakileefi habaabilee kan ittiin irraa baratuudha. Asaffaan (2009:fuula.20) *"Ogbarruun dabarsa aadaa uummataa fi galmee jiruu fi jireenya ilmoo namaa kan namoota hubannnoo, beekumsaa fi muuxannoo sadarkaa adda addaatti qabaniidha"* jedha. Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu ,ogbarruun calaqqee ta'iinsota jiruufi jereenya keessatti nama muudatan kan ittiin addeessan ta'uu isaati.

Dabalataanis,Ogbarruun barreeffamaa, sammuu ilma namaatin kan uumamu;jechoota filatamoon kan ergaa dabarsu;miidhaginaan dabaalamee;dhugaafi jireenyi kan ittiin himamu;akkasuma miira ilmaan namaatifillee hedduu dhiyoo kan ta`eedha.Yaaduma kan jajjabeessu, Malaaknee (1991), W.Raheighfi W,J Biyot ,wabeeffachuun yoo ibsu ,Hiikni Ogbarruu bal`aadha;kan namaan wal nama qunnamsiisu;miira adda addaa kan ibsu;yaadaafi ilaalacha nama biraa kan himuufi ogummaa eenyummaa keenya deebisee nutti muul`isuudha.Yaada kana irraa kan hubannu,Ogbarruun miira ilmaan namaa,gaddaafi gammachuu kan ibsu ,akkasuma daawitii jireenya ilmaan namaa ta`uu isaati.

Akkasuma,Ogbarruun yaadaafi ilaalcha namootaa ,miira keessoo namaatti muul`atu kan ibsuufi oguma eenyummaa keenya deebisee nutti muul`isuudha.Yaaduma kana kan kan jajjaabeessu ,Dukore.B.F,(1974:fuula.5**)** *"Literature springs from our inborn love of telling a story of arranging words in pleasing patterns of expressing words some special aspects of our human experience…Literature is an imaginative art wich express thoughts and feelings of the artists on events around us".*Yaada kana irraa kan hubannu,Ogumni namoonni muudannoofi muuxannoo isaanii karaa seeneffama walitti himuu irraa kaasee hanga oguma barreeffamaatti(written literature) dhimma kan itti bahamuudha;Ogumni hojii kalaqaa yaadaafi miira hawaasaa calaqqisiisa.

Yaadolee armaan olii keessatti,waayee Ogbarruu, ilaalchisuun kanneen kaafaman jiruufi jireenyi ogbarruu barreeffamaan cimsee wal qabata.Warreen akkasiif ogbarruun waan barreeffame ta`uu danda`a.Gara gara Afrikaatti yoo dhufne falaasamaafi kalaqni Afaaniin dhaloota itti aanutti darba dhufe.Kan Oromollee akkauma .Kanuma bu`uura taasifachuun

Afaan Oromoon maalummaa ogbarruu ibsuun ,seenaa,duudhaafi falaasama hawaasa Oromoo qo`achuun yoo ilaalame bu`aa barbaadame ni argamsiisa.Yaaduma kana kan tumsu,Fedhasaa (2019:fuula.10) yoo ibsu*"Seenaa hawaasichi durii kaasee qabu qorachuun jechicha ija Oromoon ilaaluun hiikuu wayya malee, kan ormaatti hiikuun gaarii miti…Aadaan, duudhaan, falaasamniifi haalli jiruufi ireenyaa abbootirraa gara dhalootatti darbaa kan dhufe afaaniini".* Wraabbii kana irraa kan hubannu,ogbarruun Oromoo akka warra kaawwanii barreeffamaan turuu baatullee,sammuu ilma namaan kalaqamanii,Afaaniin dhalootaaf daddarbaa ture.

Ogbarruun kalaqa sammuu ta`ee,jechoota filatamoodhaan yaada barbaade afaaninista`ee,barreeffamaan ,mi`eessee, bareechee kan dabarsuudha.Yaaduma kana kan dhugoomsu,Asaffaa (2009:fuula.24) *"Ogbarruun kalaqa barreeffamaa,kan afaanin himamus ni dabalata. Ogbarruu Oromoo ija kanaan yoo ilaalle,afoolaafi barreeffama hammachuu irratti walii galuun ni dandaa`ama".*Kanaaf ogbaruun hojii,kalaqa afoolaafi barreeffama kan of keessatti hammatu yaadni jedhu kuni, ogbarroo Oromoof bu`uuradha.Sababni isaa , Ogbarruun Oromoo garri caalaan isaa Afoola waan ta`eef

Asoosamni damee ogbarruu keessaa tokko ta`ee, barreessaan kalqamee kan seeneffamuudha. Fedhasaa (2019:fuula.93) *"Asoosamni argaa yaada barreessaan kalqamee,suura jireenya dhala namaa ,addunyaa keessatti kaasee kan muul`isuudha".*Kana jechuun barreessaan Asoosamaa tokko karaa jechoota filatamoo fi miira namaaf dhiyeenya qabanitti dhimma bahuun dhugaa addunyaa tanaa bifa sammuu namaa keessatti suuraa kaasuu danda`uun kan ibsuudha.

Asaffaan(2009:fuula.125) yoo ibsu*,"Barreessaan Asoosamaa tokko,dhugaa jiru irratti hundaa`ee,amala sansakkaa(personality) hubannoofi kan kana fakkaatan namoonni hawaasa keessatti qaban sana qooddattootatti uffisee ,ergaa isaa dubbistootaaf kan ittiin dabarsuudha"* jedha.Waan Addunyaa dhugaa keessa jiru karaa namfakkii barreessaan Asoosamaa kalqeen,deebi`ee hawaasaaf kan dhiyaatudha yaada jedhu hammata.

Asoosamni dhaamsaafi bal`ina qabiyyee qabatee kalaqame irratti hundaa`uun ,Asoosama dheeraafi Asoosama gabaabaa jedhamuun bakka lamatti qoodama.Melaaknee.(1991) yoo addeessu,Asoosamni barreeffama karaa hololoo ta`ee unkaalee adda addaatiin kan

dhiyaatudha;unki kunis dheerinaafi gabaabina qabiyyee irratti kan hundaa`u yoo ta`u,innis Asoosama dheeraafi Gabaabaa jedhama

Gosoota Asoosamaa keessaa ,Asoosamni dheeraan ,seeneffamniifi qabiyyeen isaa bal`aadha.Kitaabni World book vol.12(1994:fuula.325) irratti waa`ee Asoosama dheeraa yoo ibsu, *"Novel is a long work of fiction that tell about the events in the life of real or imaginary people".*Hiikni yaada kanaa,Asoosamni dheeraan seenaa taatee dhugaa yookin waayee namoota addunyaa Asoosamaa kan nutti himuudha.Kuni kan ibsu,Asoosamni seenaa dhugaa bu`uura taasifachuun,karaa barreessaan babbareedee kan seeneffamuudha

Akkasuma Asoosamni gabaabaan gosa ogbarruu keessaa tokko ta`ee,sa`aatii muraasa keessatti kan seeneffamu,dhimma tokko qofa irratti kan xiyyeeffatu,qusannaa jechootaan kan barreeffamuufi saffisa illee kan qabuudha.Galmeen jechoota**,**Oxford advanced learner dictionary (1995:fuula.300) yoo ibsu *"Short story usually about imaginary characters andevents that is short enough to be read from beginning to end without stopping".Yaada* kana irraa kan hubannu,Asoosamni gabaabaan namfakkoota muraasan waa`ee dhimma tokkoo irratti,saffisaan seeneffamee kan xumuramuudha.

Dhalli namaa uumama naannoo isaa waliin hariiroo cimaa qaba.Aadaa,duudhaa,falasamni jireenya isaallee naannawa isaa bu`uura taasifatu.Barreessaan Asoosamaas, waan akkasii kana kalqee yoo dhiyeesse caalmatti ergaan isaa fudhatama

argata.Cherly.Glotfelty(1996:fuula.1) *"Ecocritism is the study of the relationship between literature and physical environment".*Kana jechuun Ikookiritizimiin ,hariiroo Ogbarruufi haala teessuma naannoo kan qo`atuudha.Gama birootiin,ilaalacha hawaasini uumama naannoo isaaf qabu,aadaafi duudhaa isaa uumama naannoo isaa waliin wal qabsiisee fayadamu,hojii ogbarruu keessaattis ni calaqqisa

Akkasuma Elders J.(1985:fuula.56*) "There has been a close relationship between nature and literature .This relationship ha been reflected through writers and poets through different culture across the world".*Akka yaada hayyuu kanaatti,Uumamni naannoofi ogbarruun hariiroo cimaa qabu.Walitti dhufeenyi isaanii kunis karaalee barreesaaafi waloon aadaafi duudhalee aadunyaa hedduun ittiin calaqqisiifamu.Asoosamni dheeraafi gabaabaan tokko

barreessaa Asoosamaan yeroo kalqaman,uumama naannoo isaanii keessaa lubbuu qabeeyyiifi dhabeeyyii,akkasuma aadaa,duudhaafi safuu hawaasaa sanaaf xiyyeeffannoo kennuu qabu.

Dabalataanis,hariiroo dhalli namaa uumama naannoo isaa waliin qabu kuni Asoosama dheeraafi gabaabaa keessatti haalan argama.Keessumaa ,Addunyaa Asoosamaa keessatti iddoon qooddattoonni keessa jiraataniifi iddoon seenaan Asoosamichaa keessatti raawwatuufi yeroon gochi suni keessatti adeemsifamu,uumama naannoo waliin hariiroo cimaa qabu.Caacculee Asoosamaa keessaa yoomessi bakkaafi yeroo gochi Asoosamaa keessatti raawwatuudha.Okodo (1992:fuula.22) *"Setting is the location of fiction .It is the time and place when and where the action of the fiction takes place.Setting is very important in fiction ,because it helps us toappritiate the backgroundof fiction*.Akka yaada hayyuu kanaatti,Yoomessi bakkaafi yeroo seeneffamni Asoosamaa keessatti raawwate hammata.Asoosama keessatti,yoomessi seenaa darbe bakkaafi yeroon wal qabsiisee ibsuu keessatti hedduu fayyada.Yaada kana irraa kan hubannu,Seeneffamni Asoosamaa yoomif eessatti akka raawwatame,kan nuuf akeeku yoomessa ta`uu isaati.Yoomessi haala taassuma uumama naannoo,seeneffamni keessatti raawwatameefi hariiroo namfakkoonni uumama naannoo isaanii waliin qaban kan n uuf ibsu ta`uu isaati.

Qorannoon kunis **' Hariiroo namaafi naannoo:Asoosama gabaabaa Danaafi Asoosama dheeraa Arraa Gurbaa'** keessatti muul`atan karaa ija ogbarruu Oromoon xinxaaluu irratti xiyyeeffata.

### 1.2. Ka`umsa Qorannichaa

Yeroo dhiyoo as qorannoo hedduun Afaan Oromoon,gaggeeffamaa turaniiru.Keessumaa Ogbarruu irratti,Caacculeefi yaaxxina Asoosamaa irratti hundaa`uun baay`een hojjetamaniiru. Akkasuma Fayyadama Afaanii irrattis qorannoon muraasni dalagamaniiru.

Haata`umalee, " **Hariiroo namaafi naannoo:Asoosama keessatti**",mata duree jedhu irratti,hanga yoonatti Afaan Oromoon kan dalagame hin argine.Kanaaf hangan ani beekutti matadureen kuni haaradha.Hojiilee kalaqaa qeequun,firiiwwaan Ogbarruu keessaa tokko fudhatanii madaaluufi qaaccessuun yookiin akka hubannoof tolutti mijeessuun,dhugummaafi qabatamummaa isaa mirkaneessa.

**Hariiroo namaafi uumama naannoo:**Asoosama keessa jiru caalatti hubachuuf qaaccessi ni barbaachisa.World book,vol.14(1994:442) *"Criritism is the analaysis and judgment of work of Art;It tries to interprate and evaluate such work…".*Yaadni armaan olii kuni akka muul`isutti,Qaaccessi Ogbarruu ,hojii oguma madaaluuf yookiin sakatta`ee hiika itti laachuufi bu`aa qabatamaaf oolchuuf hedduu gargaara.Kana jechuun,Cimina isaa babal`isanii ,hanqina isaa immoo dhabamsiisuuf qaaccessi hojii ogumaf hedduu fayyada.

Anis "**Hariiroo namaafi naannoo:AsoosamootaDanaafi Arraa Gurbaa"** irratti xiyyeeffadhee kanan qorachuuf ka`e,,Guddina (Oguma) keenyaa keessatti hariiroo namaafi uumamama naannoo hagam takka xiyyeeffannaan itti deemamaa jira? Gaaffii jedhutu na kakaase.Kanuma bu`uura taasifachuun Qorannoon kuni hojjetamee yoo xumurame ,gaaffilee armaan gadiif deebii ni laata.

1. Asoosama gabaabaa Danaafi Asoosama dheeraa Arraa Gurbaa keessatti,hariiroon namaafi uumama naannoo haalli ittiin agarsiifaman maal fakkaata?
2. Asoosama Danaafi Arraa Gurbaa keessatti duudhaa,falaasamni ,aadaafi safuun hawaasaa uumama naannoo waliin hariiroo akkamii qabu?
3. Asoosamoota "Danaafi Arraa Gurbaa"keessatti Fayyadama Afaanii Uumama ibsan kam fa`itu muul`ata?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon Gooroo Qaorannoo kanaa Akkaataa **'Hariiroo namaafi Uumama naannoo: Asoosama gabaabaa Danaafi Asoosama dheeraa Arraa Gurbaa'** keessatti agarsiifaman qaaccessuu irratti xiyyeeffata.

#### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

1. Asoosama gabaabaa Danaafi Asoosama dheeraa Arraa Gurbaa keessatti akkaataa hariiroo namaafi uumamam naannoo itti argarsiifaman addeessuu
2. Asoosama Danaafi Arraa Gurbaa keessatti duudhaa,falaasamni ,aadaafi safuun hawaasaa, uumama naannoo waliin hariiroo akkamii akka qaban ibsuu
3. Asoosamoota "Danaafi Arraa Gurbaa"keessatti Fayyadama Afaanii Uumama ibsan addaan baasuun agarsiisuu

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kuni dalagameeerga xumuramee booda bu`aalee hedduu buusa. Isaan keessaa muraasni,namoota kanaan booda waayee namaafi uumama naannoo irratti qorachuu barbaadaniif hedduu ni fayyada.Kana malees,mata dureen kuni haaraa ta`uu isaa irraan kan ka`e wantoota qorataan kuni hin kaasne biroo, qorattoonni biroo qorannoo isaanii keessatti akka kaasaniif karaa saaqa.Akkasuma Qorataan kunis qorannoo dabalataa akka hojjetuufis ka`umsa ta`uun cinaatti oguma barreessitoonni Asoosama Danaafi Arraa Gurbaa keessatti muul`isan addaan baasuun,akka hubannaaf tolutti kallattii adda addaan hiikni waan itti kennamuuf, namoota dubbisaniif hubannaa cimaa uumuu danda`a.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Ogbarruun Afaan Oromoo bal`aadha.Isaan keessaa muraasni,Asoosama,Diraamaa.Walaloo fi kan kana fakkaatan tarreessuu dandeenya.Ogbarruu kanneen hundumaa irratti qorannoon osoo gaggeeffamee,guddina oguma Afaan Oromoof waan hedduu dabala.Haa ta`umalee sababa hanqina maallaqaafi yerootiin hundumaa irratti gaggeessuun hin dandaa`amu. Asoosamni gabaabaan **'Danaa'** Barreessaafi barsiisaa Asaffaa Tafarraa Dibaabaan, bara **2000**tti maxxanffamee,dubbistootaaf dhiyaachuun dhoksaafi ogummaa fayyadama jechoota isaan, ummata Oromoon hedduun kan dinqisiifatamuudha.Akkasuma Asoosamni dheeraan **'Arraa Gurbaas'** barreessaafi barsiisaa Addunyaa Barkeessaan bara, **2018**, maxxanfamee, haqaafi madaa sabaa baasee waan muul`iseef dubbistoota hedduus horachuu danda`eera. Qorannoon kunis,kan kan irratti xiyyeeffatu,**'Hariiroo namaafi uumama naannoo: Asoosamoota gabaabaa 'Danaafi Asoosama dheeraa Arraa Gurbaa'** irratti xiyyeeffata.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Hanqinni qorannoo, yeroo qorannoon gaggeeffamu wantoota qorannicha keessatti osoo hojjetamuu qabanii hin hojjetamiin hafaniidha. Kana ibsuun ammoo, qorataan sana booda dhufullee hanqina jiru hubatee irratti gadi fageenyaan akka hojjechuu qabu kan mul'isuudha. Kanaaf, irra guddeessaan hanqina qorannoo kanaa kan ta'e hanqina yeroo irraan kan ka'e, Kan barbaadameen ol gahuu dhiisuu isaati.Kanamalees, dhiphinni yeroo,hanqinaalee qorannoo kanaa ta'ullee, qorataan hanga danda'ametti qorannicha hiika qabeessa gochuuf hanqina kitaabolee afaan adda addaa irraa hiikuun itti fayyadameera.

## 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qindoominni qorannoo bakka itti hojiileen boqonnaa jalqabaa qabanii hanga dhumaatti akkamitti akka hojjetaman kan agarsiisaniidha. Kunis, Boqonnaa Tokko keessatti, Ariirrata qorannichaa, Ka'umsa qorannichaa, Kaayyoo qorannichaa,Barbaachisummaa qorannichaa, Hanqina qorannichaafi daangaa qorannichaa yemmuu ta'an, Boqonnaa Lama keessatti: Sakatta'a barruufi qorannoo kanneen biroo kanaan hidhata qaban wal madaalsisuu fa`i kan hammatuudha. Boqonnaa sadii keessatti: saxaxa qorannichaa, mala qorannoo,irraawwatama, iddattoo, meeshaalee funaansa ragaafi adeemsa qorannichaa kan keessatti ibsamaniidha. Boqonnaa Afur keessatti: ragaalee dhiheessuufi qaaccessuu yoo ta'u,Boqonnaa Shan keessatti ammoo,cuunfaa,argannoofi yaboon qorannichaa duraaduubaan kan keessatti dhiyaataniidha.

# BOQONNAA LAMA:SAKATTA`A BARRUU

Boqonnaan kuni sakattaa barruuwwaan kana gabbisan of keessatti kan hammatuudha. Haaluma kanaan boqonnaa kana jalatti, Yaaxxinaalee yaadrimee Asoosamaa, Qabiyyee Asoosamaa,Garaagarummaa Asoosama dheeraafi gabaabaa walitti dhufeenya namaafi uumama naannoo (ecocriticism), Ikoopo`itiksii, walitti dhufeenya ogbarruufi ikookiritizimii, Fayyadama Afaanii kenneen uumama naannoo ibsan kanneen akka fayyadama jechootaa, malleen dubbii, jechamootaafi mammaaksota akkasumas sakattaa qorannoowwan aanteefi yaaxxinaaleen Asoosamaa ni ibsamu

Dhalli namaa Afaan isaan fedhii isaa ibsataa,akkasuma kalaqa mataa isaas karuma Afaanii kanaan gabbifata.Gumiin qormaata Afaan Oromoo(1995:fuula.1) waayee Ogbarruu yoo ibsu,

> *Afaan qabeenyi dhalli namaa ittiin yaada isaa ibsatufi ittiin walii galu,isa olaanadha.Innis akkaataa miidhagina qabuun Afaanitti tajaajilamanii, yaada,fedhii,amantiifi falaasama qaban akkasuma dhugaa jireeenya hawaasaa hunda, ibsuun yoo dandaa`amu,haala kanaan Afaanitti fayyadamuunis ogummaa yookiin aartii ta`a; Aartiin kunis ogbarruudha.*

Yaada kana irraa kan hubanuu,Ogbarruun falaasama,duudhaa,amantiifi fedhii hawaasaa bifa hawwataa ta`een addeessa.Kana jechuun Ogbarruun kalaqa hawaasaafi nama dhuunfaas kan of keessatti hammate ta`uu isaati.

Ogbarruun waa`ee ofii keenyaa,yookiin waa`ee nama biroo,namaan qindaa`ee ,deebisee bifa daawwiin (dhageettiin) kan nuuf dhiyeessu yookiin kan nu daawwachiisudha. Cassidy(1991: fuula.1) waayee Ogbarruu yoo ibsu *"Literatture is kind of mirror that enebles us to see our selves better and to think about our selves an undertand oun life".*Akka ibsa kanaatti, Ogbarruun gosa daawwitii eenyummaa keenya bareechee nutti muul`isuudha.Ogummaa akka nuti waayee keenya yaadnu kan nu qajeelchu,akkasuma adeemsa jireenya keenyallee kan nuuf seenessuudha.Kanaafuu Ogbarruun,daawwitii jireenya ilma namaa ta`ee,kan hawaasni falaasama isaa keessatti daawwatuudha.

## 2.1. Yaadrimee Asoosamaa

Asoosamni dameewwan Ogbarruu keessaa tokko ta`ee,kalaqa namootaa bifa barruun dubbistootaaf kan dhiyeessudha.Kalaqni kunis dhugaa hawaasa keessa jiru, bareechee,

mimmi`eessee karaa Addunyaa Asoosamaan namootaaf dhiyeessa.Fedhasaa(2019:fuula.93) yoo ibsu,

> *Asoosamni argaa yaada barreessaan kalaqamee,suuraa jireenya dhala namaa Addunyaa keessatti kaasee kan muul`isuudha.Muudannoofi muuxannoo hawaasni tokko haala jiruufi jireenya keessatti muudatu muul`isuuf sammuu barreessaa keessatti kalaqamee waraqaarratti muul`ata. Dubbistoonnis haala san irraa muuxannoo isaanii yaadatu*

Akka yaada kanaatti, Asoosamni bu`uurri isaa hawaasa keessaa ta`ee,kan inni seenessu gaarummaafi mudaa hawaasaa baasee bifa barruun kan dhiyeessu ta`uu isaati.

Asoosamni madda yookiin ka`umsa kan taasifatu,taatee hawaasa keessatti dhugumaan muul`ataa turan akkasuma muul`ataa jiraniidha.Yaaduma kan kan dhugoomsu hayyuu Asaffaa(2009:fuula.125) "Barreessaan Asoosamaa tokko,dhugaa jiru irratti hundaa`ee amala sansakkaa(personality) hubannoofi kan kana fakkaatan ,namoonni hawaasa keessatti qaban sana ,qoodattoota uffisee ergaa isaa dubbistootaafittiin kan dabarsuudha".Kana jechuun barreessaan dhugaa hawaasa keessaa kan ibsu,,ogummaa mataa isaatti fayyadamee ,bareechee karaa namoota Addunyaa Asoosamaa keessatti uummateen addeessa.Knaaf ergaan Asoosamichaa,galma kaayyeeffameef akka gahu,gahumsi kalaqa barreessaa iddoo guuddaa qaba

Asoosamni qabiyyeefi dhaamsa qabatee kalaqame irratti hundaa`uun Asoosamoota dheeraafi gabaabaa jedhamuun bakka lamatti qoodamu.Asoosamni dheeraan bu`aa ba`ii jireenya ilma namaa,muudannoofi muuxannoo isaa akkasuma,wantoota keessa darbe walitti qindeessee,lubbuu itti uumee haala qabatamaa ta`een deebisee hawaasaaf dhiyeessa. Yaaduma kanaan kan wal qabatu,Okodo (1992:fuula.20) *"Novel is the longest genre of narrative prose fiction in modern literature.It is a long narrative in prose that describes fictional characters and events".*Akka yaada kanaatti,Asoosamni dheeraan Ogbarruu ammayyaa keessatti seeneffama bal`aadha;akkasuma karaa nafakkootan ta`iinsa dheeraa seenessa.

Akkasuma Asoosamni dheeraan,sammuu barreessaan kalqamee amalaafi gocha dhala namaa raawwatu bu`uura taasifachuun yeroo dheeraafi namfakkoota hedduun dhaamsa bal`aa kan dabarsuudha.Yaaduma kana kan jajjabeessu,Abraham M.H.(1971:fuula.15) *"The word count*

*of novel starts from 50,000 words.This word count will give you a general idea of the length of novel…Novel is lengthier than other prose fiction ,it can contain many character,theme and subplots wich make the content more complex than other literary genres".*Waraabbii kana irraa kan hubannu,Asoosamni dheeraan tokko yoo xinnaate jechoota hanga 50000 irraa eegalee kalqamuu qaba;kuni immoo ergaa bal`aa akka hammatu isa taasisa.Kana malee Asoosamni dheeraan ,Asoosamoota kaawwan irraa bal`aa kan ta`eefi namfakkoota hedduun, dhaamsa bal`aa karaa jaargocha wal xaxaan barraa`ee kan dhiyaatudha.

Kana malees, Asoosamni gabaabaan ,hojii kalaqa sammuu barreessaa ta`e eta`iinsa tokko irratti hundaa`uun namfakkoota muraasaan dhimma tokko kan seenessuudha.Yaaduma kanaan kan wal qabatu, Cuddon J.A(1991:fuula.45) *" A short story is a piece of prose fiction that typically can be read in one sitting and focused on a self –contained incident or series of linked incident ,with the intent of evoking ,single effect or mood".*Waraabbiin kuni akka ibsutti,Asoosamni gabaabaan Seeneffama gabaabaa ta`ee iddoofi dhaamsa tokko bu`ureeffachuun ta`iinsa tokko kan seenessuudha yaada jedhu hammata.

Dabalataanis Asoosamni gabaabaan akka Asoosama dheeraa namfakkoota hedduu hammachuun waldiddaa walxaxxaa keessa kan seenu miti.Waan seenessuu barbaade namfakkoota muraasaan dhiyeessa.Kanumaan kan wal qabatu, Berntein (1992:fuula.945) "Short story is one part of literature that usually tells about one or two major characters and one major conflict".Kana jechuun,Asoosamni gabaabaan qaama ogbarruu keessaa tokko ta`ee namfakkoota gurguddoo muraasaan walitti bu`iinsa (ta`iinsa ) tokko bu`uura taasifachuun kan seeneffamuudha

### 2.1.1. Garaagarummaa Asoosama Dheeraafi Gabaabaa

Asoosamni dheeraan akkuma maqaa isaa qabiyyee bal`aa kan hammatu yoo ta`u,nafakkiilee hedduu hirmaachisuun yaada adda addaa kaasuun dubbistoonillee seenaa Asoosamichaa itti fufanii akka dubbisaniif karaa saaqa.Asoosamni gabaabaan garuu,saffisa guddaa kan qabu ta`ee ,yaada ijoo tokko bu`uura taasifachuun namfakkiilee muraasaan ,yoomessa dhiphaa keessatti kan dhiyaatudha. Cassidy Jack(1991:fuula.2)

> *Novel are not intended to be read in a single sitting and not descend to produce a single effect can contain many subplots and complex main plot …can cover long period.But short stories intended to be read in a single sitting and designed to produce a single effect and cover very short time period …contains one basic plot,focus on one  or two characters.*

Asoosamni dheeraan tokko yoomessa adda addaa keessatti nafakkoota hedduu hirmaachisuun, dhimmota adda addaa kaasee jaargochaa wal xaxaa uumuun waan seeneffamuuf yeroo dheeraa illee fudhata.Haa ta`u malee,Asoossamni gabaabaan immoo dhaamsaafi qabiyyee xiqqaa hammachuun yeroo muraasa keessatti jaargocha salphaan karaa namfakkii muraasaan kan dhiyaatudha.

Haata`u malee Asoosamni dheeraas ta`ee Asoosamni gabaabaan damee ogbarruu keessaa tokko ta`anii,falaasama,aadaa,duudhaa,jiruufi jireenya hawaasa sanaa ka`umsa taasifachuun bareechanii,bifa miira namaaf toluun deebisanii hawaasichuma sanaaf kan dhiyaassaniidha. Yaaduma kana kan ibsu,Scribner(1989:fuula.69) *"Both the novel and short story fall in the same category of prose writing-narrative writing.With narrative being any thing that is narrated a story it becomes obvious that both the novel and the short story share the same main narrative elements,such as".*Akka yaada kanatti,Asoosamni dheeraafi gabaabaan oguma kalaqa seeneffamaati.Akkasuma caacculee kanneen akka jaargochaa, namfakkii, dhaamsaafi waldiddaa irraa ijaaramuun isaanii wal isaan fakkeessa.

### 2.1.2. Qabiyyee Asoosama

Ogbarruun falaasama duudhaa isaafi jiruufi jireenya hawaasichaa kan agarsiisaniidha.Kunis Asoosamoota keessatti bal`inaan muul`ata.Asoosamni haala jiruufi jireenya hawaasaa ibsuuf kalaqamee barreeffama.Dabalataan barreessaan Asoosamaa,dhugaa hawaasaa dhokate qotee baasuun,isa sagalee dhabeef sagalee ta`uun, ol kaasee dhageessisa.Haala jireenya hawaasaa wal cinaa qabee madaala.Isa badaa qeeqee sirreessa;isa bayeessa jechaan koobee bareecha.

Barreessaan tokko tokko ergaa barreeffamichaa irratti,inni kaan immoo qindoominaafi caasaa irratti xiyyeeffachuun danda`a.Barreeffama Asoosamaa tokko keessatti xiyyeeffannoon **walitti dhufeenyaa namaafi uumama naannoo** karaa adda addaan muul`achuu danda`a.Isaan keessaa Asoosamni **Danaa** kan inni of keessatti qabatee jiru,qabiyyeewwan aadaa,duudhaa,falaasama hawaasaa,gadda .gammachuu,siyaasa,amantii,fi kan kana fakkaatan

waliin jireenyaa hawaasaa of keessatti hammatee jira.Akkasuma Asoosamni dheeraan **Arraa Gurbaas** jibba,gadda,gammachuu,aadaa,duudhaa,siyaasaafi diinagdee of keessaa qaba.

Uummanni Orommoo waan aadaafi duudhaa isaa faallessu,gaaf argu ni jibba;ni balaaleffata.Kanas karaa Ogbarruu isaan ibsata.Aaadaafi duudhaa isaa kanneen isa fayyadan kununsee guddisee dhalootaaf kan dabarsu uumama naannoo isaan wal qabsiiseti.Barreessan Asoosamaas dhugaa kana bareechee,dhiyeessa.Kanaaf aadaafi duudhaan hawaasaa Ogbarruudhaan bareedee tursiifama.Kan bade deebisaa ,kan laafes jabeessa.Kana malees diinagde jabeessee,Gabrummaa abbaa irraa ilmatti daddarbaa dhufe hundeetti ciruu keessatti iddoon Ogbarruu Oromoo qabu olaanadha.Kanaaf ba`aa hamma gaaraa uummanni Oromoo ammaan tana baachaa jiru kana kuffisee balleessuu keessatti shoorri Ogbarruun qabu guddaadha.Kanaaf kalaqanii waan hamaa kana ittiin of irraa qolachuuf,hawaasni dhimma itti bahuu qaba.

Walumaa gala Ogbarruun barreeffamaa gadda,gammachuu,ilaalchaafi amantii,wantoota hawaasa biratti jibbamaniifi aadaa hawaasichaa cabsan balaaleffachuuf kan dhimma itti bahaniidha.

## 2.2. Caacculee Asoosama

Qaamni keenya kutaalee adda addaa irraa akkuma ijaaramu,Asoosamnis miseensota isaa kanneen akka sabseenaa,yoomessa,waldiddaa,namfakkiifi kanneen kana fakkaatan irraa uumama.Yaaduma kanaan kan wal qabatu yoo ibsu, Cuddon (1992:fuula..21) “Every story or literature like drama,novel,shory story and etc has has their elements,such as plot,characters, conflict, theme and setting’’.Seenaan yookiin ogbarruun kanneen akka diraamaa, Asoosama dheeraafi Asoosama gabaabaan caacculee kanneen akka jaargochaa, namfakkiilee, waldiddaa, dhaamsaafi yoomessa irraa ijaaramu.Yaada kana irraa kan hubannu, diraamaa, Asoosama dheeraa fi Asoosamni gabaabaan miseensota wal fakkaatu qabaachuu isaaniti. Keessumaa, miseensota Asoosamaa kanneen keessaa,yoomessi waldiddaafi nafakkiileen uumama naannoo waliin kallattiin walitti dhiyaatu.Kana jechuun,barreessaan Asoosama gabaabaas ta`eek an Asoosama dheeraa,uumama naannoo isaanii jiru calaqqisiisuu yoo barbaade, caacculee kanneenitti dhimma yoo bahe,dhaamsa dabarfachuu barbaade ittiin galma geessifata

.Seenaa Asoosamaa tokko keessatti jalqabaa kaasee hanga dhumaatti,walqabatee deemuun jaargocha jedhama.Cassidy(1991:fuula.10) *"Plot is the sequence events in fiction and short sory each events causing or leading the next".*Akka ibsa yaada hayyuu kanaatti,jaargochi duraa duuba taatee seenaa tokkoo ta`ee,taateen inni biro isa itti aanuuf sababa kan ta`uudha

Asoosama keessatti seenaan wal qabatee deemu kunis,yeroofi bakka itti raawwatamu qaba.Kunis yoomessa jedhama.Brocker(1980:fuula.650) *"Setting is the place and time in wich the story happens.Kana* jechuun,yoomessi bakkaafi yeroo seenaan Asoosamaa tokko keessatti raawwatamuudha.

Akkasuma yoomessi, jechoota jechoota lama irraa ijaarame.Isaanis jechootaa 'yoomii'fi'eessa' kanneen jedhamaniidha.Jechi yoom? Jedhu, sa`aatii, guyyaa, ji`a, waqtii, waggaa, bara yookiin jaarraa wanti tokko itti hojjetame kan agarsiisudha.Eessa jechi jedhu immoo kan agarsiisu,bakka yookiin naannoo wanti tokko keessa jiru yookiin keessatti raawwatame kan nutty agarsiisudha.Yaaduma kana kan ibsu,Mark(2001:f.46) *"Setting refers to the when ,where,who,and in what circumstance of narrative reffering the reader or listener fiction or plot".*Akka yaada kanaatti, yoomessi gochi tokko yoom, eessatti, eenyuun, haala kam keeessatti akka ta`e dubbistootaaf yookiin dhaggeeffattootaaf kan himuudha.

Namfakkiileen Addunyaa Asoosamaa keessatti argaman akkuma nama lubbuudhaan Addunyaa kanarra jiranii bakka keessa jiraatanii akkasuma yeroo seeneffama sana dalagan raawwatan ni qabu.Addunyaa Asoosamaa sana keessatti,barreessichaan kan filatameefi bakka yookiin naannoo murtaawaa,keessa deddeebi`an,jiraatan akkasuma yeroo seenan suni itti raawwate (historical period), waktii, guyyaa,sa`aatii ni qabu.Kanaafuu, yeroofi bakkeewwaan namfakkiiwwan keessa jiraatan yoomessa jedhamu.Brocker.(1980:fuula.650) *"The setting of fiction is the the time and place in wich it happens.Authors often use description of landscape ,scenery,building ,seasons or weather to provide a strong sense of setting".*Waraabbiin kuni akka ibsutti,Yoomessi Asoosamaa yeroofi bakka taateen seeneffamaa itti raawwatuudha. Barreessaan Asoosamaa,yoomeessa hawwataa uummachuuf kan inni dhimma itti bahu haala teesuma lafaa,uumama naannolee adda addaa, ijaarsa, waktiileefi haala qilleensa naannootti dhimma baha. Kana jechuun uumamani naannoo dhala namaa waliin ,hariiroo cimaa waan qabaniif,Asoosaan xiyyeeffannoo isaa jalqabaa waan

kana yoo taasifate,dhaamsi inni dabarfachuu barbaade,haala salphaa ta`een ,namoota hedduun kan hubatamuu danda`u ta`uu isaati.

Addunyaa Asoosamaa keessatti,namoonni bakkaafi yeroo jedhame keessatti gochaa raawwatan namfakkoota jedhamu.Namfakkiileen Asoosama keessatti,bakka bu`oota namoota dhuguma lubbuudhaan Addunyaa kanarra jiraatanii waan bakka bu`aniif jecha,akkuma namoota dhuguma lubbuudhaan lafa kanarra jiraatanii bakkaafi yeroo mutaawe tokko keessatti,yogguu jireenya isaanii gaggeessan ,qabaachuu qabu.Ragaan toora Interneetii, Webster`s unabridged Dictionary,jedhamu yoo ibsu,Akkaataan haasawa isaanii,,aadaan uffannaa isaanii, dimshaashumatti haalli jiruufi jireenya namfakkiiwwanii kuni mallattoo bakka keessa jiraataniifi yeroo itti jiraatan sana waliin kan wal simatu ta`ee yoo kalaqame, namfakkiiwwan kunniin yoomessa waliin walitti dhufeenya cimaa qabu.Bara seenaa Asoosamichaa baruuf,barreeffamicha keessatti jireenyi hawaasa ibsamee suni,bara isa kam keessatti, akka dalagameefi namfakkiiwwan Asoosamicha keessatti argaman ilaalchaafi yaada isaan calaqqiisiisan ,meshaalee isaan itti fayyadaman,akkaataa uffannaa isaaniifi haala jiruufi jireenya isaanii xinxaaluun .namoota bara kamii akka ta`an addaan baasuun bara seenaa Asoosamichaa baruun ni dandaa`ama

Yaada kana irraa kan hubannu,yeroon haala hawwaassummaatin wal qabata.Bara dhimmi suni raawwatame keessa,hawaasni haala akkamii keessa akka ture irraa hubanna.Yoomessi Asoosamaa yeroofi bakka qofaan kan hin daangeffamne ta`uu isaati.

Dabalataanis, Fedhasaa. (2019:fuula.94) *“Yeroon kallattiifi alkallattiin kan ibsamu yommuu ta`u,jaarraa dhimmi suni irratti xiyyeeffatuun wal qabatee,haala hawaasummaan kaasa.Bakki immoo naannoo seenaan suni itti raawwate ,ilaallata.Sana duukaa haala teessuma lafaa,haala qilleensa naannoo fa`I ni hammata’’*.Waraabbii kana irraa kan hubannu, Yeroon kallattiin yommuu ibsamu, ganama, galgala, halkan, bara akkasiifi kan kana fakkaatan yoo ta`an karaa alkallattii immoo taatee yeroo ta`e keessa raawatameen kan wal qabsiisnu ta`uu isaati

Asoosama keessatti, bakkaafi eroo keessatti,warri seenaa dalaganiifi himan namfakkoota jedhamu. Mark. (2001:35) *“Characters are the people or animals in that do action in literature works”*Namfakkoonni nama yookiin bineensota hojii ogbarruu keessatti gocha

raawwataniidha.Namoonni akkasii kuni Addunyaa Asoosamaa keessatti,fedhii adda addaa qabaachuu isaanitiin,gidduu isaanitti waldiddaan ni uumama.Namoonni yaadaanfi gochaan faallaa walii ta`anii yoo wal morman waldiddaa jedhama.Abrahams M.(1971:fuula.290) *“Conflict is the struggle that grows out of the inter play of two opposing forces’’*.Kana jechuun waldiddaan walfalmii humnoota faallaa ta`an lama gidduutti human uumamuudha.

Kana malees,Asoosama dheeraas ta`ee gabaabaa keessatti waldiddaa gosoota adda addaatu jiru.Gosoonni waldiddaa kunis ,maalummaa namfakkiiwwanii,haala kaayoo qabatanii ka`anii,walitti dhufeenya isaanii,akkaataa amantiifi fedhii isaanii,akkaataa seenaafi dhimma addeessuu barbaadan haala hawaasummaan garaagarummaa qabaachuu malu.Kanuma bu`uura taasifachuun,waldiddaan kan keessaafi kan alaa yommuu jedhaman,waldiddaan alaa,kan namoonni Addunyaa Asoosamaa uumama naannoo isaanii waliin walitti bu`aniidha. Fedhasaa (2019:fuula.108 *“Waldiddaa alaa keessaatti namoonni addunyaa asoomaa jiraachuuf jecha uumama naanno isaa waliin mormii uuma.Balaan uumamani naannoo nama irraan gahus asumaa madda”.*Kana jechuun ,barreessaan asoosamaa tokkos,haala naannoo isaa bareechee yoo ibsu,hariiroo namfakkiileefi uumama naannoo bu`uura taasifata.Kana keessatti ,namfakkiilee fedhii adda addaa qaban irraan kan ka`e,uumama naannoo isaanii waliin walitti ni bu`u.

Akkasuma namoonni jiraachuuf jecha,qalbiin isaanii waan yaade bira gahuuf,uumama naannoo isaanii waliin waldhaansoo ni uumu.Ilmi namaa,muka bosonaa ciree qotachuuf jecha,qaamota mukaa adda addaa waliin haalli inni ittiin walitti bu`u ni jiraata.Waldiddaa akkanaa keessatti,yeroo bay`ee moo`amaan namfakkoota ta`u.Carl .(1991:fuula.797) *“The conflict beween all the people and forces of the nature that are out of the characters controls”.*Akka ayaada kanaatti,waldiddaan namfakkootaafi human uumamaa gidduutti uumamu,yeroo baay`ee namfakkootaan hin too`atamani.Kana jechuun namfakkoonni,human uumamaa faana walmormii yoo adeemsisan yeroo baay`ee ni moo`amu.

Dabalataanis,toorri interneetii, Webster`s unabridged Dictionary jedhamu yoo ibsu, Namootaafi qilleensa uumamaa gidduutti,walitti bu`iinsi ni uumama.Namoonni naannoo adda addaa keessatti, gosoota qilleensa adda addaa keessa jiraatu.Haalli qilleensa inni duraa jiru,jijjiiramee inni biroon haala jireenya irratti,jijjiirama yoo kan fidu ta`e,walitti bu`iinsi

namaafi uumama naannoo faana ni uumama.Yaadni akka ibsutti,qilleenssi baddaa(qorraa) ture gara gammoojjitti(hoo`atti) yoo jijjiirame,akkasuma inni gammoojji ture baddaafi badda dareetti yoo jijjiirame yaada jedhu hammata.

### 2.3. Walitti Dhufeenya Namaafi Uumama Naannoo

Barreessaan Asoosamaa tokkoo dhugaa hawaasa keessa jiru ,bareechee kan dhiyeessu uumama naannawa sanaan wal qabsiiseti.Namoonni Addunyaa Asoosamaa sana keessatti gochaa akka raawwataniif kalaqamanii dhiyaatan walitti dhufeenyi isaan naannawa yookiin uumama naannoo isaanii waliin qaban ,cimaadha.Heise U.(2008:fuula.40) *"Ecocriticism investigates the relation between humans and the natural wold in life nature.It deals with how environmental issue ,cultural issues concerning the environment and attitudes towards nature are presented and analyzed".*Ikookiritizimiin Asoosama keessatti hariiroo uumama Addunyaafi dhala namaa gidduu jiru qo`ata.Aadaan,safuun fi ilaachi hawaasaa hidhannaa isaan uumama naannoo waliin qaban ilaala yaada jedhu hammata.Karaa biraatiin ,hawaasni uumama naannoo isaa jiru,karaalee adda addaan ibsa.Gariin iddoo ulfoo,kaawwan iddoo qonnaafi bashannanaa taasisee itti fayyadama.Hariiroo kanas fayyadama Afaanii adda addaan ibsata.

Akkasuma uumama keessatti,lubbu qabeeyiin adda addaa,kan gosaan walfakkaatanis yaata`u,kan wal hin fakkaannes naannoo keessa jiraataniifi walii isaanii waliinillee hariiroo ni qabu.Yaaduma kana kan dhugoomsu,L.Buell.(1986:fuula.290)"*Ecocriticism is concerned with the relationship between living organism in their natural environment as well as their relationship within that environment.By analogy ecocriticism is concerned with the relationships between literature and environment or how mans relationship with his physical environment are reflected in literature*

Waraabbii armaan olii irraa kan nuti hubannu, Ikookiritizimiin hariiroo orgaanizimoonni uumama naannoo isaanii waliin qaban irrati xiyyeefata. Haata`u malee,karaa biroo immoo, hariiroo naannoofi ogbarruu gidduu jiru yookiin karaa namoonni uumama naannoo (teessuma lafaa) naannoo isaanii waliin qaban ogbarruu keessatti maal akka fakkaatus ni ibsa. Kana jechuun barreessaan ogbarruu tokko hojii isaa keessatti,waayee namootaa karaa namfakkiin

yoo kaase,waayeen uumama naannoos kan biraa hin hafne ta`uu isaati. Jone. G. (1990: Fuula. 145)

> *Over exploitation of natural resources and man`s disregard of the air,wate and soil that sustain him have given rise to the question of the survival of both man and the planet (earth) .Ecocriticism is one of the ways in wich humanists fight for the world in wich they live the reflection of that difficult struggle in the area of culture and spirit speaker for the urgency of action or the urgent need to do something in this aspects*

Akka yaada kanaatti,dhalli namaa xiyyeeffannoo kennuu dhabuun,uumama naannoo kan mancaasu yoo ta`e, qilleensi, bishaaniifi biyyoo gabbataan yoo manca`an jireenya namaafi dachee tanaallee gaaffii jala galchuu danda`a. Ikookiritizimiinis waldhaansoo dhalli namaa uumama addunyaa waliin taasisuun wal qabata.Wandhaansoon dhalli namaa uumama naannoo isaa waliin taasisu kunis,aadaa,duudhaafi amantii isaas tikfachuu keessattillee gahee ni qabaata.Kanaaf bareessaan Asoosama tokkoos, hariiroo kallattii maraan namaafi uumama naannoo gidduu jiru haalan bocanii,karaa namoota addunyaa Asoosamaan bifa sammuu namaa keessatti suuraa kaasuu danda`uun muul`isuu qabu.Ogbarruun miira ilmaan namaaf dhiyoo ta`uu irraan kan ka`e, qalbii hawaasaa jijjiree,uumama naannoo isaaniif kununsa akka taasisan barsiisuu keessatti gahee leencaa ni bahata.

Oromoon eenyuniyyuu dhiibamee yookiin gorsamee osoo hin taane,uumamumaan ilaalchi inni uumama naannoo isaaf qabu addadha.Qorannoon gadi fageenyaan waayee Fookloriifi Afwalaloo salaalee irratti Asaffaa Tafarraa hojjetaman,kanuma nuuf mirkaneessa. Asaffaa (2015:fuula.74) "*Historically,the Tulama Oromo community used the mountains as dominanat places of strategic and ritual sites.Traditionally,forest and sacred grovel on the hill tops were venerated for religious,social and ecological purpose and claimed by the people –the "autochthones,first comers-to invoke ancestralproperty rights)"*

Seenaa irraa hubachuun akka dandaa`amutti ,hawaasni Oromo Tulama durii kaasee hanga har`aatti, gaarreen irratti sirnoota adda addaafi amantii duudhaa gaggeeffata. Akka aadatti,bosonni,bakkeewwan ulfoofi holqi gaarreen gubbaa jiru ,hawaasichaaf iddoowwan amantii,hawaasummaafi dirree ulfoo ta`anii tajaajilu yaada jedhu hammata.Uummanni Oromoos durii kaasee hanga har`aatti,jireenyi isaa hundi uumama naannoo waliin hidhata

qaba.Keessumaa Irreechi Tulluufi malkaa,jila,ilaalchi Oromoon Odaaf qabu,akkasuma uumama naannoo isaa maraaf,ilaalchiifi hariiroon qabu hedduu guddaadha.Barreessitoonni Asoosama Afaan Oromoos ilaalchaafi walitti dhufeenya,Oromoon naannoo isaaf qabu, hammachiisanii yoo kalqan guddina ogbarruu Oromoo saffisiisuu cinaatti,gabrummaa dhalootaan dhaalaa as geenyellee hundeetti kutuun,Oromoo gaaddisaafi duudhaa ganamaa jalatti deebisa.

### 2.3.1. Hariiroo Ogbarruufi Uumama Naannoo

Bra durii irraa eegalee,Afrikaanota hedduu keessatti,sababa dhabiinsa barnootaan ,ogbarruun isaanii barreeffamaan osoo hin taane,Afaanin daddabarsaa asiin gahani.Carraan Oromoos dhiibbaafi gabrummaa gitabittoota habashaan irra gahaa tureen Ogbarruun isaa akka biqiltuu coba jalaa ta`aa as gahe.Yaaduma kana kan jajjabeessu,Tegegn.(1993:fuula.54)

> *In Africa context ,the oral artists are unable to gain recognition in the same way as modern novelist and play writings simply because African oral tradition had hardly existed as modern literature before the 1950`s.The Oromo literature cannot be different from this.Like other African society s,due to lack of education and modern (hayyuu),who have contributed to the birth of folk literature ,were unable to win authorship starts.*

Akka waraabbiin armaan olii kuni jedhutti,yeroo ammaa Ogumni Afaanii Afrikaa akka oguma barreeffamaa(written literature) tti fudhatamummaa argatee jira.Haa ta`umalee baroota 1950 dura, dhiibaa adda addaan akka ogbarruu ammayyaatti hin babal`anne. Ogbarruun Oromoos kanaan garaagarummaa guddaa hin qabu.Kanaaf sababni guddaan, hawaasni Oromoos akkuma hawaasa Afrikaanota biroo sababa barnoota ammayyaa dhabuutin ogbarruun isaa hamma guddachuu qabu hin guddanne.

Haata`umalee hawaasni tokko oguma ofii kalaqetti,dhimma bahuun,uumama naannoo isaa jiran,maqaa itti moggaasee karaa adda addaan ibsa.Afoola (ogbarruu) isaattis fayyadamee, kuun faarsee gariin isaa immoo qeeqa.Kana jechuun uumamni naannoofi ogbarruun hariiroo cimaa qabu.Kanuma bu`uura taasifachuun,ogbarruun barreeffamaa (written literature) hedduun isaanii uumama naannoofi hawaasa wal cinaa qabuun ibsu .Kuni immoo mi`aa kalaqummaa isaanii dachaan dabalaafi.Josic.(2006:fuula.43) *“There has been a close relation between nature and literature .This relationship has been reflected through writers*

*and poets through different cultures across the world".*Yaada kanarraa kan hubannu, Ogbarruufi uumamni naannoo hariiroo cimaa qabu.Hariiroon ogbarruu keessatti ifee kan muul`atu, karaalee barreesitootaafi walootini.Isaanis aadaa adda addaa bu`uura taasifachuun addunyaaf ibsu.Kana jechuun uumamni naannoo tokkoo maal akka fakkaatu,barreessaan Asoosamaa yookiin barreessaa walaloon, waan barreessutti lubbuu uumee Addunyaa biroof ibsa.

Yaaduma kana kan jajjabeessu Glot felty Ch.(1996:fuula.54) *"Ecocritism is a term used for the observation and study of the relationship between latireture and the earths environment.It takes on interdisciplinary point of view by analyzing the works of authers,researchers and poets in the context of environmental issues and nature".*Akka yaada kanaatti, Ikookiritizimiin hariiroo Ogbarruufi uumama naannoo qo`ata. Barreessaan, waloon.qo`ataan,hojii isaanii keessatti qabxiilee naannoofi haala uumama naannoo isaanii irratti yoo xiyyeeffatan hojiin isaanii bu`aa qabeessa ta`a.

Dhumarrattis Jana U.(2011: fuula.201) *"A variety of novel,poems and other expression of literature been depicted on the backdrop of issues concerning nature today".*Akka yaada kanaatti,yeroo har`aa kana Asoosamni,walaloonifi ogbarruun biroo xiyyeeffannoo isaanii guddaa kan taasifatan uumama naannoti. Karaa biraa immoo, guddina biyya tokkoof,ka`umsi naannodha.Knaaf namniifi uumamni naannoo hariiroo qabu.Barreessaan Asoosamaa tokkoos hojii isaa keessatti uumama naannoo fi hawaasa abba dhimmaa sana giddu galeessa hin taasifatu taanan miira dubbisaarraa ni fagaata.

### 2.3.2. Gahee Ikookiritizimiin Ogbarruu Keessatti Qabu

Hojiilee oguma hedduu keessatti,uumamni naannoo bal`inaan ka`a.Dhiibbaa kallattii adda addaan,namni uumama naannoo irraan gahuufi naannonis nama irraan gahu,karaa barreessan kalqamee dhiyaata.Barreessanis dhugaa jirtu bu`ura taasifatee,dandeettii oguma isaan bareechee dhiyeessa. L.Buell (1986:fuula.292) "*The transformation in the social and cultural environment of the world have completely changed the representation of mans attitude towards nature in literary expression .Ecocriticism is a rapidly expanding area of research covers wide range of texts and theories wich study the relationship of man and nature".*

Waraabbiin armaan olii akka ibsutti,Oguma keessatti,ilaalcha namootaa irratti hundaa`uun hawaasummaafi aadaan tokko,akkamiin akka jijjiiramu yookiin akka manca`u ni ibsa.Kanuma bu`uura taasifachuun,Ikookiritizimiin barreeffama waa`ee uumama naannoofi yaaxxinaalee hariiroo namaafi uumamaa ibsan qorata.Oguma keessatti haalli uumama naannoo kan qoratamu,hariiroo namni walii isaafi aadaa isaaf qabu,irrattillee hundaa`uu danda`a.

### 2.3.3. Ikoopo`itiksii (Ecopoetics)

Ikookiritizimii keessatti wayitii hariiroo namaafi uumama naannoo ibsu karaalee add addaa ta`uu danda`a.Isaan keessaa holooloofi walaloon ta`uu mala.Hawaasni tokko Afwalaloo isaa keesatti, aadaa, saanaa, duudhaa, amantaafi falaasama isaa ,akkasuma dacheefi goototа isaa ni faarfata. Kanas kan taasisu adeemsa Ikoopo`itiksiitini.Qorannoo gadifageenyaan Asaffaa Tafarraa. (2015:fuula.72) irratti waayee dhuma kana yoo ibsan

> *Ecopoetics mean the creative human connectedness to nature,a folkloric human communication with the nonhuman .This meditative communication involves prayer,composing and singing songs ,telling stories ,naming to items,idolizing deities and offering tree coronation ,summoning and glorifying God at hilltops ,sacrificers at river banks…communicating kind relationship between human kind and nature*

Waraabbiin kuni akka muul`isutti,Ikoopo`itiksiin oguma hawaasaafi uumama naannoo wal qabsiisuun, akkasuma hariiroo namaafi lubbu maleeyyii biro wal qabsiisuun kan qalaqamuudha. Isaanis karaa kadhannaa Waaqaa, sirbaan, seenaa himuun,maqaa moggaasuun, akkasuma aadaafi duudhaa hawaasichi uumaa isaa ittiin galateeffatu, uumama naannoo isaa jiru bu`uura taasifachuun yaada jedhu hammata.

Ummanni Oromoo saba guddaa aadaafi duudhaa isaa ganamaa qabatee dachee teessuma adda addaa qabdu irraa qubatee ummata jiraataa jiruudha.Keessumaa barreessitoonni ogbarruu Afaan Oromoo yeroo ammaa haalan biqilaa waan jiraniif ,xiyyeeffannoo isaanii guddaan hariiroo uumama naannoofi namaa haala ittiin ibsan irratti yoo xiyyeeffatan,bu`aan hojii isaanii daran fudhatama argata

## 2.4. Fayyadama Afaanii Asoosama Keessatti

Jiruufi jireenya dhala nmaaa keessattis ta`ee barreeffama keessatti fayyadamni Afaanii barbaachisaadha .Dhalli nmaa yaada wal jijjiiree kan wan qunnamu,Afaanitti fayyadameeti. Clark. (1996:fuula.3) *" Alanguage is a structured system of communication. Language,in broader sense,is the method of communication that envolves the use of particularly human human language".* Kana jechuun Afaan walqunnamtii keessatti,ergaa barbaadame kan dabarsu,caasaa sirriin ijaaramuu qaba.Akkasuma miiraafi yaada adda addaa kan wal qunnamtii keessatti, Afaanitti dhimma baanee galmaan geenya yaada jedhu hammata.

### 2.4.1. Fayyadama Jechootaa

Jechoonni akkaataa barreeffama keessatti hiriiraniin ergaa isaan qaban adda addaa ta`uu danda`a.Jechi tokko bakka hin baramne yommuu galu,hiika akka qabaatu beekamaadha. Kanaaf barreessaan jechoota filachuu irratti jechoonni bakka galanitti ergaa sirrii dabarsuu isaanii mirkaneeffachuu qabu.Haaluma kanaan ,qorataan fayyadama jechootaa uumama ibsan kanneen caalmaan Asoosamicha keessatti argaman armaan gaditti ni ibsamu.

Filannoo jechootaa jechuun kanneen fayyadama jechootaa keessaa tokko ta`ee,jechoota duraan fayyadamnu caalaa jechoota muraasa fayyadamuun,yaada ifaa ta`e dhiyeessuu waliin kan wal qabatuudha. Kana jechuun bu`uurri isaa hawaasa ta`uu isaati.Haaluma kanaan kitaabilee Asoosamoota **Danaafi Arraa Gurbaa** keessatti **fayydama Afaanii** kanneen akka filannoo jechootaa **uumama** ibsan adda addaa fayyadamuun ni muul`ata.Ayub.(2008) yaada kana yoo ibsu "*The language choice of the community member in the mentioned domains with people of the respective domain we investigated"* jedha.Jechoonni filamanii hawaasa keessatti akkasuma kitaaba kana keessattiergaa isaan dabarsan olaanadha.Kanaaf dhaamsi dabarfamuu barbaadame bu`uurri issa hawaasa ta`uu isaati.

#### 2.4.1.1. Jechamoota

Jechamni ergaafi qabiyyee dhoksaa inni of keessaa qabuun ,haasaafi barreeffama keessatti fudhatama guddaa qaba.Akkasuma yaada dhokataa inni of keessaa qabuun sammuu dubbisaafi dhaggeeffataa illee kan qaruudha.jechama tokkoo ilaalacha hawaasan wal qabata.Kanaafuu jechama saba biro bu`ureeffannee,kan Oromoo qorachuun ulfaachuu

mala.Rakkoon jechama Oromoo ibsuu keessatti muul`atu,kana irraa madda.Jechamni jechoota lamaafi isaa olitti gargaaramee yaada irra keessatti muul`atu osoo hin taane isa dhokataa ta`e kan ibsuudha.Horcout.( 1994:fuula.21) *"An idiom is a group of words established by usage as having a meaning not deducible from those of the individual words;It expression whose meaning is particular to the language or differ from the individual meaning of its element".* Kana jechuun,jechamni tuuta jechootaa ta`ee ,hiika kan argatu akkaataa qeenxummaa isaan osoo hin taane,haala fayyadama isaan.Hiikni jechamaa dubbataa Afaanichaaf malee hiika namni dhuunfaan itti kennu miti.Walumaa gala,jechamni hiika kan argatu,dubbataa Afaan sanaan ta`uu isaati.

### 2.4.1.2. Malleen dubbii

Malleen dubbii,jireenya guyyuu maraa keenya keessatti haasaa keenya haalan qabatamaa fi amansiisaa taasisuuf ,kanamalees barreeffama yaad-uumee (kalaqaa) mi`aa isaa dabaluuf hedduu fayyada.Harry.(1972:fuula.208) yoo ibsu *"A figure of speech in wich literar (denotative) meaning of word or statement in the opposite of that intended in literature if is a technique of indicating an intension or attitude opposed to what is actual stated"* jedha.Qabxii kanarraa kan hubannu,Malleen dubbii barreffamoota yaad-uumeefi dubbii haasa`amu tokko amansiisaa taasisuuf gahee guddaa taphachuu akka danda`uudha.Tajaajilli Malleen dubbii barreeffama keessatti qofaa osoo hin taane,waliin dubbii namoonni taasisan keessatti shoora olaanaa qaba.

### 2.4.1.3. Mammaaksa

Mammaaksi gosoota Afoolaa keessaa tokko ta`ee ,haala salphaan akka qabatamuuf wantoota naannoo keenya jiran waliin wal qabsiisuun ,dhimmoota hawaasa keessatti argamu kan of keessatti hammatuudha.Yaaduma kanaan kan wal qabatu Addunyaa.(2014:fuula.189) *"Mammaaksi akkuma Afools kanneen biro dhalootaa dhalootatti Afaanin daddarbaa as gahe.Yaada qusatamoofi udumamoo ta`an ,jechoota filatamoofi himoota gaggabaaboon ibsama…Mammaaksaan dubbiis eegalanii,isumaan goolabu".*Mammaaksi jecoota human qabeeyyiifi gaggabaaboo hubannoof salphaa ta`aniin yaada bal`aa dabarsa.Mammaaksi dubbii fida yookiin dubbii fixa yaada jedhu hammata.Akkasuama hawaasni tokko uumama naannoo isaa jiru,mammaaksaan wal qabsiisee ,garii ittiin gorsaa ,garii immoo ittiin qeeqa.

## 2.5. Sakattaa Barruu Aantee

Qorannoon tokko yommuu gaggeeffamu,sakattaa barruu walfakkiiyookan qorannoo kanaan dura hojjetame waliin wal bira qbanii ilaaluun barbaachisaadha.Kunis hanqinaafi cimina qorannoo duraan tureefi kan amma hojjetamaa jiru wal bira qabanii,xinxaaluun yaada dabalataa yookan sirreeffamaa kaa`uudha.Kanumarraa ka`uun,qoratichis qorannoo isaa,kana keessatti qorannoo kanaan wal fakkaatu sakasakatta`uun ciminaafi hanqina akkasumas yaada dabalataa kan qorannoo kana gabbisuu danda`an muraasni isaanii ni ilaalamu.

Haata`umalee kallattiidhaan ,Qorannoo itti fayyadama Afaanii uumama(Ecocritism) ibsan ,kan kanaan dura hojjetame hin arganne.Garuu qorannoo  itti fayyadam Afaaniii qofa irratti hojjetaman kan biro waliin wal cinaa qabamanii ni xinxaalamu.

Nageessoo (2000), Mata duree **Qaaccessa itti fayyadama Afaanii wal dhabdee Abbaafi ilmaa jaarsummaan furuu** ,keessatti kan jedhu irratti xiyyeeffata.Qorannoon kunis ulaagaa digirii lammaffaa guuttachuuf kan gaggeeffameedha.Kanumarraa ka`uun qorannoo isaa kana kutaa  afuritti addaan qoodee qorateera.Boqonnaa duraa keessatti,watoonni jiran kanneen akka kaayyoo,hima rakkoo qoratamuu,Faayidaa qorannichaa,daangaa qorannichaafi barbaachisummaa qorannichaa ibseera.Dhimmoonni kunniin qorannoo qorataan adeemsisuuf deemu waliin wal fakkeessa.

Boqonnaa itti aanu keessatti wantoonni ibsaman kanneen akka sakatta`a barruu,maalummaa malleen dubbii barruu walfakkiiti.Walumaa galatti,qabxiileen armaan olitti tarreefaman keessaa kanneen Boqonnaa tokkoofi lama keessatti argaman qorannoo koo waliin kan wal fakkaatan yommuu ta`u,dhimmoonni Boqonnaa sadi keessatti argaman hamma tokko adda addummaa kan qabaniidha.

Kadir (2016) Mata duree **Qaaccessa Asoosama Aarsaa Fayyadama Afaanii  irratti** kan xiyyeeffateedha. Qorannoon kuni kan gaggeeffame ulaagaa digirii lammaffaa guuttachuufi. Qorannon kuni lamaan maalummaa malleen dubbii,gosoota mslleen dubbii, mammaaksaa, jechamoota, jechoota Safuu ibsuu irratti wal fakkaatu.Haata`umalee,qorannoon  Kadir kuni itti fayyadama Afaanii walii gala irratti yoo xiyyeeffatu,qorannoon amma gaggeeffamuuf deemamu kni ,Itti fayyadama Afaanii uumama ibsan irratti xiyyeeffata.Hariiroo namaafi

uumama naannoo gidduu jiru ,dhiibaa namni uumama naanno irraan gahu ,Asoosamicha keessatti akkaataa karaa Fayyadama Afaanii kanaan ibsaman irratti fuulleffata.

### 2.6. Yaaxxina Qorannichaa

Ogbarruun tokko dhugummaafi miidhagummaa kan qabaatu yoo uumama naannoo giddugaleessa taasifateedha.Namoonni barreessaadhan kalqamanii dhiyaatan naannoo isaanii isaanii waliin hariiroo akkamii akka qaban kan ilaalu Ikookiriitizimiidha. Hayyuu Asaffaa (2015:fuula.73) , qorannoo isaanii irratti yoo ibsan

> *Ecocriticism gained momentum in the humanities in the 1990`s as an interdisciplinary literary scholarship and a study of literature culture (literature ,visual arts and music) and sought to engage environmental history philosophy ,sociology and science studies with ecology .Its theorical foundation are grounded on closely studing the ideas and structures that govern the interaction between humans and their natural environment and the distiniction between the human and the nonhuman ,and thus, how cultures construct and are in turn constructed by the non-human world is of central importance to the dispcipline*

Akka yaadni hayyuu kanaa ibsutti,Ikookiritizimiin akka qorannoo oguma tokkootti,kan hundaa`e bara 1990 keessa yoo ta`u,kan inni qoratus,aadaa(oguma aartiifi muuziqaa) akkasuma seenaa,naannoo uumamaa, falaasama,soosholojiifi saayinsii hawaasaa qorata. Yaaxxinnni Ikookiritizimii kan irratti xiyyeeffatu, ilaalachaafi hariiroo dhalli namaa uumama naannoo isaa waliin qabu,irratti. Kanamalees, hariiroo namni lubbu qabeeyyifi lubbu dhabeeyyii naannoo isaa waliin qabu,akkasuma akkaataa aadaan hawaasa tokkoo ittiin dagaaguufi ittiin dhalootaaf darbu,irratti xiyyeeffata.

Dabalaataanis,waayee Ikoopo`itiksii(ecopoetics) irratti hayyuun Asaffaa(2015:fuula.74) qorannoo isaanii irratti yoo ibsan, *"Ecopoetics has been made current among reader and writer of contemporary America experimental works that bridge creative-critical writings (with emphasis on poetery) and ecology (humans being at the center).* Yaada kana irraa kan hubannu, Qorannoo oguma irratti biyya Ameerikaa keessatti raawwatameen,Ikoopo`itiksiin dhala namaa bu`uura waan hundaa taasisuun,adeemsa barreessan oguma isaa bifa walaloon kalqee dubbistootaf dhiyeessuti.

Yaaxina jechuun adeemsa ogbarruun tokko itttiin hubatamuufi xiinxalamu yemuu ta'u, faayidaa ogbaruu, walitti dhufeenya barreessaa fi barreefffamichaa, dubbisaa, hawaasaa, seenaafi afaanittiin barreeffamee kan calaqqisiisudha.

Kanuma kan deeggaru, yaadni toora interneetii Webesters unabridged yoo ibsu,"*Theory is the process of understanding what the nature of literature is, what function it has, what the relation of the text is to author, to reader, to language, to society, to history. It is not judgment but, understanding of the frames of judgment"* jedha.

Yaaxinaaleen hojiin ogbarruu tokko ittiin qeeqamus hedduudha. Isaan keessaa kanneen akka: yaaxina walfakkii (archetypal), haamileessa (didactic), seenessa (historical), caasessa (structuralism), dhugummaa (realism), feeminiizimii (feminism), bifiyyee (formation), walfaallessaa (deconstructionism) maqaa dhahamu.

Yaaxinaalee armaan olitti tarreffaman (tuqaman) keessaa yaaxinni dhugummaa (realism) yaaxina hojiin ogbarruu ittiin qeeqamu keessa tokkoo ta'ee, jaarraa 20ffaa keessa hojiirra ooluu kan jalqabeedha.

Dhugummaa (realism) ilaalchisanii hayyoonni garaa garaa hiikkaa adda addaa kennanii jiru.Isaan keessa, Fiqree (1983: fuula.15) yoo ibsu. *" The term realism we often identified and in competition with the term naturalism"*jedha. Akka yaada hayyyuu kanatti dhugummaan (realism) wantoota uumamaan jiran adda baasuu fi waldorgomsiisuudha. Yaaduma kana kan cimsu, yaadni toora interneetii irraa argame akkas jedha.*"Realsim is an aesthetic made which broke with the classical demands of art to show life as it should be order to show life as it is",* jedha. Yaada kanarraa akka hubatamutti immoo, dhugummaa (realism) jechuun, dhugaa jiruufi jireenya namaa keessa jiru miidhagsee akka jirutti kan dhiheessuudha.

Barreessan tokkko asoosama yeroo barreessu cal jedheetuma osoo hin taane, adeemsa asoosamni ittiin brrreeffamu hordofeeti. Adeeemsa kana keessatti, wantoota dhugummaan hawaasa keessatti mul'atanntu kallattii garaagaraatiin, jechuun gama siyaasaatin, diinagdeetiin, jireenya hawaasummaatiin fi kan kana fakkaataan calaqqisiisa.

Wantoota asoosamni calqqisiisuu qabu keessaa dhugammaa bu'urreeffachuun isa tokkoofi isa murteessaa yoo ta'u, kunis wanti asoosama tokko keessatti dhiyaatu dhugaa hawaasa sana

keessatti mul’atu hangam akka lafaa kaa’e kan keessatti xiinxalamuudaa. Innis, dhugummaa yoo hin qabaanne fedhii dubbistootaa waan hin harkifneef wanti barreeffame sun dubbisaa biratti fudhatama dhaba.

# BOQONNAA SADI: SAXAXAAFI MALAWWAN QORANNICHAA

## 3.1. Adeemsa Qorannichaa

Mata duree kana jalatti mala qorannichaa waliin wal qabatan kanneen akka madda odeeffannoo,iddattoo,mala odeeffannoo ittiin qaaccessan,mala odeeffannoon ittiin funaanaman fi deemsa qorannoo hammata.

Akkuma Boqonnaa Tokko keessatti ibsametti,xiyyeeffannoon qorannoo kana inni guddaan **Qaaccessa Hariiroo namaafi uumama naannoo:Asoosamoo Danaafi Arraa Gurbaa irratti xiyyeeffata.** Kanumarraa ka`uun Himoonni,malleen dubbii,jechoonni,jechamoonnifi mammaksonni ,Asoosamoota lamaan keessatt hariiroo namaafi uumama naannoo ibsan ,addaan baasuun hiika isaan kallattiin hundaan qaban xinxaaluuf nu gargaara.Dhimmoota akkanaa qorachuuf ammo qorannoo Qulqulleeffataatti gargaaramuun gaaridha.

Qorannoo dookumentiin sakatta`uun wal qabatu gaggeessuf qorannoo qulqulleeffataatti gargaaramuudha. Kanumarraa ka`uun Dastaa (2013:fuula.33) Marietejjie wabeeffachuun yoo ibsu *"Qorannoo qulqullaa`aa gaggeessuf odeeffannoon kan funaanamu daawwannaa, afgaaffii, dookumantii sakatta`uufi meeshaalee argaa dhageettii fayyadamuudha".* Jechuun ibsa. Gosa qorannoo kanaa keessatti,ragaaleen qorannoodhaaf funaanaman gabatee giraafifi kan biroon ibsamuu waan hin dandeenyeef gosa qorannoo birootti gargaaramuun rakkisaa ta`uu ni danda`a.

## 3.2. Saxaxa Qorannichaa

Kaayyoon Qorannoo kanaa Hariiroo namaafi uumama :Asoosamoota Danaafi Arraa Gurbaa qaaccessuu irratti xiyyeeffata.Kana galmaan gahuuf qoratichi,mala Qorannoo Akkamtaa fayyadama.Sababni isaas Odeeffannoon qorannoo kanaa funaaname,lakkofsaan osoo hin taane jechaan ibsuun kan qaacceffamu waan ta`eef .Dabalataanis Filee.(2019:fuula.110) *"Yaadrimeen Akkamtaa jedhu kuni yaada yookiin ergaa odeeffannoo keessa jiru tokko akka uummanniifi hawaasni jedhutti ilaalutti,ibsutti,hiika itti kennutti ibsuufi qaaccessuu irratti xiyyeeffat".*Qoratichis mala kana ni fayyadama

Gama biroon qorannoo kana keessatti odeeffannoo argame gadi fageenyaan ragaan deeggaramuun kan xinxaalamuudha.Addunyaa (2011:11) yaada kana yoo cimsu *"Ciminni qorannoo Akkamtaa gaaffiwwan Akkam?,Maaliif?,jedhan kaasuun gadi fageenyaan xinxaaluu irratti humna waan qabuuf amanamummaafi hubannoo bal`isuuf haala ni mijeessa"* jedha.Kanuma bu`uura godhachuun qoratichi mala Akkamtaa fayyadamuun qorannoo kana ni gaggeessa.

## 3.3. Mala odeeffannoon ittiin funaanamu

Qorannoon qulqullaa`aa dhugaa hawaasa tokko keessa jiru,bira gahuuf mala funaansa odeeffannoo adda addaatti gargaaramuu danda`a.Haaluma kanaan odeeffannoo sakatta`a dookumentiin qaacceffamee ni dhiyaata.

### 3.3.1. Sakatta`a Dokumentii

Sakatta`a dookumentii jechuun,adeemsa qorannoo tokko gaggeessuu keessatti,tooftaa qorannoo sana fudhatamummaafi dhugummaa isaa mirkaneessuf kitaaba galmeefi barreeffamoota bifa add addaan ,qaaccessuun ciminaafi hanqina qabiyyee isaanii ibsuuf kan gargaarudha. Dastaa( 2011:131) yoo ibsu, *"Barreeffamoonni akka odeffannoo qorannootittinama fayyadan hedduutu jiru.Isaan keessaa kanneen akka waraqaa ragaa,kitaabota ,xalayaa , naghee,ajandaa,qaboo yaa`ii,barreeffamoota murtii,yaadannoofi kanneen kana fakkaatan ta`uu danda`u"* jechuun ibseera.Gama biraan immoo akkaataa kamiin odeeffannoon funaanamuu akka qabu addaan baasuun barbaachisaadha.Inni kunis odeeffannoon funaanamu,bifa jechaan ta`uu qaba.Kanumarraa ka`uun odaaffannoon funaanamu kunis mala Al-lakkoofsatti yookaan jechaatti gargaaramuun kan ragaan qorannoo ittiin funaanamuudha.

## 3.4. Malleen Qaaccessa Ragaalee

Malli ragaleen ittiin qaacceffamu,ragaleen erga funaanamanii booda ,garee gareetti qooduun hiikamuun ibsi itti kennamee ni qaacceffamu.Kana keesatti malli filatamaan Akkamtaadha. Odeeffannoon meshaalee funaansaragaatin funaanamanis xiinxala haala hariiroo namaafi uumama ibsan ,Asoosamoota Danaafi Arraa Gurbaa mataduree jedhu irratti xiyyeeffata.

Walumaagalaragaaleenfunaanaman erga qaacceffamanii booda dhumarratti cuunfaa, Argannoofi yaaboon dhiyaataniiru

### 3.5. Mala Iddeessuu

Qorannoo geggeessuuf iddattoo filachuun barbaachisaadha. Iddattoon qorannoo keessatti bakka tokko qofatti otoo hintaane sadarkaa adda addaatti ilaalamee filatama. Flick .(2002:61) yoo ibsu,

> *The issue of sampling emerges at different points in the research process. An interview study is connected to the decision about which persons to interview (case sampling)…Furthermore, it emerges with the decision about which of the interviews should be further treated i.e. transcribed and interpreted (material sampling). Finally, it arises when presenting the findings; which cases or parts of texts are best used to demonstrate the finding (presentation sampling).*

Qorannoon tokko yemmuu geggeeffamu iddattoon namoota afgaaffiif dhihaatan ittiin filachuuf qofa kan itti fayyadamnu osoo hintaane bakka saditti gargaaramna. Jalqaba namoota odeeffannoo kennuu danda‟antu filatama; Achiis wayita odeeffannoon funaaname hiikamuufi qaacceffamu itti fayyadamna. Ragaan qaacceffamee bu‟aan qorannoo erga beekamee boodas firii qorannoo sanaa qaama dhimmichi ilaaluuf dhiheessuufi agarsiisuuf kamtu akka dhihaatu kan ittiin filatamuudha. Iddattoonis adeemsa kanaan kan filatamu yoo ta‟u, innis jamaa qorannoon irratti geggeeffamu keessaa namoota filachuu jechuudha. Iddattoo filachuun kan barbaachiseef ammoo, yeroo, maallaqa, humna namaafi kanneen biroo qusachuuf jedhameeti.

#### 3.5.1. Iddattoo Akkayyoo

Akkuma daangaa qorannoo jalatti ibsuuf yaalametti kan qorannoon kun ilaallatu hundarraa odeeffannoo guuruun bu‟a-qabeessummaan isaa akka cimu beekkamaadha. Haata‟uu malee,humna qorataa kanaatii ol ta‟a. Kunis yeroo, baajata fi meeshalee barbaachisan gahaatti argachuu waan gaafatuufi. Kanaafuu, iddattoo fayyadamuun qorannoo tokko keessatti barbaachisaadha. Dhimmuma kana Berg (2001:fuula.32) yoo ibsu, “When developing purposive sample, researchers use their special knowledge or expertise about some group to select subjects who represent this population,” jechuun yaadicha cimseera.

Gosa qorannoo akkamtaa baay‟inaan gochaa, haalota yookin dhimmoota ibsuurratti waan xiyyeeffatuuf dhimmi iddattoo xiyyeeffannoo guddaa kan hinqabneedha. Kanas Kumar (2005:fuula.165) akkanatti ibsa "In qualitative research the issue of sampling has little significance as the main aim of most qualitative inquire is either explore or describe the diversity in situation phenomenon or issue"" jedha.

Qoratichi qorannoo kana keessatti iddattoon dhimma itti bahe gosa iddatteessuu keessaa mit-carraadha. Kun kan ta‟eef jamaa filatamaa keessaa iddattoo filachuuf carraa waan hinfayyadamneefi. Qorataanis gosa iddatteessuu mit-carraa keessaa tokko kan ta‟e iddatteessuu akkayyootti dhimma baheera. Sababa kanaafis iddattoon filataman qabiyyeefi kaayyoo qoratichaarratti deebistoota filachuu waan ta‟eefi. Kanumaan walqabatee Dastaa (2013:fuula.132) Jupp (2006) wabeeffachuun akka kanaan ibse. *Purposive sampling a form of non-sampling in which decision concerving the individual to be include in sample are taken by a researcher, based up on a variety of criteria which may include specialist knowledge of the research issue or capacity and willingness to participate in the research*.

Yaada kanarra kan hubatamu, iddatteessun akkayyoo gosa iddatteessuu miti-carraa keessaa tokko akka ta‟eefi kanneen qorannicharratti hirmaachuu qaban qabiyyee garaagaraati. Fakkeenyaf hirmaachisuurratti hundaa‟un qoratichaan kan murtaa‟u ta‟uu hubanna. Kanumaarratti hundaa‟un qoratichi qorannoosaa kana keessattii gosa mit-carraa kan ta‟e mala iddatteessuu akkayyoo fayyadamee kan qorannoo kana gaggeessedha. Sababni kana fayyadameef qorannoo kana hunda caalaa kallattiin galmaan nigaha jedhee waan amaneefi.

# BOQONNAA AFUR: DHIHEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti ,hariiroo dhalli namaa uumama naannoo isaa waliin qabu,ummanni uumama naannoo isaafi duudhaa isaa haala inni ittiin ilaalu akkasuma karaalee fayyadama Afaanin haala hawaasichi naannoo isaa  ittiin ibsatu kanneen akka jehamootaa, mammaaksaafi malleen dubbii fuula kikaabilee lamaan keessaa funaanamuun dhiyaataniiru. Kunneenis, ragaa kitaabicha keessaan kan funaanamaniifi tokkoon tokkoo isaanii hiika qabiyyee ergaamaalii akka dabarsan adda baasuun tokko tokkoon gosaa hariiroo isaaniitiin kan qaacceffamaniidha. Kunis hariiroo namaafi uumama naannoo isaan waliin qabaniin kutaa kudha afuritti qoodamuun yaada himoota dhihaataniifi tokko tokkoo himootaa keessatti jechoonni haala adda addaan barreessaan ergaa yookaan dhimma dabarsuu barbaade irratti kan xiyyeeffataniidha.

Haaluma kanaan, jalqaba ragaalee kana kitaabilee asoosama qorannichaaf filame Gadi fageenyaan dubbisuun ragaalee qorannoo kanaaf nagargaaru kan jedhu funaanuun himootaafi fuula kitaabichaa keessatti argaman eeruun erga gadi tarreessine booda qabiyyee barbaadamu erga hiikkoon itti kenname booda gama ergaa isaan qabaniin kunis hariiroo dhala namaafi uumama naannoo fi yaadotaa barreessaatti ibsa itti kennuun qabiyyeewwan asoosamootaa kan ta'e kanneen hawaasa hacuucuu,nama seexessuu, gootummaaf nama onnachiisu, eenyummaa ofii akka hin daganne barsiisuu,diddaa gabrummaa dhaamuu,jaalala lammii qabaachuu,amala badaa qeequun jijjiiramni akka dhufu taasisa.Akkasumas, falaasama hawaasichaakan ibsu qabiyyeewwan hariiroofi ilaalchi dhalli namaa uumama naanno isaaf qabu bu`uura taasifachuun karaalee himootaa, jechamaan, mammaaksaanfi malleen dubbiin kan ibsan addaan baafamanii qaacceffamaniiru .Qaaccessa kana adeemsiisuun kan barbaachiseef jechoota waliin hiriiruun hariiroo namaafi uumama naannoo ibsan keesssatti tooftaa barreessitoonni filannoo isaanii keessatti kallattii ergaa dabarfachuu barbaadan  adda baasuufi. Kunis, gama guddina ogbarruu Oromootiin shoora guddaa waan taphatuufi. Akkasumas, kitaabilee barnootaa keessatti hammachisuun barattoonni haala yeroo wajjin jechoonni gargaaramnu bu'aa guddaa afaanichaa argamsiisuu danda'a. kana jechuun kitaabilee qorannoo kanaaf filatamanirrattii kan xiyyeeffannoon kenname.

## 4.1. Ibsaafi Qabiyyee Kitaabilee

Kitaabni Asoosama Gabaabaa ‘Danaa’ jedhamu bara 20000 akka lakkoofsa habashaatti, barreessaa Asaffaa Tafarraa Dibaabaan kan barreeffamee maxxanfame yoo ta’u, kitaabichi fuula 122 kan qabuudha.

Asoosamni Danaa qabiyyeewwan garaagaraakan akka aadaa, duudhaa,amantii,siyaasa haala jireenyaaof keessatti kan qabu yoo ta’u, fuulleffannoon isaa inni guddaan garuu,duudhaa Oromoo ganamaa fi dhiibbaa kallattii kamiinuu lafaafi lafee Orommoo falaasama hawaasichaan wal cinaa qabee kan agrsiisuudha. Jechoota ciccimoo hedduun kuulamee waan barreeffameef ergaan Asoosamichaa hamma eeguun ol of keessaa qaba.Galaana jechootaa ogummaan guutamantu keessaa calaqqisa.Ummanni Oromoo ilaalacha akkamii naannoo isaafi uumama naannoo isaa maraaf qabu,duudhaafi falaasama hawaasichaa waliin wal cinaa qabuun haalan barreeffamee jira. Ummanni Oromoo sirna Gadaan ala qurxummii bishaan keessaa bahe ta`uu isaa cinaa qabaan addeeffamee jira.Oromoon kan cabu gaafa Gadaafi duudhaan isaa cabu akka ta`e ibsamee jira.

Akkasuma kitaabni Asoosama lammaaffaa immoo Addunyaa Brkeessaa Dhinsaan bara 2018 akka lakkoofsa Awurooppaati kan barraa`e ‘Arraa Gurbaa’ kan jedhamuudha.Kitaabni Asoosamaa dheeraa Arraa Gurbaa jedhamu kuni fuula 268 qaba.

Asoosamni Arraa Gurbaa qabiyyeewwan garaagaraakan akka aadaa, duudhaa,amantii,siyaasa haala jireenyaa ofkeessatti kan qabu yoo ta’u, fuulleffannoon isaa inni guddaan garuu, hacuuccaa sirni bulchiinsa mootummaa abbaa irree Oromoofi lafa isaa irraan gahaa jiru kan agrsiisuudha. Kunis loogii sabaatiin guutamuun warri aangoorra jiran yaada anatu caala jedhuun, uummata hacuucuun abbaan lafaa lafa isaa gadhiisee akka deemu, dhiiga ilmaan abbaa biyyaa Oromoo kallattii maraan dhangalaasuun gidiraaf saaxiluu irratti kan xiyyeeffateedha. Hacuuccaafi gabrummaa kana diduun seeraafi heerri walqixxee dhala namaa ilaalu uumuu faarsaan barbaachisaa ta’uu isaati

Kanuma ka`umsa taasifachuun himoota Asoomicha keessatti waayee uumama naannoo ibsan karaa hawaasummaafi diinagdee akkasuma fayyadama Afaanii kanneen uumama ibsan waliin wal qabsiisuun qaaccaffamee jira.

Ragaaleen argaman,kanneen himoota uumama naannoofi duudhaa hawaasaa ibsan fayyadama Afaanii kanneen akka jechamoota ,mammaaksa, malleen dubbii keessa immoo akkasaa, iddeessa, arbeessuu, nameessuu, akkasumas, duraaduuba isaanii eeguun qaacceessameera. akkaataa barreessaan ergaa dabarsuu barbaadeen hariiroo barreeffamichaafi eenyummaa qooddattoonni uumama naannoo waliin walqabsiisuun kan qaacceeffamaniidha. Akka ragaan mala funaansa ragaalee sakatta'a dookimantii yookaan asoosama qorannichaaf filaman ibsanitti, qabiyyeewwan ragaa asoosamichaa irratti hundaa`uun qaacceffamuun dhiyaataniiru

### 4.2. Sabseenaa Asoosama Arraa Gurbaa

Obbo Akkattuun aadde Qananii fuudhanii,ijoollee kanneen akka Jiruufi Jabeessaa akkasuma kan alaa itti dabalame Haata`uu walumaan horanii guddisan.Isaan keessaa Jiruun nama hojiin nama hojii isaan cimaafi dhimmaa lafaafi oromummaa irratti eenyuun ol nama quuqamuudha.Kanas akn bare,abbaa isaa obbo Akkattuu irraayi.Obbo Akkattuun erga darbanii booda Jiruun ijoollee obbo Boodanaa waliin,walumaan mormaa jireenya isaa dhiibuu itti fufe.Jiruun jabaatee waan hojjetuuf haadha manaa manaa isaa Dhibbiseefi ilma isaa Abdii waliin jireenya qananii jiraachuu jalqaba.

Jiruun sooressa xiixadha.Bara namoonni qabata amantiin aadaa isaanii dagatan kana illee inni of hin wallaalle.Akkuma abbaa isaa duriitti ayyaana loonii kabajaa jiraata.Dhangaa mara qopheessee ollaafi maatii hunda waliin iddoo bultii loonii mooraa keessatti kabajata.

Bara obbo Akkattuun lubbuun jiru,obbo Boodanaan basaasaa hiisisaa ture.Ergan isaan lachuu lubbuun darbanii booda,ijoolleen obbo Boodanaa waanuma abbaa isaanii irraa dhalaniin Jiruu jibbuufi Baluuxatti basaasuu eegalan.Obboleessi Jiruu Haata`uunis,ilma dhoksaa obbo Boodanaa waan ta`eef innis garuma Dhabsuu goru filate.Haata`uun hojii dhuunfaa isaa dhiisee maatii isaa hunda waliin mana obbo Dhabsuutii hojjetaa oola.Baluuxaan immoo

namoota isaan jala dhaabbatan,Dhabsuufi Haata`uutti fayyadamuun hidhaafi ajjeechaan dararaa jiraata.

Kuni osoo kanumaan jiruu,gaaf tokko Jiruun gara magaalaa Sulultaa maatii Dhibbisee ilaaluuf,imala isa jalqabe.Akkuma inni manaa ba`een barii lafaa eegdee buna danfisuun namoota olla ishee waamte Dhibbiseen.Akkuma obbo Bulaan buna eebbisanii dhuguu eegalaniin,adurreen alaa fiigee dhufee ol seenee ciise.Hundumti isaanii rifatanii osuma wal ilaalanii gidduutti Dachaasaan adurree baasuuf yoo yaalu,adurrichi saggoo Dachaasatti qeensa naqate.Haati manaa isaa Owwaattuun irraa baasuuf hedduu carraaqtullee hin dandeenye.Dhumarratti adurrichi utaalee bahuuf yoo jedhu,balabala itti cufte.Sanaan booda adurreen ol deebi`uun namoota mana keessa turan kanneen akka Dhibbisee, Owwaattuu, Suurraafi Abdii maccooree madeesse.

Obbo Akkattuun bara lubbuun jiru,ijoollee isaa hedduu gorsaa ture.Keessumaa haala qeerransi ijoollee isaa ittiin leenjisu,walcinaa qabee gorsaa ture.Qeerransi ilmaan isaa bineensolii gidduutti gadi dhiisa.;yoo isaan hedduu cinqaman ni jaalata.Yoo humna isaanitii ol ta`e dhaqee irra lola.Garuu isaan sodaatanii kan jalaa fiigan taanan maccooree isaan madeessa.Isaan sodaattuu ta`an gurmuu isaa keessaa baasa;warren akkasii immoo deeroo jedhamu;hoolaafi re`ee adamsaa oolu.Jiruunis fakkeenya kana kaasee mucaa isaa gorsaa ture.Namoonni kanneen akka Qaruuraafi Haata`uun hojii isaanii dhiisanii,dubbii guuraa ooluu isaanitti hedduu aara Jiruun.kkasuma mootummaan jiguun ishee hin oolle faana kaachuun miidhaa akka qabu obbo Bulaanis raga bahaa ture.

Jiruun maatii isaa hedduu jaalata;mucaa isaa Abdiis qaree guddisaa jira.Gaaf tokko osuma sadi ta`anii haasa`aa jiranii,haala abbaan isaa obbo Akkattuun itti du`e kaase.Obbo Akkattuufi obbo Nagariin dur hiriyoota turani.Garuu gaaf daboo tokko obbo Nagariin ijoollee isaa keessaa tokko obbo Akkattuu itti fakkaachaa waan tureef wal arrabsuu eegalan.Obbo Akkattuun osuma jalaa obsaa jiruu,obbo Nagariin cuubee baafatee,Akkattuu garaa isaa waraane.Obbo Akkattuunis lubbuu waan ta`eef,cuubee san garaa isaarraa buqqisee,morma obbo Nagarii keessa buuse.Nagariin achumaan addunyaatti nagaa haammate.Akkattuunis mana isaatti galchanii lubbuun keessaa baate.Erga gaaf

sanaatii,ijoolleen obbo Nagarii Jiruu fa`I ija shakkiin ilaaluu jalqaban.Kanumaaf ijoollee ijoollee obbo Boodanaa kanneen akka Dhabsuu faana diina itti ta`an.

Haata`uun yeroo hunda mana Dhabsuu fa`i waan hojjetuuf midhaan nyaatanillee of hin danda`u;kuni immoo Jiruu garmalee aarsa.Kanumaaf gaaf tokko Haata`uuf daboon hojjechuuf beellama qabatan.Haatimanaa Haata`uus kanuma sababeeffachuun farsoofi dhangaa biro daboof qopheessuu eegalte.Gaaf guyyaa daboo sanas Jiruufi Dachaasaan ganamaan bariidhaan gara maasii Jiruutti bobba`uun hojii isaanii eegalan.Abbaan daboo Haata`uun shira Dhabsuu fa`iin daboo isaarraa guyyaafatee dhufe.Buna mana Dhabsuutii dhugaa oolee guyyaafatee iddoo daboo gahe.Dhibaa`ummaa isaa kanattis Jiruun garmalee waan aareef,ni lole.Haata`uun garuu balleessaa tokkollee akka hin qabne dubbate.Kanumaan osoo jiranii Dandeessuun haati manaa Haata`uu laaqana baachifattee dhufte.Hundumti isaanii baala buufatanii erga nyaatanii dhuganii booda,daboon Haata`uutti mormii kaase.Osuma yaadan walfalmanii,naannuma sanaa iddoo godommoo Jiruu keessa namoonni deemanii dhokatan;isaanis Qaruuraa,Dhabsuufi warra garee isaanii turani.Achumaan osoo hin turin abidda godommoo Jiruutti qabsiisan.Kaniisni godommoo Jiruu keessaa kaatee namaafi sangoota dabopo hidduu eegalte. Sangoonnis waangoo caccabsanii namootaas miidhan. Sanuma keessa Jiruun gara godommoo isaa gubachaa jiruutti yoo fiigu,namoonni achi keessa dhokatanii jiran achi keessaa bahuun Jiruu ukkaamsanii gara dabarsan.

Jiruu barbaacha Dhibbiseen waajjira poolisii Bunnoo Baddallee marmaartee barbaadaa turte.Garuu eesaa buutee isaa argachuu hin dandeenye.Sanaan booda joortee erga ifaajjee booda mucaa ishee waliin waadaa waliif galan.Abdiinis waan haati isaa itti himte hunda ni dhaggeeffate.Jabaatee barnoota isaa akka hordofu walii galan.Dhibbiseenis ooyruu isaanii diina irraa tiksuuf of onnachiiste.

Haati Jiruu adde Qananiin duraanuu hedduu dhukkubaa ture;erga Jiruun badee booda ammoo hedduu itti hammaate.Gaaf tokko ijoolee isheetti akkas jechuun wayi itti dhaammatte.Dur abbaan isaanii yeroo hidhamee ture san obbo Boodanaan nama ishee gargaaru fakkaatee itti dhiyaachuun garaatti Haata`uun uumame.Erga dhalatee boodas dhoksumaan isaanuma keessatti akka guddate itti himte.Dhukkuba adde Qananiif dawaa nit a`a kan jedhame hunda barbaacha Dachaasaan waabeekaa birallee osoo hin hafin deemee gaafachaa ture.

Abdiin akkuma haadha isaa waliin waadaa waliif galan barnoota isaa fixee yunivarsiitii Finfinnee seene.Achittis hiriyoota isaa kanneen akka Jorroofi Lataa daalaafi magaalaa keessa isa naannessuun iddoo hedduu daawwachiisaa turan.Sanaan booda innillee barataa cimaa waan turee,muummee  barnoota fayyaa seenee barnoota isaa itti fufe.

Barnoota isaa semistara 1$^{ffaa}$ fixee,haadha isaa ilaaluuf gara iddoo dhaloota isaa,Bunnoo Baddallee, aanaa Daaboo Hannaatti qajeele.Garuu osuma achi hin ga`in Dhabsuufi Qaruuraan kiyyoo qopheessaniifii mana hidhaatti isa darbatan.Poolisoonnis Abdii kaballaafi dhiitichoon simatan.Yeroo mana hidhaa ol seenu,ilmi obboleessa isaa Suurranis achi keessa jira.Guyyoota muraasa booda qorataan yakkaa tokko Abdii waamsisee,barataa yunivarsitii Finsinnee kan boqonnaaf haadha isaa ilaaluuf galu ta`uu gaaf itti himu bilisaan hidhaadhaa baase.Achumaan Abdiinis gara mana haadh aisaatti qajeele.

Abdiin haadha isaa Dhibbisee biratti boqonnaa semistera 1$^{ffaa}$ xumuree gara Finfinneetti deebi`e.Akkuma achi gaheen qabxii isaa ilaallate;qabxiin isaa hunduu ‘A’ ta`uun hedduu isa gammachiise.Sanaan booda hamma guyyaan barnoota semistara 2$^{ffaa}$ gahutti,Abdiin hiriyoota isaa waliin ta`uun magaalaa Finfinnee daawwachuu eegalan.Haala barreeffama magaalichaa, ijaarsa gamoolee,iddoo awwaalchaafi manneen amantii hedduus ilaalaa turan.Guyyaan boqonnaa isaanii dhumatee barnoonni yoo eegalu,intallii Tsiggeeredaa jedhamtu jaalalleen Baddiluu qabxii Abdii arguun sobdee jaalalaaf gaafachuu barbaadde.Inni didee jennaan hiriyaa daree ishee Lalisee itti ergite.Abdiin kaayyoon isaa guddaan barnoota waan ta`eef gaaffii ishee keessummeessuu hin dandeenye.

Laliseefi Abdiin keesuma keessa walitti dhiyaachaa dhufan.Abdiin achi buutee abbaa isaa yaadatee gaaf booyu,Laliseenis cinqamtee waliin boosse.Laliseenis naanoo wallaggaatti dhalatte.Abbaan ishee obbo Tufaan hidhaafi Dararaan itti hammannaan bade.Warreen lafa isaa irratti murtii dabaa fudhtan adamsee lafa bubbuuse.Sanaan booda haadha Laliseefi ijoollee ishee mara qabanii mana hidhaa buusan.Gaaf isaan mana mana hidhaatii ba`an qe`een isaanii hundi misoomaaf jedhamuun diinan dhuunfatamtee jirti.Baluuxaan kutaalee Oromiyaa adda addaa keessatti basaastota facaasuun beekama.Kanneen akka Faluuxaa, Maluuxaafi Sharuuxatti fayyadamuun namoota dararuu itti fufe.

Tsiggeeredaan erga gaaf Abdiin gaaffii ishee kuffiseetii.karuma isa qilee keessa ittiin buustu barbaadaa turte.Gaaf xuriin laguu ishee itti dhufe tokko hatattamaan gara Abdii deemtuun na gudeede jettee iyyuun Abdii hiisiste.Qorannaaf gara hospitaala Xiqur Anbassaa ergamuun Doktor Shirkaan akka gudeedamte mirkaneesse..Haata`umalee barsiisaan Abdii Doktor Dabalaan raga jiru jaalallee Tsiggeeredaa Baddiluu irraa fudhachuun,ishees waamsisee dhugaa jiru tooftaadhaan himsiise.Dubbichi soba ta`uu isaa akkuma bareen,Doktor Dabalaan sagalee isaanii waraabuun,waajjira poolisiif dhiyeessee Abdii hiiksise.

Sababa Abdiin bilisa bahee hiikameef,barattoonni hedduun gammachuu isaanii sirbaan ibsachaa turan.Doktor Dabalaanis sirbichatti makatee sirbaa waan tureef basaastonni isa duubaan waraabaa waan turaniif borumtii isaa Doktor Dabalaa hiisisaan.Doktor Shirkaan inni xurii laguu Tsiggeeredaa ilaalee sobaan gudeedamte jedhes,hidhaadhaa baasan.Hojii kana mara harka lafa jalaan kan qindeessu,Baluuxaadha.Baluuxaan Finfinnee keessatti dhaabbata Uuxaa jedhamu hundeessuun,gamoo isaa gubbaatti kontorobaandii,jala isaatti immoo namoota isa dura dhaabbatan hidhanii gidirsu.Dhaabbata Chaayinaa tokko waliinis walii galuun hanna isaanii itti fufan.Garuu gara dhumaa irratti ,Dhabsuun fa`I gaaffii ummtaa deebisuu dadhaban jechuun aangoo irraa kaafaman.Waayeen namoota achi buuteen isaanii dhabame kanneen akka Jiruufi Tufaas waltajjii hunda irratti gaafatamuu eegale

Abdiin osoo haadha isaa hin argin waggaa shan Finfinnee keessa ture.Garuu Lalisee waliin osoo wal hin argin oolanii hin bulan.Doktor Dabalaa guyyaa guyyaadhaan mana hidhaa deemanii gaafatu.Doktor Dabalaan mana hidhaa keessatti nama Toobbataa jedhamuun wal bare.Toobbataan barnoota saayinsii siyaasan nama digirii $2^{ffaa}$ qabuudha.Garuu akkuma warra kaawwanii dabaan waan hidhameef,murtii amlee waggaa baay`ee ture.Achi keessattis namoota hedduu barsiisaa oola.

Dubbuun bakkuma hundaa hoo`ee itti fufe.Namni hunduu gaaffii mirgaa gaafachaa warra badan barbaaduu itti fufan.Hattoonnifi basaastonni ni ari`aman.Baluuxaan sababa dhukkubaan afaan isaa luugamamee yaaliif gara biyya alaa deeme.Qarshiin dhaabbata Uuxaas ni uggurame.Abdiinis barnoota isaa qabxii olaanaan eebbifamee achumatti qaxaramee hanbifame. Doktor Dabalaanis hidhaadhaa bahe.Gaaf guyyaa eebbaaf haati Abdii Dhibbiseenis biyyarraa kaatee dhufte.Guyyaan isaa gahee barii gaa eebbaa san Doktor

Dabalaa,Abdii Laliseefi Dhibbisee waliin ta`uun konkolaataa Doktor Dabalaatin gara eebbatti arreedan.Eebbi xumuramee hundumtuu yoo gadi bahu,maraataan tokko namoota ari`aa dhufee Dhibbiseetti maramee laaqee keessatti lafaan dhahe.Abdiinis irratti dabalame. 'Godommoo' jechee iyye maraatichi.Maraatichi abbaa Abdii Jiruu ture.Hatattamaan fuudhanii gara mana wal`aansaa geessan.Torbee tokkoon booda Jiruunis fooyyofnaan Dhibbiseefi Abdiin Jiruu fudhatanii gara Bunnoo Baddallee qajeelan.Gaaf achi gahan ummatni yaa`ee basaastuu abaaraa,goota faarsaa simannaa addaan simataman.

### 4.2.1. Walitti Dhufeenya Namaafi Uumama Naannoo

Namni jiruufi jireenya isaa keessatti,hormaataaf,qonnaaf uumamni naannoo isaa bu`uura isa jalqabaati.Dhalli namaa xiyyeeffannoo kennuu dhabuun,uumama naannoo kan mancaasu yoo ta`e,qilleensi,bishaaniifi biyyoo gabbataan yoo manca`an jireenya namaafi dachee tanaallee gaaffii jala galchuu danda`a.Ikookiritizimiinis waldhaansoo dhalli namaa uumama addunyaa waliin taasisuun waliin wal qabata.

Fakkeenya.1

> *"Gamajaa`uufi tatarsa`uun sitti xinnaata;Akkuma ija boqqoolloo yoo ijji isaa tortore malee hin biqille,guddatees ija hin godhanne,ija gochachuuf foon koo waakkachuu hin qabu",jechuun barruu harka isaarratti jechuun murteen inni fudhate sirrii ta`uu isaa mirkaneesse….Miila isaa isa mirgaafi isa bitaatu walfalman arga Jiruun "Akka miilla tafkiin ergaan takkaa utaalla…Akka mukaa dhaabbannee mataa raafna"jechuun osoo wal falmanii arga Jiruun…Isa bokkaan si looxxessee,yeroo sirraa caamu,aduun si qaaqessu yaadadhu…Ana moo moo ijoolee obbo Boodanaatu dogongore?,jedhee of gaafata Jiruun…Akka jaldeessaa waan argan saamaa oolanii galgala manatti galuun jireenyaa?, Manni isaanii godoo boqqoolloo fakkaatti;Ganna dhimmuun caccabsee ijoollee isaanii akka loon moonaa dhoqqaa`ee balfuun ,bakka qooraa barbaadanii ciciisuun bakka tokkotti guuramuun abidda qarqarfachaa garaa qaaqu(Arraa Gurbaa fuula 2-3)*

Akka ragaa armaan olii irraa hubannutti,Jiruun sababa hojiin harki tatarsa`ee ture.Miidhama harka isaa uumama naannoo keessaa tortoruu ija baqqoolloon wal qabsiisee ibse.Akkasuma tokkummaa dhabuun luka isaas isa yaaddessu.Ganna roobaan,bona cabbiin tumamuun isaas ija duraa hin banne.Gidiraan qoraasuma gootati.Barnoota baratanii dhumarratti qormaata fudhatu;Garuu jireenya qoramanii boodarra irraa baratu.Akka garbaa hojjetanii akka mootii nyaachuun ulfina;kanaaf miidhama Jiruurra bu`aa walii gala isaatu caala.Ijoolleen obbo

Boodanaa faallaa kanaan hojii jaldeessaa hojjechaa oolu.Jaldeessi hattuudha;of tuultudha.Sababa dhibaa`ummaa ijoollee obboo Boodanaan maatiin isaanii alangee gadadoon reebamu.Alaa hamma arbaa ,manaa hamma garbaa kan jedhameefis kanuma waan ibsu fakkaata.

Fakkeenya.2

> *Gooroon suni samiin walitti dhiyaatee guyyaa guyyaan kan lafarratti raawwatamu, waan gabaasu fakkaata…Maatiin obbo Adiyoo akka kaniisaati; waliin gigatu; waliin hojjetu… "Warra achiitiif yandoo gamtaatu bu`ee maasii isaanii gabbise. Warra asii jalaa ammo,madda gamtaatu gu`ee maatii isaanii salphise. Inni gamas yandoo robe,yoo gamana tiife maal ta`a"? jedhanii miironni Jiruu sagalee anniisaa hin qabneen wal gaafatu…Qamadiifi ingirdaada waliin maktanii facaaftan. Ingirdaanii gaafa guddatu qamadii hudhe. Miciree isaa xuuxee daaratti hanbise.Lukkuufi allaattii walitti maktanii guddistan; allaattiin guddatanii likkuu mataa keessa rurrukutan (Arraa Gurbaa fuula 5)…Yoo bubbichi mana diigu isaanis ni diigu; Bubbeen walii galanii, citaas ta`ee qorqoorroo manarraa fuudhanii qinaaxxii qullaatti hanbisu. Yeroo tokko tokko ammoo, qinaaxxii irraa buqqisanii dagalee manaa qofa dhiisu; manas alas akka hin jenne taasisu; Innis baaltokkee ta`a."Baal tokkeen baaltokkee nama gooti jedhama. (Arraa Gurbaa fuula 6)*

Jiruun kophaa isaa hojjetee,kophaa isaa guddachuu hin barbaadu.Kanaaf tokkummaan isaafi obboleewwn isaa gidduudhaa dhabamuun hedduu isa aarsa.Ciminaafi gamtaa maatii maatii obbo Adiyoo ilaalee kan isaan madaalsisa.Harki tokko ni dhiqa malee xurii akka hin baasne bareechee beeka.Dubbiin Oromoos akka kana;Akka ciirrachaa bay`annee akka ,akka yeeyyii tokkummaa dhabnee hiree ilmaan bofaa jiraachaa jirra.Kuni immoo gabrummaaf nu saaxile.Ingirdaanni qamadii waliin margu qamadii balleessee maatii beelaaf laata;allaattiin lukkuu waliin yaafamte gaaf guddatte lukkuu fixxee latiinsa sanyii isaanii hundeetti kutti.Dhibeen saba keenyaas kanuma.Bu`uurri diigamiinsa maatii Jiruus kanuma.Haadha isaatu sanyii nyaaphaa itti dabale;santu guddatee akka raammoo foon keessaa isaan miidhaa jira.Warri maatii Oromoo akka mana bubbeen diigee taasisan jal`aa keenyaafi sanyii bofaa nu keessa makameedha.Falliifi faloon jiru,warri hiddaa warruma lafee wayya.

Fakkeenya 3.

> *Qilleensa yoo ta`e ofiifuu dhaaba dhabee mukaafi baala dhaaba dhoowwaa oola.Namoonni qilleensa faana bu`aniiqillensa ta`an sanarraa deebii akka hin eegganne isaanuu hir`uudha…maal hin jirreen?,dur bubbeen bona malee*

*ganna hin ka`u;bona awwaara hammaree ijatti nama naqa.Mukkiifi baalli awwaara siphachaa oolanii bulu;gannatu bu`ee nurraa dhiqa abdii jedhuun ciniinnatanii obsu.(Arraa Gurbaa fuula 7)…Garaan haadhaa ooyruu bulla`ee qophaa`edha;sanyii irratti faca`e hunda biqilcha;isa qoree qabus,isa ijji isaa hadhaa`us,isa mi`aawu hunda biqilcha,Kun hunduu kan adda bahu garuu,erga biqilee guddatee booda.Kan jiruutti gaaffii ta`es,sanyii harki abbaa isaa,harki obbo Akkkattuu facaase osoo hin taane,kan ooyruun haadha isaa adde Qananii biqilcheecha( Arraa Gurbaa fuula 15)*

Namni dhaabaafi dhaabbii hin qabne qilleensa;nama akkasiitu garaaf jedhee akka bofaa garaan looyaa,hiddaafi dhiiga isaa hamaaf laata.Hammam beekuyyuu ajajamuura darbee,ajajee sabaaf haqa hin laatu;warra akkasiitu bubbeedha.Sabni guddaan ba`aa gabrummaa irraafi jalaan baatee kan jiraachaa jiru,boru ni walaboomna hawwii jedhu qabaachuun bidden abdii of sooraa jiraatu.Akkasuma jireenya maatii tokkoo keessatti utubaan jaalalaa cimee hiddi sanyii isaanii kan jabaatuaa deemu waadaan jaalala isaanii yoo eegameedha;Niitiin dhirsaaf,dhirsi niitiif amanamuu qabu;ta`uu baannan waangootu gogaa hoolaa uffatee hoolota waliin guddata;gaaf guddate hoolota nyaata.Akka adde Qananii mookfamanii sanyii buqqee, ishee micireen isaa hadhaawu gadaamessatti of baachisuun ilmaan rakoofi hammachiisaa gidirsuudha.Dhaamsi waraabbii armaan oliis kanuma.

Fakkeenya 4.

*Waaqni inni gumgumsee roobsu,inni dhiisisee bariisisu,isin waliin ta`a;keelloofi tuufoo isinirratti hin dhiisu;Jiruufi Dachaasaan waanjoo baadhatanii,sangoota ooffatanii,ooyruu haadha isaanitti,bahuun camadatan. Garuu,tuufoofi keelloon danqaa waan itti ta`aniif qotuu hin dandeenye(Arraa Gurbaa fuula 17)…Osoo Jiruufi Dachaasaan qonnaa hin eegaliin,guyyaa keessaa sa`aatii 5 ta`e.Jiruun amma amma ija aduu ol ilaala;takkaa takkaa ammo dachee gadi ilaala; "maal sitti balleessine?,gariin walitti harkistee akka haphee wal qabsiiste;wal qabsiistee human horachiiste;nuun garuu walitti harkistee akka udaan mulluu faffacaaste"..Waabeefi dhidheessaa gidduu gortee gargar hirte;Waabeefi Gannaalee araddaa burqaa isaanii gogsanii araddaa ormaa akka jiisan goote;Dhidheessaa,Daabbusiisifi Mormor manaa baasuu malee manatti deebisuu toobbatte;;Hawaas ammo qofaa isaa biyya keessa naanna`ee,akka ofitti hasaasu taasiste;qofaatti argattee yeroo inni diriirfatee taa`uu barbaadu jalaan xuuxxee kottoonfachiista;yeroo tokko ammo jalaa siqxee waan bal`istuuf itti fakkeessuun kottoonffii isaa dagachiistee firummaafi ormummaa kee wallaalchista(Arraa Gurbaa fuula 19)*

Ragaan armaan olii kuni akka ibsutti,Diinni waan danda`u hundaan nama sakaala;Maatiin Jiruus kanumaan qoramaa jiru.Waaqayyo yeroo hundaa nama dhugaa qabu waliin

dhaabbata;Haata`uun diinan michoomee qonnaa haadha isaa irratti danqaa ta`aa jira. “Gadheen firaaf hin naatu ormaaf sulula labdi’’ akkuma jedhamu sana.Jiruun waan ta`aa jiru hundaaf lafaa uumaa komachaa jira.Tokkummaa namoota biro raajessiifachaa kan maatii isaa yaadatee qalbii caba.Uumama naannoo isaa keessaa laggeen Oromiyaa kaasee qunnama isaa waliin wal madaalsisa.Waabeefi Dhidheessaan osoo gargar hiramuu baatanii Abbayyaan gatii dhaba ture;osoo Waabeefi Gannaaleen amma ormaaf oolan Oromiyaaf oolanii silaa odaa bishaan qarqaraa taana turre;Akka Hawaas osoo kophaa deemuu baannee,qalbii cabnee akka maraataa kophaa gumgumaa hin deemnu turre;Caraan Hawaas muudate kuni dhukkuba Oromoo isa guddaadha.Beekaafi kichuu isaa irraafi jalaan quucarsaawallaalaafi jajjallaa isaan sisirrii isaa cabsan;cabsaan jiru.Kan boruu bortu beeka yaada jedhu hammata

Fakkeenya 5.

> *Manni isaa kan kaleessa duumessa dhimmisu,har`a yandoo qolata.Ijoolleen isaa kan kaleessa beelaan wal gaja`an,har`a cooma cuffatu.Maddiin isaanii suntuuree duffuree,ijji isaanii boolla bu`ee ture amma futuruu ta`e.Namoonni duuba Baluuxaafi Dhabsuu beekaan hin jirree akka ta`e dubbatan “ Yandoon namoota muraasaaf roobee,ummata bal`aa hongeen fixe;aduun namoota qubaan lakkaa`amaniif baatee;ummata bal`aatti dhiite” jechuun walharkaa fuudhanii haasa`an.(Araa Gurbaa fuula 24)…ofirra garagalee qe`ee isaafi ganda keessa jiraatugadi ilaale Jiruun mana namootaa laga gamaa gamanaa jiran keessa,aara samiitti ol ximbiriiru arge.Aarichi akkuma namoota sanaa waan dorgommiirra jiru fakkaata.Qoraan dukkaadhaafi qoraan gogaatu manicha keessaa wal aarsanii boba`u;boba`anii wal bobeessu(Arraa Gurbaa fuula 26)…jirmi gubatee walgubuun giimii,giimiin ammo daaraa akka ta`u hanxaaxitu taasisa.Muka jiidhaas ta`e gogaa galgalli isaanii daaraa kaan ammo biyyoodha( Arraa Gurbaa fuula 27).*

Baluuxaafi Dhabsuun kaleessa akkuma biyyi beeku isaanii gadi namni rakkoon hin turre.Har`a garuu suni seenaa ta`e;seenaa xurii qabu,kan dafqi iyyeessaa irraa gadi coccobu.Namoonni akka isaanii muraasni kanneen garaaf jecha garaadhaan akka bofaa looyan badhaadhanii biciqu.Ummanni miskiinni alangee beelan rukutamu;kuni har`a;kan boru boritu beeka.Aduun sobee isaaniif qofa har`a iftu kuni boru dukkana ishee dhugaa sana taati taa`a.Jabaan Waaqa.Jiruun gaaf bariidhaan ka`ee gara fira haadha warraa isaa Sulultaan deemu aara manneen namoota olla isaa keessaa gara samii arreedaan ilaalaa taajjabaa ture.Aara qoraanii,sanuu kan muka gogaafi jiidhaa,kan hafteen isaanii daaraafi biyyoo ta`u booda,Warra manaa wal nyaatu namni biroo alaa waan isaanii nyaata akkuma jedhamu

sana,dubbiin Oromoos sanaan wal fakkaatti.Waan mariin dhumu,wal aarsinee,wal bobeessinee dhuma keenya daaraafi biyyoo wal taasisna.Santu gabrummaa hamma gaaraa,kabaja hamma baalaa nu koobbachiise.Dhaamsiifi dhamni raga armaan oliis kanuma nuuf dhugooma

Fakkeenya 6

> *Qilleensi dukkanaa osoo hin sokoksin suuta gurratti na hasaase.Waan hedduun dhaga`a,bookisa kormaa;mar`annaa re`ee,himimsa fardaa,halaaka harree, yeroon dhaga`u waanan namatti dhiyoo jiru se`een hafuura jireenyaa baafadha.Uursa galaanaa,dunna jaldeessaa,kolfa qamalee,harqa qeerransaa, yeroon dhagahu garuu samiifi dacheetti cite waan jiru natti fakkaateen foolii du`aa uladha…osuman yaadda`uun alaalatti bakkalcha arge.Bakkalcha narraa hiixuu,garuu kan dukkana naannawa isaa mo`ee jirun arge.Bakkalchi samiirratti xiqqoo fakkaatu,lafarratti baay`ee guddaadha.Namoota shantu jala siqanii baatanii dhaabbatu.Namoonni suni dadhabne hin jedhani.Bakkalchis isinittan ulfaadhe hin jedhu.Warri walii gale dadhabbiirraa komee hin qabu.(Arraa Gurbaa fuula 39)…Waaqniifi lafti haa beeku malee bishaa dur calala fakkaatu ni boora`e.Boora`uurra taree raaree ta`ee dhuE…bishaan raaree ta`ee ujummicha keessa bu`us ,mukkeen gurguddoofi shooftoo mancaase.Warra shishifoorratti dhangala`uun awwaale.Warra gurguddoo immoo dameefi baala isaanii irraa ciree qullaatti hanbise(Araa Gurbaa fuula 40)*

Akka ragaan kuni ibsutti, wanti jireenya keenya keessatti argaafi dhagahaa jiraannu keessoo sammuu keenyaa keessatti iddoo qabatee taa`a.Waan gaaritu sammuu keenya keessatti kuufame yoo ta`e sammuu keenyaaf galaa bara baraa ta`aaf.Haa ta`u malee wanti argaafi ilaalaa oollu garuu waan hamaa yoo ta`e akka summii keessoo sammuu keenyaa dhoraa deema;santu Jiruus kophaa dudubbisa.Bakkalchi akka ilaacha Oromootti bakka guddaa qaba.Mallattoo ifaafi bariiti.Baay`inni namoota bakkalcha baatanii shani;Gadaan Oromoos shani.Oromoofi uumaan ganamaa wal safeeffatanii jiraatu.Haata`umalee sirni gabroomfataa, Oromoo kan cabsu gaafa sirni Gadaa isaa cabe akka ta`e bareechee beeka.Oromoonis waan isaa irratti lafeen cabee lafa isaa oolfata malee takkaa ‘ leelee’ jedhee diinaaf harka hin laatu. “Boora`u malee hin taliilu’’jedha;kanaaf guddaaffi xinnaan keenya akka baalaa itti harca`ee isaan nu gahani.Bishaan boora`ee mukkeen gurguddoofi xixiqqoo mancaasuun suni duubaafi dubbii Oromoo tanaan wal fakkaatti dhhamsa jedhu waraabbii kana irraa hubachuun ni dandaa`ama.

Fakkeenya 7

> *Jiruun ittuma fufuun 'Abbaan keenya Akkattuun qeerransaafi leenca fakkeenya taasifatee nu gorsa.Qeerransi ilmoolee isaa duchiisa;akka isaan bineensota kaanin moo`aman hin barbaadu.Gidduu bineensotaatti gadi dhiisee ,dhokatee ilaala.Gidduu bineensotaatti gadhiisee dhokatee ilaala.Yoo ilmooleen isaa olii gadi bajabbajan ni gammada.Yeroo bineensonni itti cimanii nyaachuuf ka`an ammo dafee bira ga`uun nyaatamuurraa oolcha.Yoo ilmooleen isaa baqachuuf karaa ilaallatan ni aara.Aaree hadhooftuu diddiga.Ilmoolee isaa sanas gudeeda isaanii keessa qeensaan maccoora….Akkanaan ilmooleen isaa goota ta`an.(Arraa Gurbaa fuula 44)…Yaa ilma koo akka deeroofi hurbaa ta`uu ayyaanni abbaakoo siyaa oolchu.Qilleensi qa`aa tokkoon seentee akkuma mana diigu kan isin diigus alaa hin dhufu (Arraa Gurbaa fuula 45)…Harreenis akkasuma.Hanga ishiin humna qabdutti,dugda ishiirraa nyaachuuf itti ejjetanii fe`u.F`anii uleedhan bira bu`u…Booddeen harrees kan waraabessaati… Hardiidoon dhiibbaa namaa didee,lagatti galuu isaatu maqaa 'hardiidoo' jedhu akka isaaf baasan taasise.Leencaafi qeerransaan qoramaa jiraata…osoo akka eelanii nyaachutii kan dura nyaatu harree ture.(Araa Gurbaa fuula 53).*

Qeerransi ilmoolee isaa kan akkas leenjisuuf,hirkattummaa jalaa bahanii,bilisummaa isaanii labsachuun borii isaanii sodaatamanii,kabajamanii akka jiraataniif.Laafoo akka mujjaa yoo ta`an,bosona iddoo dawoo abaabileefi akaakilee isaanii waraabessaaf gadi dhiisanii baqatu.Gaaf sana aradda baddee ta`u.Obbo Akkattuun xiiqeffataa akka qeerranssaati.Ilmaan isaa samuun qaree,qaamaan ijaaree qe`ee isaa dhaalchisuu fedha.Ijoollee rakkoofi yeroof harka hin laann;ijoollee bu`aa xinnoof sabaaf lafa sabaa hin gurgurre;ijoollee lafti abbaa isaanii lafee taatee itti muul`atu,ijoollee taasisee guddisuuf qeerraanssaan akeeke.Muka sirrii hedduu keessaa dabaan tokko hin dhabamu;gadhee deeroo santu saba maqaa yakkee,diina mana nu se`achiisa.Alagaa keessaafi keessoo keenya hin beeku;gadhee akka deeroo;abbaa garaa akka booyyee nu keessatti biqilan fayyadamanii ni diigu.Kanaaf dabaa akka muka qottoo sana of keessaa buqqisnee yoo balleessine alagaan akka laayyootti nun cabsu yaada jedhu hammata.

Akkasuma warri ijji isaanii har`a malee kan boruu hin tilmaamne alagaaf akka harree baachaa,saba ofiitti immoo ba`aa harreen baachuu hin dandeenye itti ta`u.Akka harree diidoo jaagnoomanii qeerranssaafi leencaan wal falmaa jiraatanii gaaf du`an lafaafi lamiittu namaaf booya.Maqaanis gaaf sana boolaa oli.Akka harree gabrummaa bataanii jaarraa tokko jiraachuu irra,akka harree diidoo bilisummaa labsatanii gaaf tokko jiraachuun kabajadha.

Fakkeenya 8

Fulbaanni dhufee mukkiifi baalli booqaa birraa simachuuf arreedu.Dabaree isaa hoo`i dilallaa,aduun immoo rooba dhidhima buusanii injifannoon dhiichisuu jalqabanii jiru.Warri lolaan jirma irraa gangalcheefi tinfaa irraa tuules bakkuma jiranii mataa ol qabatan.Warri lolaan mana itti cabses gefenxoo mana isaanii isa kottaa`es diriirfachuu eegalan.(Arraa Gurbaa fuula 94)…mee namoota lafa deeman kana ilaali;miilla qullaa yaa`u.Ciirrachi miilla isaanii saakacheesse.Rakkoo isaanii kana biratti,warrumti dafqa isaanin coomanii bonaafi ganna hin beekne awwaara mataafi miillatti naqanii bira taru.Karaa isaan dura irra yaa`an kan miilla isaanii hin quuqne ,soqanii fixuun cirracha akka haaduu nama muru irra hafan(Arraa Guirbaa fuula 109)

Ganni roobee biqilcha;yandoo buuses balleessa.Kanaaf Oromoon "rooba sa`aa namaa tolu nuuf roobi"jedha.Ganna culullееfi bofti iyyuu waliin holqa tokko keessa bahu;kunis dubbii Oromooti.Kana jechuun hiika lama qaba.Tokko waytii gannaa culullееfi bofa ijji isaanii ni baddi;lama yeroo rakkinaa wal hin xuqani,wal dandaa`anii dabarsu akka waan jechuuti.Gama hawaasummaatiin yoo ilaalle gidiraan biyya keessatti yoo baay`ate taa`iifi ka`ii nama wallaalchisa ta`a.Kuun itti ajjeeffamee,kuun itti hidhamee,gariin ammo qaamaa itti hir`ate jiraachuu malu ta`a.Garuu gaaf qabsoon jabaattee,sirnicha hundeetti buqqisaan hunduu bakka jiruu mataa ol qabata.Ifni namoonni muraasni itti dhiiganii qabsiisan addunyaa maraaf ifa.Kanaaf hamma fedhellee dukkanaa`u bari`uun isaa waan oolu miti.

Ummata harkaa barmeelaan fudhachaa,isaanitti immoo fal`aanaan laachuun,warra garaaf gaarii ta`ee itti muul`achuu mala ta`a.Qaamaa hir`achuun,beela`uun,dheebochuun,samuudhaa miidhamuun kaayyoo namaa duubatti hin deebisu.Gabaasni sobaa lamii daabboo barbaaduuf furmaata miti.Mdaan luka ummataa ni fayya;garuu madaan seenaa hin fayyu ergaa jedhu waraabbii armaan olii irraa hubachuun ni dandaa`ama.

Fakkeenya 9

*Abdiifi hiriyoonni isaa daawwannaa taasisaniin magaalaa Finfinnee madooftee,karri ishii shananis diigamee,ulaan galmaafi ba`aa walii wallaalamee,argan.Magaalattiin galaana taate.Galaana gaariifi yaraan keessatti wal horan.Gosni lo`aa,jawween,mar`ataan,buutiin…bineensi summii qabaniifi summii hin qabne galaanicha keessatti wal horani.(Arraa Gurbaa fuuala 128)…guyyaa tokko garuu ,waan hin eegamnetu ta`e.Bineensonni summii hin qabne,ni dhaamotan….battaluma isaan socho`uu lafti bari`uu ta`e(Arraa Gurbaa fuula 129*

Oromoon kan cabe gaaf sirni Gadaa isaa cabu.Dhugaadha karri Finfinnee shanan dur loowwan Oromootu kallattii shaniin itti yaa`ee hora Finfinnee dhugaa ture.Horiin hora dhuge ni hora;har`a Finfinneen sanyii bofaan guutamtee jirti;bofa akka namaa dubbatu,bofa akka namaa nyaatu,garuu bofa akka namaa hin yaadnetu itti guute.Oromoota Gullallee miskiinota akka weennii santu summii nafxanyaan dhume.Gaafa Oromoon shawaa madaa`u,kutaaleen Oromoo hunduu dhiiguu eegalan;dhiiga santu hanga magaalaa Finfinnee lola`ee sanyii bofaa galaana ta`ee fuudhee deemuu eegale.Sanaanis ifa xinnoontu argamee ture;ifni suni barii lafaa nuttI akeekee ture dhaamsa jedhu qaba.Qoratichi garuu gabrummaa duraa caalaa kan amma nurra jiru kanatu caala jedha!

Fakkeenya 10

*Bakki qonnaa isaa qe`eerraa fagoo miti.Gama mirgaatin bosonatu jira.Bosonicha xiqquma achi qaxxaamurraan hallayyaa qileetu muul`ata.Hallayyaa sana namni hin tolchine.Achi dhaqanii deebi`anii galuun hin dandaa`amu…Gordommoon Jiruu ni gubate.Gubatee daaraa hin buune.Qilleensa ta`eetu hafe.Qilleensichi akka kannisni gara dabootti arreedan onnachiise…sangoonni ilkee kanniisaatin waxalamnaan ammo daboo jeeqan.(Arraa Gurbaa fuula 145)…Dhibbiseen osoo sangoota baqattuu boolla awwaldiigessaa keessa buutee cabde…ameeyyiin eessa akka isaan bulan wallaltuyyuu mana naanna`anii mar`achuu isaanitu lafti bari`uu labse.Waatiin ammo goleedhaa wawwaatti. "Sangoota dhumaniif irmii baafadhaa"waan jedhaman fakkaatu(146)*

Lafti Oromoo haala teessuma adda addaa qabdi;gariin gaara,hallayyaa,sululafi kanneen kana fakkaatani.Oromoon akkuma akka isaatti lafa isaa malaan qabee misoomfata.Garuu gaafa xiiqii,gaafa roorroon hammaatte,akka gaachanaatti itti fayyadamaa keessa ciisee ,diina keessa ciccibsa;Garuu Jiruun fa`I waan durfaman fakkaatu.Gardomoon fi kanniisni qabeenya Oromtichaati.Keenyumaan keenya cabsa diinni.Gaafa dubbiiin hammaatte nama

mittii,beeyladni manaallee cabsee caba.Walumaa gala boolla awwaaldiigessaa duuchinee irraa sanyii qotachuu,hallayyaa diinni keessa ciisee nu adamsuu duuchinee bosona dhaabuu yookiin akka Marroofi Goollicha Dheengee dawoo taasifachuutu mala;dhaamsa qoratichaati.

Fakkeenya 11

> *Namoonni ooyiruu keenya baqaasatanii qotachuuf beellama qabatan sun du`uu abbootii seeraa sana erga dhagahanii booda harka dachaafatan.Gara ooyiruu keenyatti gara galanii fincaa`uu illee ni sodaatan….mana hidhaatii baanee gara qe`ee keenyatti yoo galllu,bakka mana keenyaa wallaalle.Naannawaa keenyaa suni misoomee agarre.Namoonni waliin olla turres qAbidde`ee isaanirraa buqqisamanii qarqara lagaatti gadi ari`amanii agarre( Arraa Gurbaa fuula 153)*

Ragaa armaan olii irraa hubachuun akka dandaa`amutti,yoo laafan diinni lafee namaa cabsa;yoo jabaatanii hidhatan nama kabaja;nama sodaata.Oromoon lafa isaatiif lafeedhaa cabe.Buqqaatiin isaa aadaafi duudhaa isaa akka wallaaluuf,tokkummaa isaa laaffisuuf ture.Kanaaf immoo ummanni naannawa Finfinnee raga dhugaati.Dhaamsi cimaan ragaa armaan oliis,Oromoon akka abbaa Lalisee yoo hidhate akka of kabachiisu;akkasuma gidiraa Oromoo irraatti kallattii hundaan ta`aa jiru kan nuuf akeekudha.

Fakkeenya 12

> *Abidda ofirraas ta`ee namarraa dhaamsuun rakkisaa ta`e.Gariin abidda keessoo isaanitti qabate obsanii abidda lammiitti qabate dhaamsuuf birmatan…kanneen warra gubachaa jirurraa abidda dhamsuuf bahanii daaraa ta`anis hedduudha.Namoonni kaan ammo cidii baatanii abidda dhaamsuuf birmatan.Osoo bira hin ga`in arrabni ibiddaa alaalatti isaan qolate.Warri cidii baatanii itti deeman kun caalatti boba`uu abiddaatiif haala mijeessan.Ofii isaanitiifis gubatanii cinca`an…gariin namootaa ammo bishaan waraabbatanii,baala cabsatanii akkasumas biyyoo hammaaratanii qalbii namootatti qabate dhaamsuuf itti arreedan…bishaan itti biifnan abiddi caalatti boluule (Arraa Gurbaa fuula 218)*

Oromoon guddaafi xiqqaa,jaarsaafi jaartii,beekaafi ogeessa isaa itti wareegaa kan as gaheef dhimma dhuunfaaf isaaf miti; dhimmi waloof Oromummaatif.Barataan Oromoo gaafa harka duwwaa falmatu,deebiin isaaf deebi`e rasaasa ture.Ummanni gaaf ilmaan isaa dhuman callisee hin ilaalle;birmaatiifee kufee kuffisaa ture.Gariin waliin hin bannu jechaa qabbaneessuuf araar araar jechaa itti hirmaate;deebiin isaanii rasaasuma.Warri nagaa

Oromoo hin jaalanne abidda Oromoo irratti boba`aa jirurratti cidiifii beenzila dabalan.Isaanis walumaan gubachaa turani.Walumaa gala Oromoofi Oromummaan akka warqii ibiddaan qoramaa as geese;borus qoramaa jiraatti ta`a.Falaafi faloon jiru tokoo ta`anii waanjoo gabrummaa of irraa cabsuu qofa.

Fakkeenya 13

> *Bineensa daggalaa kanneen akka yeeyyirraa tokkummaan furmaata rakkoo keenyaa akka ta`e barachuu dandeenya.Yeeyyiin gamtaan sochooti… abshaalummaas qabu… kootama of keessaa filatu.yoo fiige ni fiigu,yoo inni suuta deeme suuta deemu(Arraa Gurbaa fuula 231)…Haala kanaan warra miidhamaniif ekeraan isaaniifi waaqni isaan uume dhugaa ba`uuf…Dhabsuun sodaa kaleessaafi boruuf taa`aa buluu eegale.Inniifi gartuun isaa yaadda`anii boola sagal lixu;boolii hunduu isaan dhoksuu dadhabe.Lafarraa bu`uunillee osoo dandaa`amee ,hawwii hawwii isanii fakkaata.(Arraa Gurbaa fuula 235)*

Yeeyyii caalaa bu`aa tokkummaan qabu bareechee kan beeku waan jiru hin fakkaatu.Dhalli namaa bu`aa tokuumman qabu saayinsiidhaan beekanillee akka yeeyyii hojiirra oolchuu keessatti rakkoo hedduutu isaan mudaata.Keessumaa Oromoo saba guddaafi bal`aa kana cabsee kan lafa kaaye tokkummaa dhabuu isaati;akka yeeyyiin kootama ishee dhageessu sana hayyuu keenya dhagahuu dhabuutu nu cabse.Warri bu`aa yerootiif jecha ummata dararaa jiraatan gaafa guyyaa dabartu bakka seenan hin qaban;bakki isaani bahanis,bakki isaan keessa jiraatanis ummatuma keessa.Jiraafi du`aan isaanillee ummatuma keesa jiraata.Gaaf dhugaan abbaa dhugaaf galtu,namoonni akka Dhabsuu ummata dararaa turan waan gatii isaanii argatu.HUndumtuu yaa turu malee waan gatii isaa akka argatu ragaa kana irraa baruun ni dandaa`ama.walumaa gala akka yeeyyii tokkummaan yoo jiraate,bilisummaan fagoo miti.

### 4.2.2. Hariiroo Uumamni Naannoo Duudhaa Hawaasaa Waliin Qaban

Ikookiritizimii keessatti wayitii hariiroo namaafi uumama naannoo ibsu karaalee add addaa ta`uu danda`a.Isaan keessaa holooloofi walaloon ta`uu mala.Hawaasni tokko Afwalaloo isaa keesatti,aadaa,saanaa,duudhaa,amantaafi falaasama isaa ,akkasuma dacheefi gootota isaa ni faarfata.

Ikoopo`itiksiin oguma hawaasaafi uumama naannoo wal qabsiisuun,akkasuma hariiroo namaafi lubbu maleeyyii biroo wal qabsiisuun kan qalaqamuudha.Isaanis karaa kadhannaa

Waaqaa,sirbaan,seenaa himuun,maqaa moggaasuun,akkasuma aadaafi duudhaa hawaasichi uumaa isaa ittiin galateeffatu,uumama naannoo isaa jiru bu`uura taasifachuun yaada jedhu hammata.

Fakkeenya 1

> *…Muka hoodaa isa karaa qarqaraa taa`a.Olka`ee taa`uuf yaala.Bakkichi garuu akka waan ibiddarraa taa`uuf dirqisiifamee isa sodaachisa(Arraa Gurbaa fuula 2)…gariin keessan sanyii nyaattan;sanyiin nyaatamnaan maaltu faca`ee biqiluun,biqilee ija godhachuun qaccee dheeressaree?.Kan sanyii nyaatu hin fayyu.Mee Waamal ilaalaa!.Bineensi addunyaa kanarraa hamma isaa guddatu hin turre.Garuu waan wal nyaatuuf Waaqayyoon lafa irraa balleesse.Isinis yoo sanyii keessan nyaachurraa deebitan malee baduun keessan hin oolu(Arraa Gurbaa fuula 5)*

Oromoon namaaf mitii bineensaafi mukkeen bosonaafillee seeraafi hooda tumeefi waliin jiraata.Muka keessaa mukti muka caalu muka Odaati;Odaan mallattoo Oromootisi.Akka Oromom duriitti yeroo ofitti qaluufi qaalluun jiru laftiifi mukni oodaas jira.Itti dhibaafatama;yaa waaq muka muka jiidhaa kan uumte jedhee kadhta;kadhatee Waaqa roobsa,maseenatu daha;amajaajitu bada.Ijoolleen obbo Adiyoo duudhaan duriin bulaa jiru.Warreen duudhaa ganamaa gatan ni gatamani.Facaafatanii hin sooratan;dhalchanii hin ergatan yookiin hin dhungatan;gidduu isanitti nageenyi hin jiru.Sabni nageenya hin qabne dhumni isaa akka bineensa Waamal dachee kanarraa dhabamu.Kanaaf duudhaa ganamaa gannee ulfoo keenyatti awwaara haruun waan hamaaf nu saaxila,yaada jedhu dabarsa.

Fakkeenya 2.

> *Jiruun sooressa xiixadha.Gombisaan midhaanii balbala isaa dura tarraa`ee jira.Kaa qamadii,kaan xaafii,kaan ammo garbuu,guutee jira.Moonan loon isaa farda gulufsiisa.Ganna ganna baay`ina loonirraan kan ka`e,dafee waan dhoqqaa`uf guyyaa lama lammaan jijjiira.Jiruu qofaa osoo hin taane sanyiin isaayyuu ameessa dhaltii dhabanii baaduufi areera kajeelanii hin beekan.Inuma elmat;Qotiyyoo dhabanii araddaan isaanii agabuu hin oolle.inuma camadatu;(Arraa Gurbaa fuula 9)…Ameeyyiin akkuma karri duraa fuudhameen gadooddaan waatii obsa dhoowwee dhoqqeen jilbaan dhahaa gara manaa fiigu(Arraa Gurbaa fuula9)*

Bara durii irraa irraa kaasee Oromoon loon horsiifachaa jiraachaa ture.Loon isaaf eenyuun olitti kabajaafi jaalala addaa qabaafi.Sooressi Oromoo baay`ina karra horii inni qabuun

safarama.Sanaan booda garaacha loonii uffata;kuni mallattoo qabeenya looniti.Sooressa xiixaa akka Jiruu kanatu maqaa Oromoo har`aa akka akka Orom durii sanatti ol qabachiisa.Aaduma isaa ta`ee Oromoofi loon addaan bahanii hin beekani.Loon akka horaniif sirni isaanif taasifamutu jira.Ayyaana loonii jedhamee kabajamaaf;Amajaajiin loonii baddee,saayyi akka hortuuf jedhameetu.Dureessa bullukkoo coonii,nyaachise muraa foonii kan jedhameefis kanumaaf fakkaata.Walumaa gala Oromoon saba biraa gargaara malee kadhaafi hiyyummaan isaaf hooda akk ta`e Jiruu irraa barachuun ni dandaa`ama.

Fakkeenya 3

*Akka bareefi akka barsiifate dhiisee akka baraatti buluun waraansa caalaa Jiruu dhiigsa.Ofii muratee nyaachuu osoo danda`uu kan ormi isaaf muru,nyaachurra beelaan du`uu filata.Safuufi duudhaa abaabilee isaarraa maqnaan akka waan du`ee awwaala dhabeetti lakkaa`a.Akka faaluu akka ta`etti fudhata.(Arraa Gurbaa fuula 11)…Bara namoonni qabata amantiin ayyaana loonii kabajuu dhiisanillee Jiruun moorsaa ni baasa.Moorsaan ayyaana looniti.Ayyaanni kuni kommee bara haaraafi obbee bara moofaa agarsiisuf ji`a muddee keessa kabajama…yaa Waaq yaa Waaq yaa Waaq doodessaafi joonjessaa,kan qilleessaan gulufuufi kan qilee keessa lufu,kan ganna hongeessu,kan bona dhoqqeessu,kan fira wal nyaachisu,kan jiruu wallaalchisu,nurraa fageessi.…ija abbaa warraa ishii keessa ilaaltee Re`ees qopheessee jira jetteen.Ofiin beektuu ayyaanni abbaa koo naaf kenne jedhee ofitti qabee adda ishioi keessa xumbus godhe(Arraa Gurbaa fuula 12)*

Oromoon warri kaleessaa suni,warri kuma yaasanii tikfatan suni hammeenya hin beekani;Bineensaa,nama,mukaa, lubbu qabeeyyiifi lubbu dhabeeyyii hundaaf seera tumee qaba.Kan ofii dagaagfachuuf kan ormaa balleessee hin beeku.Dubartoonni sirna ateeteen Waaqa kadhattee,nama Waaqaafi dacheen walitti araarsit.Bara sana qabeenyi kan abbaa horeeti;ilmoon kan abbaa dhalcheeti;beelli hin jiru.Hunduu seera uumaafi uumamaa eegee jiraata.Waaqnillee isaanitti dhiyoo waan jiru fakkaata.Jiruun daandii kaleessaa sanarraa maqee hin beeku;kanaaf alaa manni isaa guutuu ta`e.Waan baraan qabatanii waan waan baran dhiisuun fafa;fafa keessayyuu haraamummaadha.Qaalluu ofii salphisanii tolchituu(toshituu) ormaa fiiguun salphina.Kanaaf egaa Oromoon amajaajiifi toshituu loonii balleessuuf Ayyaana loonii kabaja.Duudhaa bareedaan akkasii kan itti fufu,abbaan manaafi haati manaa warraa yoo duudhaa isaanii hin daganne qofa.Jiruufi Dhibbisee Waaqa Oromootu walitti jaalate fakkaata.Dhirsaafi niitii laga tokkoo waraaban kan jedhameefis kanumaaf fakkaata

Fakkeenya 4

> *Marqaan buna qalaafi dhibaayyuu hunduu qophaa`anii jiru.Ayyaanni loonis dhiiga dhuguuf ariifatee jira.Jiruun re`ee gorra`e.Ija namaatu hin argin malee ,warri dhiiga dhugan kumaafi kitila ta`anii irratti wal ga`an.Jiruunis jara saamee ,dhiiga re`ee sanaa marga cuuphee loonitti facaase…Jiruun hanga kana yoo haasa`u gara Dachaasaa hin ilaalu ture.Dacheefi samiin akka dhaga`an,dhaga`anii ammo akka murteessan waan iyyachaa jiru fakkaata.Harki isaa waan inni haasa`u tumsa.Dhimmoota dachee ilaallatuufi harka isaa lamaan dacheerra kaa`a.Kn Waaq ailaallataniif ammo harka isaa lamaan gara Waaqatti bal`isa.Kan dacheefi kan Waaqaa irraa kan hafe immoo namootatti quba tokko,ofitti ammo quba sadi qaba(Arraa Gurbaa fuula 32).*

Orommon ofii nyaatee dhuguun dura ni dhibaafata.Dhibaafannaa jechuun,waan nyaatamuufi dhugamurraa dursa ayyaanaaf laachuu akka waan jechuuti.Isa qotee galfatee irraa dhangalaasii jedhee qaalluu gosaaf geessa;isa horsiisee qaburraa galchaa jedhee qaalluu gosaaf geessa.Kana jechuun waan hore kopha itti hin carraaqne;Waaqnis harka guddaa keessaa qaba akka waan jechuuti.Kanumaaf jecha Jiruunre`ee qalee dhiiga ishee kan ayyaanota manaa saamee qoceef;dhiiga san qe`ee keessa facaasa;suni amajaajiif qoricha jedhama.Warri har`a xabala jedhanii bishaanuma keenya nutty facaasan Oromoorraa baran moo Oromootu isaan irra bare laata?.Lakki Oromoon waan ormaa namarraa koppii hin godhu.

Jiruun kophaa isaa nyaatee,kophaa isaa guddachuu hin barbaadu.Akka yeeyyii sana tokkummaan jiraatee,akka ruumichaa sana waliin nyaachuu fedha.Sanyii isaanii keessa ingirdaanni akka Haata`uu galuun isaa immoo halkanii guyyaa isa aarsa.Waan godhu dhabee uumaafi uumama naannoo isaa waliin wal falmuu jalqabe;falmee uumaafi uumaa moo`uuf osoo hin taane,dhalootni ammaa,isaan dabalatee dogongora akkasii keessa seenuun seenaa xureessudha;sanyii balleessudha dhaamsa jedhu dabarsuufi

Fakkeenya 5

> *…Marcuma gooftaa kootii ,marcuma kabajaa ,isa gooftaan koo qofaa baatu,akkamitti adurree?,akkamitti adurreen gurraachu irra taa`a?.Nan badekaa!.Nan salphadhekaa!,adurreefi marcuma kabajaa yaabe;bineensatu barcumaa ulfinaa koo kore.(Arraa Gurbaa fuula 35)…Obbo Bulaan, "mee Rabbi mana kee bira siif haa dhaabbatu;qubni madaa`ellee ni fayya.Garuu adureefi sareen mortuudha.Hundaafuu Waaqni gara keessanitti haa" garu jedheen (Arraa Gurbaa fuula 38)*

Bara durii sana ,bara uumaafi uumamaan bulan sana har`a wal fuudhanii boru wal hin hiikani.Jaalala sobaa isa imimmaamn waliif cobsan osoo hin taane,jaalala dhugaa isa dhiiga waliif cobsantu jira. "Abbaan manaa utubaa manaati",mamaaksi jedhu kanuma ibsa fakkaata.Asoosama kana irraa kan hubannu haadholeen dhiha Oromiyaa abbaa manaa isaanf Waaqan gaditti,dacheen oilitti kabajaafi jaalala addaa akka qabaniif irraa hubanna.Warra akka haphee walitti maxxanu,warra akka kanniisaa waliin carraaqqatu,warra akka Onisimoos Nasiib saba isaa jaalatu kanneen addaan baasuuf diinnni rafee hin bulu;adurreenis ergama diidnat jedhanii fudhatan;kana obbo Bulaatu dubbate.Oromoon safeeffataadha.Akka waraabbii kana irraa hubachuun dandaa`amutti, "adurreefi sareen mortuudha" amantaa jedhu qabu;garuu mortuudha jedhee ofirraa hin ariine;Akkuma akka isaatti wal danda`anii waliin jiraatu.Oromoon gara laafessa akka ta`e waraabbii kana irraa baruun ni dandaa`ama.

Fakkeenya 6

> *Haadha keenyaas garaa ilmootu raafame.Bakki dhukkuba ishii of buusnee of ilaaluu qabna.Kanarratti yoo callisne,Waaqifi lafti nu hin dhiisan.Walii galanii tarkaanffii nurratti fudhatan.Tarkaanffii Waaqaafi lafaa dura ammo tarkaanffii tokko deemuun hin dandaa`amu.Waaqni "Ija koo duraa badaa',yoo nuu njedhe eessa lixna?...Lafti narraa bu`aa;isin yakkamtoota akkasii hin baadhu;yoon nuun jette bakka seennu hin qabnu.(Arraa Gurbaa fuula 84)…Abbaan keessaan garuu, "Waaqni abbaa koo dhaala abbaa kootii gurguruu na haa oolchu.Isaan loon itti yaafachuufi farda irra gulufsiisuuf barbaadan.Ani garuu irraa qoteen nyaadha ,irratti boceen maatii koo nyaachisa… "maqaa gurguri jedhu natti hin kaasin" jechuun of irraa ari`e(Arraa Gurbaa fuula 87)*

Maatii obbo Akkattuu keessaa Haata`uun ilma isaatii miti;Obbo Boodanaatu gaaf obbo Akkattuun hidhamu sana waan xinnoon adde Qananii goyyoomsee sanyii bofaa gadaamessa ishee keessatti faacaasnan dhalate. "Akkan hin arraabne qoree,akkan hin dhiisneef immoo

nan dhale"jette xaddeen akka jedhan san;kan aade Qananiin taates kanuma.Jiruun fa`i garuu bofa isaanitti makamee guddate kanaaf ilaalcha badaa hin qabaaneef;yoo xinnaate haadha isaaniif ilmoo ta`uu huatan.Yoo san bira darbanii hacuucan Waaqni akka isaan hin dhiisne hubatan.Kan irraa wanti barru,Oromoon ilmoo isaa miti,diinayyuu gaaf booji`ee qabe barsiisee akka ilmoo isaatti moggaafata kan jedhan suni sirrii ta`uu isaati.

Haata`umalee Oromoon akka aadaa isaatti waan tokkoof dhiifama namaaf hin taasisu.Innis isa bara duriitii kaasee Orommon ilmaan isaa qaqqaalii itti gabbaraa jiru,lafa isaat.Obbo Akkattuunis kanuma Jiruuf dhaaman.Lafa keenya gaaf jirru irraa qotannee yaanna;irratti horsiisnee yaasna;gaaf duune immoo itti awwaalamnee biyyaafi biyyoo Oromiyaa taana.Lafa namaaf kennuun,jiraa keenya balleessinee,du`aa keenyallee alagaaf dabarsuu akka ta`e raga armaan olii irraa ni hubanna

Fakkeenya 7

> *Sirii isa ganamaa iddoo teessoo jaarsaa ,Mukti faacha baatee seenaa gootaa..hagaagsaa jabanaa du`aatu du`aa baatee waan jiru fakkaata,waa gamaa gamanaa dafqa xuruuftatee dhagaan dhagaa baata(Arraa Gurbaa fuula127)…faachichas biqilaa dhaabanii irra kaa`u.Biqilaan suni faacha sana baatee guddata.(Arraa Gurbaa fuuala 128)*

Faachi mallaattoo ajjeesati;Inni leenca,gafarsa,arbaa,qeerransaa ajjeeseefi seenaa jajjabduu hojjete,faachatu dhaabamaaf.Karaa guddaa cinaatti mukti faachaa maqaa isaan dhaabamaaf.Yoo dhugumaan seenaan suni seenaa dhugaa isaa ta`e mukichaa faacha baatee marga;yoo seenichi seenaa sobaa ta`e mukichi hin margu;ni bada.Inni yeroo ammaa amaajaajiifi mortuun gaaf du`u qixxuma waara gootaafi arjaa faan maqaan isaanii kaafama.Seenaa isaa gaaf dubbisan ,ebelu nama gaarii,nama namaaf nahufi kan kana fakkaatu itti koobanii boohanii wal boochisu;seenaa sobaaf booyicha dhugaa booyu.Faacha dhiisanii du`aa jirurra dhagaa tuulu;siidaa ta`uu isaati.Akka aadaafi Orom duriitti faachatu seenaa gootaa hima.

Fakkeenya 8

> *Wanti sangaa muudatu kormaafis hin hafu.Kuni cookkos miti.Cagginoon garuu cookkiffa haasa`uu fi cookkiffa raata`uu lallaba.Mukni tokko tokko cagginoo keessa yoo murame qinqaanitu nyaata.Mukni akkasii ammo abidda jala dhaabbachuu dadhaba.Anniisaan muka akkasii guyyaa abiddi bu`e barama(Arraa Gurbaa fuula 200)*

Oromoon safuufi safeeffaan bula.Guyyoota torbanii hundaaf maqaa laatee hin dhiisne;guyyaa kamtu akka maal hojjetamuufi guyyaa kamtu akka waa hin hojjetamne dura lafa kaaye.Ji`oota keessaa guuyyaa soddoma hin hojjitinaa hin jenne.Garuu torbanoota hundaaf ayyaana mataa isaanii late.Goonni lammii keessaa kan beekamu gaaf gammaachuu miti;gaaf rakkinaati beekamu.Akka waraabeessaa torba yuusanii saddeettaffaa gubbaatti dheessuu osoo hin taane aak qeerranssaafi leencaa takka aadanii diina dhabamsiisutu ulfina.Doktor Dabalaanis kanuma mirkaneessan.Mukti gaaf cagginoo murame sunis adda ba`e.Walumaa gala beekumsi lammii ofiif hin taane kisaaradha;Akka doctor Dabalaa beekumsi gochaan yoo hin agarsiifamne buuphaa shamteen garragarummaa akka hin qabnr ragaan armaan olii kuni nuuf mirkaneessa

Fakkeenya 9

> *Garuu dhiigni harka isaanirra waan jiruuf warra jirusif, ta`ee ekeraa warra ajjeesanii sodaachuu eegalan.Miciree biqiltuufi jiisaan lubbuu godhachuuf jiranis isaan yaaddessu(Arraa Gurbaa fuula 234)…Isaanis dhukkubni inni cimaan waanuma dhalatee guddatu.Kanaaf yeroo hunda xiyyeeffannoon isaanii sa`a rimaatti gatachiisuu,dubartii ulfaa irraa baasuu, bishingaa hudhaatti,xaafii daraaratti, boqqoolloo xobbeetti hanbisu (Arraa Gurbaa fuula 235)…Dargaggeeyyiin sirbaan buufata konkolaataa sana macheessan. Jaarsiifi jaartiin marga qabatanii guyyaa Irreechaa fakkeessan…sirbi, geerarsi, samiifi dachee uwwisanii nama mitii ergamtoota waaqayyoo waamanii kakachiisan "dhugaaraa hin maqinaa" waan jedhaniin fakkkaatu (Arraa Gurbaa fuula 265)*

Aaduma isaa ta`eetu Oromoo nama mitii bofayyuu gaaf ajjeese,ciirracha lakkaa`ee gumaa baasafi.Sana yoo hin taane,yeroo biraa bofaan akka adamfamutti fudhata.Yoo humna isaatii ol ta`e malee lubbuu namaa baasuun Orommoo biratti hoodadha.Ajjeesellee yoo dhokse abaarsi abbaadhaa gara ilmootti darbuun sanyii isaa balleessutti fudhata.Kanaaf egaa caaccuufi kallacha,farda luugamaan,qabeefi durba duudaa baasee gumaa baasa.Garuu waara akka aramaa midhaan keessaa guddaafi xiqqaa Oromoo ajjeesaa olaniifillee waan hafu

miti;kan jirullee yoo dhiise ekeraan warra du`ee boollaa ba`ee gumaa isaa ni baafata.Hirriiba dhoowwee abjuun dararaa bulcha.Jiruu ajjeesanii gumaa dhoowwuf ture;akka isaan jedhan osoo hin taane akka Rabbi jedhe ta`eetu Jiruun argame.Waaqni takkaa lamaan galmeessee,warra harka dhiigaa sanaaf akka kanfalu waraabbii armaan oliii irraa ni hubanna.

### 4.2.3. Fayyadama Afaanii Uumama Naannoo Waliin Hariiroo Qaban Kanneen Ibsan

Asoosamni tokko dhugaa dachee kanaa karaa qooddattootaan ifa baasee sirritti akka muul`isuuf yookiin ergaan barreessaan dabarfachuu barbaade bareechee dabarsuuf murteessaan fayyadama Afaanii barreessichi dhimma itti bahuudha.Kannneen keessaa jechamoota,mammaaksa,malleen dubbii keessaa,akkasaa,bakkasaa,nameessuufi arbeessuu irratti xiyyeeffatame.

#### 4.2.3.1. Mammaaksa

Mammaaksi gosoota Afoolaa keessaa tokko ta`ee ,haala salphaan akka qabatamuuf wantoota naannoo keenya jiran waliin wal qabsiisuun ,dhimmoota hawaasa keessatti argamu kan of keessatti hammatuudhaMammaaksi jechoota humna qabeeyyiifi gaggabaaboo hubannoof salphaa ta`aniin yaada bal`aa dabarsa.Mammaaksi dubbii fida yookiin dubbii fixa jedhu .Akkasuama hawaasni tokko uumama naannoo isaa jiru,mammaaksaan wal qabsiisee ,garii ittiin gorsaa ,garii immoo ittiin qeeqa.

| Lakkoofasa | fuula |
|---|---|
| 1. Sa`a abbaan gaafa cabse ormi ija jaamsa | 53 |
| 2. Jiruudhaaf hin galle malee “Gowwaa si duubaann bowwaa sagalee” Jedhus dhageessisa | 68 |
| 3. “Ol dhufaaf sareen dutti”,waan ta`eef,waanjoon har`a sangoonni Baatan boru akka isaanii hin hafnes addaan baafachuu hin oolle. | 72 |
| 4. Hidhaan ijoollee abbaa tokkoo warra gargar ba`an tokko taasise. | |
| . “Qamalee darbannaan,tuullaa boqqoollorra buute”jedhamee | |

Mammaakame ta`e. 110

5. “Tortoraan bokkaa hin sodaatu akkuma jedhamu,namoonni sun soda malee waan garaa isaanii haasa`u.Isaan keessaa tokko Abdii ture 112
6. “Qalbiin adurree waan hantuuta barbaaduuf ,ijji ishii yeroo hunda hantuuta gaada”,jettee Tsiggeeredaa hubachiif yaalte Laliseen 139
7. Waraabessa maalan nyaadha jedhuufi jaartii yaa Waaq na nyaadhu jettu waliin barbaade. 149
8. Hoolaan du`a ga`ii dhaqxe qabbaneessaa taati 217
9. Namni akka sa`aa nyaatu gaaf akka namaa nyaate du`a 217
10. Gaaf barri nama qabe,margaa lafatu nama qaba 251

Mammaaksi lakkoofsa 1 (fuula 53),akka ibsutti namoonni mataa gadi cabsatanii,kaadhu jedhan kaachaa,ajjeesi jedhan ajjeesaa,baadhu jedhan baachaa ergama diinaa qofa galmaan gahaniif mammaakame.Harka lammiirraa cooma nyaachaa deebi`anii lammii dhuma sana nyaatu.Akka harree ba`aa dugdaan gahanii itti fe`atanii duubaa uleen tume;nu dhukkube hin jedhan.Akka ajajamuuf osoo guddatannii harreen gaara Erer taati turte.Akka harree diidoo osoo ‘lakkii’ jettee gabrummaa mataa isheerratti godoo ijaarrate fuutee dhaloota isheef hin dabarsitu ture.Oromoonis xiqqaafi guddaa isaa kan itti gabbaraa jiru,ba`aa akka harree sana waan hin feenef.Kanumaaf , sa`a abbaan gaafa cabse ormi ija jaamsa kan jedhameefis kanuma.

Lakoofsa 2(fuula 68),gaaf daboo Haata`uu sana Jiruun waanuma dhugaan garaa isaa jiru dubbataa ture.Haata`umalee dudduuba isaatin waan danuutu itti malamaa ture.Bowwaan lafa dhooqaa guddaadha;keessa buunaan lubbuun bahuun hin malu;kunis uumama naannoti.Dhaamsi guddaan mammaaksichaas,waan hunda amanuun gaarii akka hin taane,akkuma firri jiru diinni hedduunis jiraachuu isaa dagachuu hin qabnu. Jallaan namaa kan firri booka isaaf kennu caalaa kan alagaan heexoo kennuufitu itti tola.Kan Haata`uus kanuma.

Fuula 72,lakkoofsa(3),Ol dhufaaf sareen dutti jedha.Wantihinduu daangaa qaba.Gabrummaa caalaa ba`aan dachee kan irratti namarratti ulfaatu hin jiru.Kana immoo eenyuyyuu caalaa Oromoon bareechee beeka.Kanumaaf itti cabaa,cabsaa as gahe.Har`as,boru,iftaanis

gabrummaan hundeedhaan buqqifamee,gabroomfataan bakka isaaf malutti kan galu tokkummaa akka yeeyyii sana yoo qabaanne qofa.

Dabalataanis,lakkoofsa 4fuula(110),gaaf Abdiin waajjira poolisii magaalaa Konee keessatti kabalanii yoo mana hidhaatti ol darbatan,akka hin kufne kan utaalee qabe Suurraa,mucaa obboleessa isaa ture. “Qamalee darbannaan tuullaa boqqoolloo irra buute” kan jedhameefis,namni dhiibee dhiibee harka Waaqaa irratti nama kuffisa mammaaksa jedhuunis wal sima.Bara wayyaanee sana Oromoon master pilaanii nurraa dhiiisaa jennaan, mootummaan opdofi wayyaanee qabaa gadi nu dhiisaa jedhan.garuu booda dubbiin jabaattee,maaster pilaanii haksiistee wayyaanee iyyuu biyyatti galchite.Ammas Oromoo tuttuquun kuni,mammaaksa qamaleef jedhame kana akka fidu hin hamsiisu.

Akkasuma fuula 112 lakkoofsa (5) irratti,gaaf Abdiin balleessaa tokoo malee mana hidhaa magaalaa Koneetti darbatan san,hidhamtoota kaawwan waliin waan garaa isaanii kaasanii haasa`aa tura.Kanaaf egaa tortoraan bokkaa hin sodaatu kan jedhameefis,Hidhaafi ajjeechaan ummata Oromoof waan haaraa miti.Keessumaa ammaan tana nafeeffataa waan dhufe fakkaata.Dhiira kutate bishaan raafutu gabbisa,akkuma jedhamu sana,hidhaafi ajjaeechaan saba dhugaaf falmatu yoomuu duubatti akka hin deebisne mammaaksa armaan olii irraa baruun ni dandaa`ama.

Kana malees,lakkofsa 6 fuula(139),Qalbiin adurree waan hantuuta yaaduuf ijji ishees hantuutuma gaada.Laliseetu Tsiggeerradaadhan jedhe.Bakka garaan garaan jiru yaadni illee jira.Kanaaf gidiraa keessoo ofii galmaan gahachuuf kaayyoo bareedaa namaa danquu caalaa wanti jibbisiisan hin jiru.

Dabalataanis lakkoosa 7 fuula(149),Jaartii yaa waaq na nyaadhu jedhuufi waraabessa maalan jedhu waliin barbaade.Laliseen keessoo isheetti Abdii hedduu jaalatti.Osoo jaarsummaa Tsiggeerradaaf deemtuu ofuma isheefiyyuu waan isaaf butamti fakkaatti.Wal fakkaattuun wal barbaaddi yaada jedhu hammata.

Akkasuma fuula 217 lakkoofsa (8),Hoolaan du`a ga`ii dhaqxe qabbaneessaa taati,akkuma jedhame,namoota badan barbaacha namoota hedduutu badan barbaacha,namoota hedduutu bahee achi buuteen isaanii dhabame.Haata`umalee namoota badan barbaacha,Oromoon

daangaa hanga daangatti ka`ee wal kakaase.Barri taraa naanna`a;warri nama eeganii hidhanis,sadaffa deebinee hiina jedhanii yoo dhufan carran hoolaa du`a ga`ii dhaqxee isaan waan hanqatu hin fakkaatu.

Dabalataanis,lakkoofsa 9 fuula(219),namni akka horii nyaatu gaaf akka namaatti nyyaate ni du`a,mammaaksa jedhu keessatti,namoota duraan diina waliin wal ta`anii lammii dararaa turan,gaaf dhugaan muul`achaa ,mormiin ummataa jabaachaa deemu,mogoleen isaanii jalatti lallaafaa dhufe.Kanneen Baluuxaa,Maluuxaa,Dhabsuu,Haata`uufi waahellan isaaniis carruma kanatu muudate.Warri har`a Oromooraa dhalatanii,garaaf jecha lammii isaanii diinatti gurguraa jiranis carruma kanatu isaan eeggata.

Dhumarrattis,fuula 251 lakkosa (10) irratti,Gaaf barri nama qabe margaa lafatu nama qaba mammaaksi jedhus,dhugaa boola keessaa qottee baatu akeeka.Baluxaan dhukkubsatee afaanin dubbachuu sadarkaa dadhaburra gahee ture.Yeruma qarshiin dhaabbata isaanii kan uuxaa tooftaa ittiin naanneffamu,jeneral Gardotti himuuf yaalaa ture.Mallattoodhaan waan ta`eef jeneraalichi hubachuu hin dandeenye.Dhugaan hawaasaa gaaf nama qabdu uumaa uumamati dachee marti namaan falmiti

#### 4.2.3.2. Jechama

Jechamni dubbii hawaasni cina galaan dubbatuudha.Akka rakkoon irra hn geenyeef ,yaada dhokataan jechamatti fayyadamee waan jechuu barbaade hima.Namni dhaggeeffatu ammo haalaan wal qabsiisee xiinxaluun hiika isa dhokataa argata

| **Lakkoofsa** | **fuula** |
|---|---|
| 1. “Garuu Ijoolleen obbo Boodanaa,warri maddi galii isaanii oduu ta`e suni yoo Ija godhatan,baratu gara gale”ammas Jiruutu jireenya isaa wal cinaa qabee ilaale | 1 |
| 2. Si`a biraa qotee erge sangoota hiikee booda..gufuu buqqisuufi lafa muka jalatti osoo hin qotamin hafte gofocuutu dabareen sammuu isaa keessatti buufata | 2 |
| 3. Kaan sobduu,hattuu,kan bifaan namaa,gochaan ammo amunyuu bineensa boollati | 4 |

4. …Sarbaan isaa mooyyee boqqoolloon itti tumamu fakkatu sunis yoo deemu lafa sochoosa…Dhibbiseefi Jiruun erga wal argatanii akka qadaadaafi qabee wal simatan…Hanaga abbaan isaanii bakka dhugaa dhaqutti,walumaan qotanii walumaan itti fayyadaman Moonan loon isaa farda gulufsiisa 9
5. Yoo waa kosh jedhu sagal biir`ata ture.Amma garuu isa dhagaa qaaqsu ta`e Waan tokkoof qabaa qabaannaan,qabaa qeerransaa qaba.Ija jabinnis akka ayyaanaa irra buufate .Abshaalummaanis isa qirixiidhaan xaafii uru ta`e 23
6. …Kun ammoo hunda isaanii muka afaanitti cabse..kanaan dura waan akkasii arganii waan hin beekneef ,marti isaanii bishaan ta`an 34
7. Warri shananiis bakkalcha isaanii baatanii dhaabbachuu malee afuura raafuu hin baafanne 40
8. …yaanni isaa abbaa jaalatu barbaacha tabba ba`ee,qilee bu`a. 81
9. Dachaanis Jiruu barbaacha bakka inni hin ga`in muraasa,dhamaateen isaa Hundi bishaan dhagaatti naqame ta`e 83
10. Boodanaan gaafadhe.Inni awwaara haree kakate 89
11. ..Inni tokko ishii jajjabeessuu yaale;ija kee ashaboon dhiqadhuutii dhaqii Atumti Abdiitti kenni …yaadni Tsiggeeradaa inni biroon immoo hancufa ija isheetti tufe 140
12. ..Laliseedhaaf karaan waan saaqameef fuulli ishee ilkaan ta`e 150
13. Daldaltoonni gatii mi`aadhaan meeshaa gurguraa ummatas ta`ee mootummaa biratti muka udaan tuqe ta`an 161
14. …Akkamitti jarri garaa walitti jabaatu ree?,bishaan abidda dhaamsuuf abdatamus ta`ee abiddi bishaan dheessuciimmaa qeerranssaa ta`an 219
15. Barruu isaatu daaraa hare malee,Dhabsuun amanamuurra taree,nama ciirracha alanfate,kaayyoo isaarraas nama bitaafi mirga hin ilaalle ture 220

Jechamoota armaan olii keessaa lakkoofasa 1 fuula(1),keessatti jechamamni ‘yoo ija godhatan baratu gara gala’,jedhu ijoollee obbo Boodanaaf Jiruun kan dubbateedha.Ijoolleen obboo Boodanaa galiifi galli isaanii oduu qofa;akka namaa dafqa isaanii cobsanii hin hojjetan.Kanaaf jechamni ‘yoo ija godhatan baratu gara gala’ jechuun,ijoolleen obbo Boodanaa bara jireenya isaanii nama hin ta`an.Akka namaa waan gaarii hojjetanii namaafi

Waaqaan hin eebbifaman;akka carraa osuma waan gaarii hojjetaniyyuu dhugaa hin fakkaatu yaada jedhu dabarsa

Akkasuma lakkoofa 2 fuula (2),jechamni gufuu buqqisuu jedhu barreeffamee jira;Jiruun lafa qotaa ollee erga sangoota irraa hiikee booda,gufuu akka carraa muka jalatti hafte funaanuuf yaadee ture.Hiikni kallattii as keessatti dhimma itti bahamee 'gufuu buqqisuu' jechuun dhabamsiisuu,buqqisuu,balleessuufi qulqulleessuu akka waan jechuuti.Gara hawaasummaa n kan ilaallu yoo ta`e,diinni lamii keessa dhokattee lammii miitu gufuudha.Kanaaf kan dhalchan akka guddatuuf,qabeenyi kan abbaa horee akka ta`uuf gufuu akkasii of keessaa buqqisuun gochaa filannoof hin dhiyaannedha.

Dabalataanis,fuula 4 lakkofsa (3) keessatti,maraatuun nama wal qixxummaatti amantuudha.Eenyuniyyuu hin sodaattu;hin saalfattu.Afaanin nama fakkaattee,garaadhan nama hin nyaattu.Namni nuti fayyaaddha jennuun afaan damma dibatee hojii bofaa hojjeta;warra akkasii kanaan 'bineensa boollati' jedhame.Yaada kana irraa ka`uun,bineensa boolaa jechuun isa halkan balleessaa bulee guyyaa dhokat,isa namaaf hin naane,isa jireenya hawaasummaa hin beekne,isa osoo nama waliin nyaatuu deebi`ee nama nyaatudha.

Akkasuama lakkoofsa 4 fuula(90,waayee dhaabbiifi furdina Jiruu yoo ibsu 'yoo deemu lafa sochoosa' jedha.Kanaaf lafa sochoosa jechuun furdaa qaama guutuu,naatoofi nama gaaddisa qabu akka waan jechuudha.Dabalataanis Dhibbiseefi Jiruun akka baay`ee wal jaalatan yoo ibsu 'akka qadaadaafi qabee wal fudhatan' jedha.Qabeefi qadaadni walirraa bareedu;wal bareechu;hanqina walii walii dhoksu.Akkasuma Abbaan Jiruu 'bakka dhugaa dhaqan' yoo jedhu lubbuun kan hin jirre yookin boqachuu isaanii agarsiisa.Dabalataanis,Jiruun sooressa xiixadha;horii hedduu qaba;kanarraan kan ka`e mooraan isaa 'farda gulufsiisa' jedhame.Kana jechuun fardi lafa xinnaa irratti hin gulufu;moonaan Jiruus hedduu bal`aa ta`uu isaa nutti agarsiisa.

Kan biroo immoo ,fuuala 23 lakkoofsa(5) Yoo waa kosh jedhu sagal biir`ata ture.Amma garuu isa dhagaa qaaqsu ta`e.Waan tokkoof qabaa qabaannaan,qabaa qeerransaa qaba.Ija jabinnis akka ayyaanaa irra buufate .Abshaalummaanis isa qirixiidhaan xaafii uru ta`e jehda.Sagal bir`achuun isaa sodaataa turuu isaa nutti agarsiisa.Amma garuu isa 'dhagaa qaaqsu 'ta`uun isaa jabaataa,didaa,kan harka hin kennanne jechuudha.Harka kennaachuu

dhabuun isaa immoo,qabaa qeerrransaa akka qabaatu isa taasise. ‘’qabaa qeerranssaa’ jechuun xiiqii yookiin haloo kan qabatu ta`uu isaati.Haloo qabachuu qofti kaayyoo isaa galmaan hin geessu;kanaaf immoo ija jabinnis akka ayyaanaa irra buufate. ‘ija jabina’jechuun kan laayyofne,goota jechuudha.Gootummaan gamnummaa of keessaa hin qabne umurii namaa gabaabsa.Inni immoo gamnummaadhanis taanan ‘isa qiriixiidhaan xaafii uruudha’.’Qiriitidhaan xaafii ura’ jechuun hedduu abshaala akka ta`e irraa hubachuu dandeenya.

Akkasuma lakkoofsa 6 fuula (34),gaaf adurree gurraachi sun namoota hedduu ciniine san kan dubbatameedha. …Kun ammoo hunda isaanii muka afaanitti cabse..kanaan dura waan akkasii arganii waan hin beekneef ,marti isaanii bishaan ta`an . ‘Mukati afaanitti cabe’ yoo jedhu,waan godhan wallaalan;ni qaana`ani,dubbachuu dadhaban akka waan jechuuti. Akkasuma ‘bishaan ta`an’ yoo jedhu immoo,ni nahani,waan godhan wallaalani,fajajanii hafan dhaamsa jedhu of keessaa qaba.

Dabalaataanis fuula 40 lakkoofsa(7) irratti,..Warri shananiis bakkalcha isaanii baatanii dhaabbachuu malee afuura raafuu hin baafanne.. ‘Afuura raafuu hin baafanne’jechuun ni callisani;hin socho`an ;waanuma goganii dhaabbatan fakkaatu jechuudha .Akkasuma lakkoofsa 8 fuula (81), irraatti ..yaadni isaa abbaa jaalatu barbaacha ba`ee qilee bu`e jedha.Yaadni isaa ‘tabba ba`ee qilee bu`e’,jechuun qalbiin isaa boqonnaa dhabde;ni jooree jawware jechuudha.Adiitu badiinsa abbaa isaaf akkas yaadan raakame.

Akkasuma fuula 83 lakkoofsa (9) irratti yoo ibsu akkas jechuun ture, Dachaanis Jiruu barbaacha bakka inni hin ga`in muraasa, dhamaateen isaa.

Hundi bishaan dhagaatti naqame ta`e. ‘Bishaan dhagaatti naqame’ jechamni jedhu hiikni kallattii isaa waan faayidaa hin qabneedha.Akkasuma Dachaasaan Jiruu barbaacha iddoon hin geenye hin jiru;haata`umalee dhamaateen isaa hundi waan gatii hin qabaanne ta`an.Dhagaa bishaan obaastees,dhiistes garaagarummaa hin qabu;dhugee hin jiidhu;bishaan dhabees gogee hin badu;durumaa gogaa waan ta`eef.Haata`umalee nama ji`a sagaliin dhalate hamma waggaa sagalii irraa hin bahani yaada jedhu of keessaa qaba.Lakkofsa 10 fuula (83),Obbo Boodanaan,waayee hidhamuu obbo Akkattuu qaba akka hin qabne fakkaachuuf ‘awwaara haree kakate’.Awaara haree kakate jechuun,ni hale;hojii koo miti jedhe;yoon ani

hiisise akka awwaara kanaa nahaa taasisu;yaada jedhu of keessaa qaba. ‘Hattuun akka caccabdutti fiigdet,akka duututti kakkatti’ mammaaksi jedhu kanumaaf waan jedhame fakkaata.

Dabalataanis lakkoofsa 11 fuula (140) yoo ibsu,Inni tokko ishii jajjabeessuu yaale;ija kee ashaboon dhiqadhuutii dhaqii atumti Abdiitti kenni …yaadni Tsiggeeradaa inni biroon immoo hancufa ija isheetti tufe.Ragaa aramaan keessaa jechamni ‘ija kee ashaboon dhiqadhu’ jechuun safuu cabsi;qaanii dhiisi;waan namni sirratti jibbu dalagi;akka waan jechuuti.Tsiggeerredaan Abdiitti xalayaa qaamaan dhaqxee akka itti hin kennanne,hiriyaa qabaachuu ishee dallaa guututu beeka waan ta`eef ;santu du`a itti ta`e.Inni biroon immoo, ‘hancufa ija isheetti tufe’.Yaadni Tsiggeerredaa jalaa wal rukutaa jira.Yaadni inni duraa jajjabina laatefi;inni lammaffaa kuni garuu,hancufa ija isheetti tufe;ni qaanesse;gad-aantummaa itti muul`ise;akka of tuffatu akkasuma gochaa isheetti akka sheenoftu ishee taasise dhaamsa jedhu of keessaa qaba.Karaan sobaan darbaan deebii nama rakkisa.

Lakkoofsa 12 fuula (150)..Laliseedhaaf karaan waan saaqameef ‘fuulli ishee ilkaan ta`e’ j.Kana jechuungarmalee gammaduu ishee agarsiisa;gammaaddees ,ilkaanin seeqaa miira gammachuu ibsachuu ishee nutti muul`isa. Nama jaalatan kan ofii taasifachuu caalaa wanti nama gammachiisu hin jiru waan ta`eef.Akkasuma fuula 160 lakkoofsa(13),irratti …Daldaltoonni gatii mi`aadhaan meeshaa gurguraa ummatas ta`ee mootummaa biratti muka udaan tuqe ta`an .Namoonni akka Baluuxaa akkuma ummata daraaraa turan,jaloonni isaas akkasuma koontorobaandiin ummata arraabaa turani.Garuu gaafa dubbiin isaan salphisaa dhufe ummanni ‘muka udaan tuqe’isaan taaasise.Kana jechuun xireeffatan;ni jibban ;of irraa fageessa;dhaamsa jedhu qaba.

Ragaan lakkoofsa 14,fuula(219) irra jiru kuni, …Bishaan abidda dhaamsuuf abdatamus ta`ee, abiddi bishaan dheessu ‘ciimmaa qeerranssaa’ ta`an . Qeerranssi goota;goota harkaan qabuu mitti ijaan argaafuu rakkisaadha.Ciimmaa qeerraansaa ija isaaraa kaasuu mitii,namni qeerransa qaaman argee jala dhaabbatu hin jiru;waan hin yaadamneedha. ‘ciimmaa qeerranssaa ta`e’jechuun wal arguu dadhabe;wal irraa garmalee fagaate;waan hin dandaa`amneedha.Kanaaf dubbiin cimaa ta`uu isaa irraa hubanna.

*Dhuma irraatti fuula 220 lakkoofs (15),irratti ragaan kenname,..Barruu isaatu 'daaraa hare' malee, Dhabsuun amanamuurra taree,nama 'ciirracha alanfate', kaayyoo isaarraas nama bitaafi mirga hin ilaalle ture .Dhabsuufi gareen isaa muraasni sababa gaaffii ummataa deebisuu dadhabaniif aangoo irraa kaafaman.Akka harree ba`aa diinaa baachaa turuu isaanii nama dhiisee lafatu beeka;kanaaf 'barruu isaatu daaraa hare' jechuunis galata dhabe;waan gatii harkaa isaa dhabe;akka harree baatee akka saree salphate jechuudha.Kaayyoo isaaf nama 'ciirracha alanfate' ture Dhabsuun.Kana jechuun waadaa inni diinaaf gale sana nama yoomuu hin cabsine,waadaan suni cabuurra miilli isaa cabuu nama filatu ture.Namni alagaaf harree taatu dhumni ishee harree dhuma gatamte taati.*

#### 4.2.3.3. Malleen dubbii

| Lakkoofsa | fuula |
|---|---|
| 1. …Amma JIruutu jireenya isaa kan ijoolee obbo Boodanaatin wal cinaa qabee ilaalaa Akka beera handaaqqoo ofitti hasaasa | 1 |
| 2. Akka jaldeessaa waan argatan saamaa oolanii galgala manatti galu,jireenya.. Manni isaanii godoo boqqoolloo fakkaatti | 3 |
| 3. Furdinni qaama isaa gara qomaatti guuramee ayyaana leencaa itti aguugee jira | 7 |
| 4. Tuufoofi keelloon boroofi balbala goree narraa geerara | 16 |
| 5. Mukniifi baalli Baluuxaa Tulluurratti ol ilaalanii uggumaniif | 23 |
| 6. Akka sariitii bofaa maramee ciise,du`aa fakkaacchunis afuura dhokfate | 28 |
| 7. Ululleen kee qeerransa nutti waamee yaaddoo nuuf dabala | 33 |
| 8. Booyyeefi jaldeessi saamanii jiraatu;namnis booyyee ta`ee garaa isaarraa hafuu dadhabee | 42 |
| 9. Jiruun hojiitti bobbaana akka kanniisaati | 45 |
| 10. Gariin keenya lafarratti salphannee qillensi nu raase | 75 |
| 11. Fulbaanii dhufee mukniifi baallis booqaa birraa simachuuf arreedu | 94 |

Malleen dubbii jechuun gosoota afoolaa keessaa isa tokko ta"ee barreeffamni tokko yookin haasofni tokko sammuu dhalaa namaa keessatti fakkii kaasuun yeroo dheeraaf osoo hin"irraanfatamin akka turuuf kan gargaarudha.Kanuma bu`uura taasifachuun,malleen dubbii

uumama naannoo ibsan,kan Asoosama Arraa Gurbaa keessaa funaanaman haala armaan gadiin ibsi itti ni laatamee jira.

**Akkasaa**

Akkasaan mala ittiin wantoota lama wal-cinaa qabuun isa tokko isa biraatiin ilaalanidha. Kunis jechoota „akka, fakkaata, gaha‟‟jedhanitti dhimma baha" jechuun ibsa. Akkasumas akkasaan dhimmoota lama kanneen uumamaan tokko hinta‟‟in bifa yookin amala isaaniitiin walbira qabuun waliin madaalee kan agarsiisudha. asaa

Akkuma armaan olitti tuqamuuf yaalametti,lakkoofsa 1 fuula (1) irratti …Amma JIruutu jireenya isaa kan ijoollee obbo Boodanaatin wal cinaa qabee ilaalaa 'Akka beera handaaqqoo ofitti hasaasa'. Malleen dubbii armaan olii keessatti amala Jiruufi kan beera handaaqqotu waliin madaalame.Jiruun amala duraan qabu dhiiseeti,kan beera handaaqqoo fudhate.Beerri handaaqqoo dubbattee hin baafattu;kessa isheetti gungumaa adeemti.Jiruunis waayee dhuma ijoollee obbo Boodanaa warra hojii malee cubbuu oomishaa jiran yeroo yaadatu ,amala duraan qabu dhiiset amala beera handaaqqoo fudhate.Ormi akkam bultee beeka;akka itti bule abbaatu beeka kan jedhameefis kanumaafi.

Dabalataanis lakkoofsa 2 fuula (3), irratti ragaan kaa`ame …Akka jaldeessaa waan argatan saamaa oolanii galgala manatti galu,jireenya..Manni isaanii 'godoo boqqoolloo fakkaatti' Ragaan armaan olii malleendubbii akkasaa lama of keessaa qaba. Tokkoffaa irraatti amala jadeessaafi kan Dhabsuu fa`itu waliin madaalsifamee.Amala jaldeessaa Dhabsuu fa`iif kennan.Jaldeessi hattuudha;barii bahee ,waan namaa saamaa oolee galgala manatti gala.Basaastonni akka Haata`uu,Dhabsuufi Qaruuraa fa`is ,waan argan saamaa,nama hiisisaa oolanii galgala manatti galu;kanatu jaldeessaan wal isaan fakkeesse.Dhalli namaa mana ofii bareeffatee,keessa jiraata.Basaastonni kunniin garuu yeroo gadi taa`anii waan sana sirreeffatan hin qaban Kanaaf manni isaanii 'godoo boqqoolloo' fakkaatte.Godoon boqqoolloo barana ijaaranii baranuma diigamti.Manni namootaa bu`uurri isaa tole umurii guutuu keessa jiraatu.Basaastonni dhhaba hin qabne,mana dhaabaa qabu hin qabani yaada jedhu dabarsa.

Akkasuma fuula 28 lakkoofs (6) irratti ragaan jiru ,..Akka sariitii bofaa maramee ciise,du`aa fakkaacchunis afuura dhokfate' kan jedhu ture.Gaaf adureen namoota ciniine san erga rukutamee booda du`aa fakkaatee maramee ciise.Amala ciisicha isaa kana kana 'sariitii bofaan' wal fakkeessame .Kanarraa kan hubannu,diinni yoo riphe waan bade nutti fakkaatee of dagachuu hin qabnu. Dabalataanis,fuula 45 lakkoofs (8) ...Booyyeefi jaldeessi saamanii jiraatu;namnis booyyee ta`ee garaa isaarraahafuu dadhabee,ragaan jedhu amala booyyee fuudhee kan namaaf late.Booyyeen dhimma waan haalu hin qabu;namni imaanaa nyaate booyyee irraa addumaa waan qabu miti.

Kana malees,Lakkoofsa 10 fuula (45) irratti ragaan kenname "Jiruun hojiitti bobbaanan akka kanniisaati" kan jedhuudha.Kanniisni hojii isheetti qoosaa hin beektu.Amala Jiruun hojii isaa irratti qabus kan kannisaatin wal fakkeeffame. Kan biyyaf waa buusu isa kanniisaa hojjete malee isa akka tisiisaa jooraa oolu miti dhaamsa jedhu dabarsa.

**Nameessuu**

Nameessuun gosoota malleen dubbii keessaa isa tokko ta‶ee amala dhala namaa lubbu-qabeeyyii yookin lubbu-maleeyyii biroof kennuun dandeettii dhala namaa gonfachiisuun kan ibasmuudha.

Lakkoofsa 4 fuula (16) irraatti ragaan fudhatame, 'Tuufoofi keelloon boroofi balbala goree narraa geerara' kan jedhuudha. Dubbii kana haadha Jiruu aadde Qananiitu dubbate.Tuufoofi keelloon afaan baasanii hin geerarre;garuu ergaa darbuu barbaade bareechanii bifa sammuu namaa keessatti suuraa kaasuu danda`uun dubbachuudha.Hammeeya tuufoofi keelloon maasii aadde Qananii irraan gahan ol kaasanii agarsiisuuf jedhama.Haata`u malee rakkoo hawaasni naannoo sanaa keessa jiran irratti hundaa`uun,keelloofi tuufoon garee basaastotaa kanneen ganda warra Jiruu keessatti taa`iifi ka`ii nama wallalchisaniifis ergaa guddaa dhaama. Akkasuma lakkoofsa 5 fuula (23) irraa ragaan argame…Mukniifi baalli Baluuxaa Tulluurratti ol ilaalanii uggumaniif ' jedha.Hanga barri ,baraan dhugaa boollaa qotee baasutti,warri akka bofaa nama hiddaa,akka tisiisaa waan hunda dhoobaa jiraatan guddaa fakkaatanii muul`achuu danda`u.Garuu suni kabajaafi guddina abjuu gadiiti.Buluuxaa har`a jala kaattonni isaa kufanii ka`aniif kana,gaaf barri isaa gahu,bariitu itti dukkanaa`a.Dhugaan ni turti malee xurii hin taatu yaada jedhuun wal sima

Kana malees,lakkoofsa 9 fuula (75) irratti kan ibsame…Gariin keenya lafarratti salphannee qillensi nu raase' jedha.  Gaaf daboo Haata`uu sana namoota du`aniifi badiif booyichatu ture.Osoo hamaan taa`uu gaarii badetu nama naasise.Kabajamuu dhabuu mirga uumamatu isaan aarse.Dabaa isaanitu fira fakkaatee qilleensaaf isaan late.Qilleensi dhufee darba;basaastonnis sanuma.Garuu kan hin dabarree,kan hin banne seenaafi taajjabbidha dhaamsa jedhu irraa baruun ni dandaa`ama.

Dhuma irrattis ,lakkoofsa 10 fuula(94) irraa waraabbiin fudhatame 'Fulbaanni dhufee mukniifi baallis booqaa birraa simachuuf arreedu' kan jedhuudha.Mukniifi baalli booqaa birraa simachuuf hin arreedan;haata`umalee dhufaatii birraa mmir-qalbii namaa keessatti fakkii bocuuf nameessuun akkaasii human guddaa qabu.Birraatti,uumamni lafaa keessaa biqiloonni lalisanii bareedu.Bineensi daggalaas akkasuma waan nyaatuufi waan dhugu akka garaa isaa argata.Kanumaan wal qabsiisuun,akkuma uumamni lafaa hundi fulbaana hawwin eeggatu,sabni biyyaafi biyyee isaa irratti dhugaa dhabe bilisummaa hawwiin eeggata yaada jedhu qaba

### 4.3. Sabseenaa Asoosama Gabaabaa Danaa

**Shikkaa-Muka**

Buukuksi dhala namaa aadaa,safuufi duudhaa isaa hanga hin eegnetti duwwaadha.Faayidaa lafee nama caalaa sareen bareechee beeka.Gaaf tokko sareefi abbaatu karaa waliin deemaa ture.Namni lafee irraa qorqee lafatti gata.Gaaf  sareen lafee sana irra deebiin qorqitu abbaan, saree sana ija tuffiin ilaalaa, 'lafee omaa ofirraa hin qabne maaf qorqita'? ittin jedhe abbaan.Sareenis deebisee  'lafee qorqaa hin jiru;dhuka lafee keessafan malee' ittiin jedhee deebiseef.

Beekaa ofii xinneessaa,wallaalaa ormaa jajuu caalaa wanti qaanessaan hin jiru.Akka Orom-durii raagaafi beekaa ofii dhagahuu isaanii falfalaa ormaa duukaa bu`an sabni keenya gariin;Sanaaf gidiraan dachee teenyarratti baay`ate.Dhaanamii callisuufi keessatti dhukkubsachuun fala ta`ee argame.

Areero Basaroo gosa beekaa keessaa dhalate.Oromoonni naannawa sanaa gaaf rakkoo isa bira deemee waa gaafatata.Jiloo Kuloos farda isaa fe`atee bira deeme.Areero Basaroos waan

lama isa gorse.Tokko,Obsi,obsa qabaadhu.Lama,Osoo hin hubatin tarkaanffii hin fudhatin jedhee gorse.Haata`umalee,gorsi kuni Jiloo Kuloo waan hin gammachiisnef kutee biraa deeme.

Akkuma mana gaheen,mana isaa keessa lama lama ciisu arge.Haadha manaa isaatu nama biro waliin ciisa jedhee,eeboo baafachuun waraanuuf baafate.Akkuma ta`e ta`eetu obsa horachuun, 'Tiyyoo' jedhee yoo haadha manaa waamu,kutaa biro keessaa, 'oo' jettee owwaatte.Warri lama ta`anii rafaa turan Abbiyyuufi Amaatii turan.Gorsi Areere Basaroos dhugaa ta`uun mirkanoofte.

**Matooma Jiloo Kuloo**

Jiloo Kuloofi Roobaan Dhaddachaa obbolaawwan,ilmaan wasiillaniiti.Jiloo Kuloo,Roobaan aadaa cabse jechuun ittiin wall ole;araara dide.Wal dhabdeen isaanii jabaachaa akkuma deemeen ,Roobaa Dhaddachaa beekaa isaa bira dhaqate.Beekaan isaas diina fira fakkaatee lammii keessa taa`u,Daftaraa Liwoos ta`uu isaati.Datarichis akkuma waraan Jiloo Kuloo cabsu gorse.Hammeenya alaagaa farra caalaa hadhaawu baattatee,Roobanis mana isaatti gale.Sanaan booda lamman isaaniyyuu dubbii mana keessatti dhumtu dhiisanii wal cabsuuf qophii waraanaa eegalan.

Wal waraananii lubbuu hedduu wal jalaa baasan.Foontu foon nyaate.Gaaf Oromoon Oromoo waraanu,hunda caalaa kan gammadu diina fira fakkaatee nu keessa taa`udha.Daftarichis gochaa ta`e kana gaaf argu luka takkaan dhaabbatee sirbuu jalqabe;Hedduu gammade.Roobaafi Jiloon dubbiin beekaan ofii biratti xumuratan dhiisanii diinaf gurra kennuun,baala mukarraa bu`e wal taasisan.

**Baraan Jabbii**

Oromoon horii gaaf qalatu,moora horiisanaa ilaalee baraafi milkii hima.Namni waan akan beeku nama uusa himu ta`a.Didaa Boruu haadha manaa jalqabaa kan inni rakoon fuudhe Yaamidha.Dhala dhiiraa dhabanii rakkachaa turan.Dhiiruma barbaacha beerran shan fuudhee turus,kan argate illee jalaa deebi`e.Kanumaaf gaaf uusi ilaalamu milkiin bannaan kan hedduu rifateef.

Gaaf Didaa Boruu ilma argate,turban torbii jilaatu yaa`ee,maqaa moggaasuuf wal gahan.Akka-Waaq jedhaniis moggaasan;kan haadha manaa quxusuu ta`uu isaati.Inni uusa himu ni callise.Mijuun osuma walitti daddabarsanii osoo abbaa bira hin gahin gidduutti conqolaate.Kunis milkii fafa ta`ee abbaatti muul`ate.Kuni akka aadaa isaanii kan Booranatti gaarii miti.Yaamiin 'Akka Waaq hin beekanii mee haadha Waaqoo naan' jedhaa jechaa deddeebistee dubbatti.Torban torbii jilaas dubbii ishee kana maal jechuu akka ta`e deddeebisanii wal gaafatanillee deebii isaa hin arganne.

Warri qootimuraa dhaqan tarriin qaxxaa murrain qootii lafa buusee tarrii ariisaa ce`e.Achumaan amna bahee hafnaan madaal turban –jilaa kan itti fannisan dhabamee keenyan manatti raran.Kunis milkii balleessee abbaa mucaa naasise.

Didaa Boruu dureessa xiiqeffataadha.Motooma jaalata.Dhiira barbaacha osuma fuudhee dhalchuu barren shan taatee dubarri shantama taate.Ilmi Akka Waaq jedhaniin suni illee karuma dhufe irra deebi`e.Waaqni iyyuu kennee gaabba jechuun Didaa Boruu Waaqa waliin matooma qabate.Yaamiin haati manaa isaa ganamaa ilma hin arganne. 'Akka Waaqaa hin bekanii,mee Haadha Waaqoo nnan jedhaa' jette Yaamiin jedhanii ittiin qoosu beerri.Didaa Boruutin immoo, 'dubbatee hin baafatu,akka uummoo adaa deema' jedha biyyi.aGaruu Yaamiin abdii guddaa Rabbi irra kaayyattee ofitti qaluun halkan sagaliifi guyyaa sagal ulmaa ciisuun uumaa ishee kadhatti.Waaqnis akkuma Afaan ishee ta`eefi dhumarratti mucaa dhiiraa gaaf argattu biyyi ni raajame.Haata`umalee bara kanaa jalqabee bonatu hammaate.Waaqni Roobuu dide.Hongeen hammaatee sa`aa namni boolofte.Mcaan Yaamiin akka ijoollee haasa`ee hin taphatu;namatti hin haasa`u.Waan faalaa namaa hojjetaa oola;daaraa haree calleessa;gaaf gaaf ammo guyyaadhan ol deebi`ee huursee rafaa oola.

Ganda sana keessa qaalluu buleessa abbaa Gurraa jedhamu tu jira.Gaaf tokko ulee isatti rarra`aa gara Yaamii dhufe.Mucaan Yaamii \kan maqaan Maallimaa kuni,mataa jilba gidduu kaayyatee taa`aa ture.Afaan inni dubbatu kan beeku Rabbiifi abbaa Gurraa qofa;waan jiru hunda gaafate.Yaamiin gaaf mucaan ishee dubbatu gammaddee raajamte.Garuu Mallimni Waaqa biraa ergaa jabduu qabatee akka dhufe itti hime;akka deemee deebi`u gaaf itti himu,hunduu ni nahe.Hongee biyyatti buute kanaaf furmaata kan ta`u aarsaadhaaf yoo namni tokko of wareege qofaa akka ta`e itti hime.Cubbuu dhalli namaa hojjetuuf dabarsee of

late.Kanaafis isa duukaa namuu akka hin boonye,aayyoo isaa qofa akka jajjabeessan dhaammate.

Gaaf inni deemuuf ta`u fiinoon afuufamee,jamaan yaa`e.Beerti wal jalaa qabdee iyyite;daa`imman imimmaan  cubbuu of keessaa hin qabne roobsan.Abbootiin keessatti booyan,.Mallimni turban torbii jilaa waliin tulluu Walal qarree irraan kutan.Deemaa oolanii deemaa bulan.Tabba ol bahuu kanneen dadhaban biraa hafan.Maayirratti torban torbii jilaafi Maallimni qofti Walal ol bahan.

Tulluu Walal gubbaa gahuun gala cabsuun abidda yoo qabsiifatan,akka bakkalcha barii dirreefi laggeen miila Walal jalaa muul`ise.Eenyu yaa areeru jechaa osoo wal falmanii,gurri dhagahuu dadhabee,hurriin lafa uffisuun samiin duumessaa`e.Waaqni hangaasuu buusee yoosuma roobse.Achumaan hoolaan caaccuufi kallacha mormarraa qabu,mar`achaa dhufee,wareegaaf Rabbi kdhiyeesse.Maallimni du`a oole.Torban torbii jilaa hojii Waaqatti raajamaa, ‘akkam akkam hojiin Waaqaa kuni’ jechaa karaa karaa isaanii qabatan.

**Hiibboo-Hiibbak**

Gooroon ilma Daa`imuu isa jalqabaati.Halkan obboleessa isaa quxusuu waliin godoo loonii buluun loowan eegaa bulu.Haata`umalee Gooroon garmalee sirba waan jaalatuuf ,lafti yoo dimmistu kaafachoo deemuun sirbaa bulee afoo lafa barii gala.

Obboleessi isaa quxusuun immoo abidda karkarfachaa loowwan godoo keessatti eegaa bula.Gaaf tokko garuu ekeraan hiriyoota isaa durii abjuun dhufanii hiibboo taphachiisaa turan.Sana dura garuu halkan yoo namni alaa si waame hin awwaatin jettee haati isaa, isa gorsaa waan tuteef jalaa didaa ture.Obboleessi isaas isa quxusuu kana hedduu tuffata.Akka isaa deemee sirbuu waan hin jaalanneef gadhee jedhee arrabsa.Waan iddoo sirbaatti isa muudate dhugaafi soba wal keessaa fuudhee itti hima.Budaa waraabessa yaabbattee guluuftu fa`in arge jedhee obboleeessa isaa quxusuu kana ittiin sodaachisa.

Obboleessi quxusuun kuni halkan sodaachaa bula.Ekeraan hiriyoota isaa akkuma hhiibboo waliin hiibbifataa turan waliinis akka inni deemu kadhachaa turanOsuma yaanni isaa kanaan cinqamuu hirriiba keessaa dammaqe.Abjuudhaan ekeraa waliin haasa`e jechuudha.

**Tola Teellaa**

Tola Teellaa jedhama;mucaa Orommooti.Warra isaa dhukkuba golfaatu irraa fixe.Akkoo isaatu isa guddise.Erga warri isaa irraa dhumanii qe`ee maatii isaa misoomaaf jedhanii irraa fudhatan.Araddaan akaakayyuufi akaakilee isaa diinaan fudhatame.

Yeroo ijoollummaa isaa biyyoo daakee;laaqee bukeessaa kan waliin guddate hiriyaa isaa Masaadee Dafoo ishee jedhamtutu ture.Ishee jalatti safuufi duudhaa hedduu baratee guddate.Jabbileefi loon waliin tiksaa,qoraan waliin funaanaa oolu turan.Michummaa isaanii kana kan itti inaafu hiriyaa qaamaafi umuriin isa caalu,Lookoo kan jedhamutu ture.Inni masaanuu isaa ture.

Tola Teellan jiraachuuf jecha kudhaama hodhee gurguraa ittiin of jiraachisuu itti fufe.Kudhaamni qoricha waan hundaati.Kanumaan osoo jiranii dhukkubni golfaa Masaadee qabe.Warri ishee dhukkuba kana jalaa baraaruuf gara gama haadha Miliqqee geessan.Garuu fayyisuu hin dandeenye.Sanaan booda hiriyoonni akka lubbuu isaanii wal jaalatan du`aan gargar waan bahaniif,carraan Tola Teellan qabu Ekeraa Masaadee abjuudhan argaa jiraachuu itti fufe.

**Danaa**

Abbaan Dayyoo,abbaan Danaa galgala keessa durba fuudhee intala Danaa jedhamtu,Dashii irraa dhalfate.Dashiin Simalee hedduu waan bareedduuf intala ishee Danaa faana morkii bareedinaa adeemsisaa oolti.Kanarraa kan ka`e gidduu haadhaafi intalaatti mormiin uumamae.Murtii dhumaa argachuuf Danaan haadha ishee qabattee abbaa ishee fuuldura dhaabde.Mee eenyutu irra bareeda?,ana Danaa intala keeti moo Dashiitu bareeda? jetteen.

Abbaan Danaas, 'Danaa atis abbaa kee fakkaatta;Dashiini abbaa ishee fakkaatti' jechuun araarse.Malaan bishaan waadu kan jedhan sanaan googe dubbii.Abbaan Danaa nama duudhaa ganamaan bulaa jiruudha.Kanumarraa kan ka`e,Bataskaanatti amanuu didde jechuun,qoaruun naannoo sanaa Baashaa Gabreyyes Dayyoo hiisise.Yoo Dayyoon mana hidhaatii wabiin bahu,qoruun kuni eeboo karra dura dhaabbatee Dashii haadha warraa Dayyoo waliin mana keessa ture.Daayyoonis gaaf waan kana argu eeboo latti ilaalee akkuma nama hin agarree balbala irraa maqee deeme.

Dhuma irratti Dashiin Danaa waan hedduun gorsaa turte.Keessumaa waayee ilaalchisee hammeenya malee gaarummaa takkallee akka hin inni hin qabne jala murtee itti himte.Dubartiin gaaf heerumtee abbaa manaa ishee waliin walitti muufattu,gara warra isheetti baduu osoo hin taane achumatti obsitee nagaa buufachuu akka qabdu itti himte.Danaanis gorsa haadha ishee kana fuula ifaadhaan fudhatte.

**Bada Kuyyoo Jaafaroo.(Fuula 66)**

Kuyyo Jaafaroo jedhama.Haati manaa isaa immoo Anjuu jedhamti.Warri kuni mucaan isaanii fuudhaaf waan gaheef fuusisuu barbaadan.Kuyyoo Jaafaroos marii haadha manaa isaa malee qaraxee 10000`n walii gale.Haati manaa isaa gaaf waan kana dhageessu,hedduu lolte.Baasii hedduf of saaxiluus hin barbaanne;dubartiin fuudhamtu kunis bu`aa takkallee akka isheef buusuu hin dandeenye itti himte.Akkasuma loon tokkollee sababa cidha kanaaf gurguramuu akka hin dandeenye akeekkachiiste.Horiin gurguramuuf kaate kunillee handhuuraa mucaa fuudhuu waan turaniif,innillee mataa dhiiteffate.kuni immoo Kuyyoo Jaafaroo hedduu aarse.

Gaaf tokko galgala hattuun loon hatte jechuun namooni ganda sanaa birmatanii wal kaasan.Namoonni gamaa gamanaa birmatanii walitti dhufuun hattoota bahaafi galii dhoowwan.Abbaan horiis hattuu tokko qabatee lafaan dhahee tume.Hattichis halbee of jalaa baasee abbaa horii sanaa garaa dhoose.Ummanni birmate sunis hattichi tumanii ajjeesne jechuun baala irra buusanii biraa galan.

Kuyyoon garuu akkuma mana gaheen hattichaafi qaraxa 10000 isarra jiru yaadate.Hattichi du`e sunis qarshii akka hin dhabne tilmaame.Hirriiba dhiisee iddoo reeffaa deeme.Akkuma achi gaheen harka sodaatiin reeffa sakatta`uu eegale.Waan yaadee olitti Warqee maraa hedduu bobaa hattichaa jalaa baafate.Hattichi du`e jedhame ammas halbee baafachuun Kuyyoo Jaafaroo morma irraa buuste.Barii reeffa hattuu kaasuuf  baala yoo irraa fuudhan waan raajii argan.Kuyyoon galgala birmannaa keessa ture barii reeffi isaa iddoo hin mallee argame.

**Ijoollee Warra Daawwee**

Obboleewwan sadi turan;tokko gaagurtuudha;tokko daldaltuudha;tokko immoo qottuudha.Inni qotu maqaan Jijoo;inni daldalu immoo Ayyaano yoo ta`u,inni gaauru immoo Liiban jedhama.Sadeen isaanii iyyuu ijoolee Gobbuu Asabooti.

Dur dur akkoon Abbaa isaanii yeroo Bishooftuu maddii jiraachaa turan san,burqaan Bishooftuu waraabattanii erga xumuranii booda qadaadanii biraa deemu turan.Gaaf tokko afoo galgalaa,Akkoon Asabooti bishaan waraabuu deemtee harmi ishee booyee jennaan mucaa kootu manaa booye ta`a yaada jedhuun muddamaan bishaan waraabbattee burqaa osoo hin qadaadin biraa kutte.Bariituu isaa bishaan yaa`aa bulee lafa guute.Sanaan booda ijoolleen warra Daawwee gara Hawaasitti ol godaanan.

Obboleewwan sadeen kuni walii hin galan;yaada adda addaa qabu.Liiban inni hangafni utuufi gaabbii jaalata.Ayyaano inni giddugaleessi immoo Aduu jiru sussukuu jaalata;ni hojjeta.Inni quxusuu Jijoon immoo,jiidha hin qotan,ji`a qotu malee jedha.Isa gaagurtuu Ayyaanoo irraan kan hafe,lameen isaanii hojii isaanitti gammadanii hin beekan.Inni gaaguru manni isaa guutudha.Hangaafniifi Quxusuun waan darbe faarsuufi qabeenya obboleessa isaanii kan Ayyaanoo goomachaa jiraatu.

Liiban harree tokkitti qabu akka hin taane taasisuun,niitii qe`ee gatee ilma isaa waliin fardaan gara Finfinneetti bade.Yoo manaa ba`ee mataa-haraamaddii ga`uu utuun namaan fakkaatteesussukaa itti dhufte.Mucaa farda abbaa isaa uddeellatee deemuilaaluun,ati lafoo maaf hin deemtu?,jechuun arrabsitee biraa kutte.Sanaan booda mucaan fardarraa buutee miilan hanga Odaa Nabee deemte.

Yoo Odaa Nabee gahan,namni seexana ta`ee itti dhufe.Amma immo mucaadhaan lafoo deemuu akka hin qabne gorsinaan, mucaan abbaa finciluun hin deemu jedhee dide.Liiban ofii isaa fardarraa bu`ee mucaa isaa yaabsisuun ofii lafoo farda duddubaan qajeele.

Abbaan miilan ,ilmi fardaan osuma deemanii gaaf Qaallitti gahan Utuufi namni Kora Hora Arsadii irratti hirmaatanii akka qorsa halkanii darbamaa duuban dhaqqabuun ,ilmaan akkamitti abbaa kee lafoo oofta/,gadhee jedhanii biraa kutan.Sanaan booda abbaafi ilmi lafti mareenii jennaan isaan lachuu farda yaabuu dhiisanii harkisanii deemuu jalqaban.Yoo isaan

farda harkisanii iddoo hora Finfinnee gahan,ilaa farda lafoo oofu jechuun jarri sadeen abbaafi ilma qubaan agarsiisaa itti kolfan.Liibanis waan ta`e hundaa tasgabbaa`ee,tokko lamaan waan jarri sadeen isaan irratti raawwatan dubbatee taa`e.

**Emaltuu.(fuula 82)**

Mucaa dhiiraa kan haadha hin qabne,kan haadha biddeenaa biratti guddatee Emaltuu kan jedhantu ture.Mucaan kuni dubbii dalgaafi qolaa hin beeku;ishee kallattii malee.Qoraan fireelamaan takka naaf cabsi yoo ittiin jedhan muka lama fida.Kanarraa kan ka`e abbaafi haadha biddeenaa isaanis hedduu jibbama.Sabab kanaaf dhaanamaa,arrabsamaa oola.Wrgaa mana namaa deemee hamma ka`ii gali jedhaniinitti hin galu;achuma oola.

Booda gaaf umuriin isaa guddachaa deemu akkuma namoota biro haadha manaa kadhataniifii fuudhaniif.Warrumatu fuudheef malee maal akka ishee godhan wanti inni beeku hin jiru.Erga fuudhee boodas mukaa-baalaa hin jedhu.Yoo isheen bishaan deemtu duukaa deema;yoo isheen qoraan guurtu qottoo baatee faana joora.Boodarra maluman waan sana barsiiste.

Dhumarratti ilma argannan warri soddaa isaa sa`a kennaniif.Raafadhaa waan jedhamaniif saattii dhuma gamaa gamanaa raasuun ajjeesan.Sanaan booda foon saattii saattii qalanii affeeluun,hanxaqii ilkaanii fidachuuf gaara Cuqqaalaa bahan.Yoo gadi deebi`an foon mana keessaa dhumee tisiisa qofatu mana keessaa hursa.Foonichas kan nyaate tisiisa jedhanii murteessan.Tisiisa mana keessa ari`anii reebutti qodaa mana keessaa caccabsanii fixan.Dhumarratti tisiisni tokko adda haadha manaa irra yoo teessu,haati manaa usustee abbaa manaatti yoo himtu,abbaan manaas ddhagaa guddaan adda haadha manaa dhahee keessa buuse.

**Heeruma Gaelle.(Fuuala 89)**

Gaalle durba Waatati.Abbaan ishee Qaallufi ilma mootitti malee hin heerumsiisu jedhee didaa ture.Boodarra ilmi qaalluuEjeree jedhamu,kaadhimmachuuf akkuma jaarsa ergeen milkiin jalaa baddee Gaalle ijji ishee jaame.

Obboolaa lamatu ture.Gaariifi Hamoo jedhamu.Lamaan isaaniyyuu gala guduunfatanii jila demuuf waliin manaa bahan.Hamoon Gaarii goyyoomsee gala isaa dura walumaan nyaatanii

fixan.Gaaf Gaariin gala akka Hamoon isaaf gaafatu ni dide.Ija isaa keessaa qaroo baasee yoo Hamoof late qofa gala akka kennuuf itti hime.Gaarinis beelan du`uura jedhee ija isaa baasee kenneefi gala xinnoo qooddate.Haaluma kanaan ijji Gaarii lamaan akkuma baddeen Hamoon Gaarii muka jalatti gatee biraa kute.

Halkan walakkaa yoo ta`u,muka san jalatti seexanni yaa`ii qaban ture.Dawaa biyya lafaa fayyisu hundaa himaa turan.Ijji yoo nama baddes baalli muka inni irra bulee suni ija fayyisuu akka danda`u himan.Bariituu Gaariin baala sanaan ija isaa dibatee fayye.Akkuma ijji isaa lamaan banamteen mana mootii naanoo sanaatti qajeele.Akkuma achi gahee waa nyaateen abbaan Gaalle intalli isaanii ijji ishee akka jaamee jiru itti hime.Gaarinis ija Gaale fayyisuu akka danda`u itti hime.Kanaan dura mootichi fayyisuuf hedduu yaalaa waan tureef,hin amanne.Dhumarratti Gaariin Gaalle fayyisuun duudhaafi seera warra Waataa guutee Gaalle warroomfate.

**Eker-Dubbiftuu.( Fuula)**

Karrayyuu keessatti gaaf tokko lagni Hwaas hedduu guutee ture;ce`umsa dhoowwate.Hawaas karaa gararraa .toora warri Affaar miilaan Mataa-haraatti ce`an ,beerran osuma warri dhiiraa dhoowwanuu didanii laga guutetti ce`uuf itti nam`ani.Lagni Hawaasis akkuma waan beela`ee jiruu fudhatee deeme.Ummanii Karrayyuu,Argobbaafi Affaar iyyanii birmatanis baasuu hin dandeenye.

Garaa bishaan itti yaa`u dhiisanii gara olii barbaadan.Dubartoonni faallaa namaa deemu jedhanii waan yaadaniif bishaan keessa ol deebi`uun barbaaduu eegalan.Hawaas garuu ol hin deebisne.

Beerri kuni erga lubbuun darbanii ekeraan isaanii waan ta`e mara kaastee dubbatti.Akkaataan bishaan Hawaas itti isaan fudhate mara kaastee haasofti.Akka bishaan ishee fudhatu illee kan itti ajaje Ookliyaa (ayyaana0 ishee ta`uu himti.Abbaan warraa ishees ammatti lubbuun kan hin jirre ta`uufi bara jireenya ishee qabeenya hedduus saamamuu kaastee himti.

#### 4.3.1. Walitti Dhufeenya Namaafi Uumama Naannoo

Namni jiruufi jireenya isaa keessatti,hormaataaf,qonnaaf uumamni naannoo  isaa bu`uura isa jalqabaati.Dhalli namaa xiyyeeffannoo kennuu dhabuun,uumama naannoo kan mancaasu yoo ta`e,qilleensi,bishaaniifi biyyoo gabbataan yoo manca`an jireenya namaafi dachee tanaallee gaaffii jala galchuu danda`a.Ikookiritizimiinis waldhaansoo dhalli namaa uumama addunyaa waliin taasisuun waliin wal qabata.

Fakkeenya 1.

*Osoo akka garaa kiyyaa nama yoo 'muka' jedhan, 'citaa' jechuu jaalatuun,yoo bishaan isa nyaate ammoo 'hidda qabadhu' hin jedhan 'kobba' qabatee cicha.(Danaa,Matooma Jiloo Kuloo,fuula 11)*

Hamaan naanna`ee of mataa isaa miidha.Waan gosti namarraa jibbite lakkisanii,waan gosti namarraa jaalatte,immoo jabeeffata ture.Garuu dubbiin Roobaafi Jiloo tun,faallaa tanaati..Gamtaa akka yeeyyii santu itti hir`ata;lachuu faallaa walii adeemu.Oromoo diinni hin cabsu;yoo ofii wal cabse malee kan jedhan fakkaatti.Akka mataafi dhadhaa ta`anii wal qabbaneessuun hafee,akka hantuutaafi adurree wal adamsuun kuni,caba sabaati.Warra wal nyaatu,gudduudhaa 'way' nyaatu kan diinni jette suni Jiloofi Roobaaf dhaamsaaf dhama qabdi.

Fakkeenya 2

> *…Yoo Rooba 'muka' jedhu Jilo 'cita' jedha.Gaaf sana lamaan afaan wal dabran.Aannaniifi garaa ta`uun hafee lamaan wal muran…Koottu jila sirbanna.Lafti illee gannaa taate.Iyyoo duula duullanna;diinni Arsii irraan galteeLafti gannaa saayyan gurruun irraan dhundhule;..Arsiis Arsii gannaati;ka bariituu wal haadhuu qaban,aduun irraan qaari`uu diddee dhaabbitti oolte….dhiigni lolaa taatee,lafeen qoraan taate;foonni dhoqqee taate(Danaa,Matooma Jiloo Kuloo,fuula 13)*

Gaaf Oromoo tokkoome jedhan,diinni immoo naasuun of balleessiti.Akka Jiloofi Roobaa gannaan yoo wal waraaran diinni gammachuun of wallaalti.Caba Orommoo Booranaaf Arsiin,shawaan,baleen,gujiinfi Orommoonni kanneen hafan hunduu qalbiidhaan waliin cabu;Gaaf Roobaafi Jiloon wal lolan uumamam lafaatu dhiiga baachuu nuuffe;sanuu immoo

dhiiga ilmaan abbaa tokkoo.Bara goondaan tokkoomtee jawweefi bofa qe`ee ofiitirraa eegdu,dhalli namaa sana hanqate.Gabrummaan mataa Oromoo irratti akka keelloo daraare kuni,ka`umsi isaa tokkummaa dhabuu dhaabbilee siyaasaafi warren garaaf jecha,akka bofaa garaan looyan,daba isaan ummata Oromoo irratti hojjetanin akka ta`e hubachuun ni dandaa`ama

Fakkeenya 3

*Daftaraan Yimaam Yesus…halakn afurtamaafi guyyaa afurtama sooma qaba.Bariituu Biiftuun dhiiga uffattee,ilboruun yoo dhumattu,ilmoon namaa,ilmoon bineensaa,ilmoon sa`aa walkeessa guute.Karrayyu la cehe.Arsi la marse(Danaa,Matooma Jiloo Kuloo,fuula 14)*

Sirni nafxanyaa erga gaafa wallaalaa keenyatti fayyadamanii galanii booda,Oromoofi Oromiyaan qurxummii jawwee waliin galaana keessa jiraatan ta`an.Silaa abbaan amanitii kan du`eef gumaa baasisee;kan wall ole araarsa ture.Kan daftaricha kanaa garuu,kanaan faalladha.Nagaa caalaa lolatu isa gammachiisa;lola keessaa isa Oromoon Oromoo cabsu!.Dhangala`uu dhiiga ilmaan Oromootti,uumamati lafaallee dheekkamte;Karraayyuufi Arsiin waliin ta`anii diina waraanuun hafee,ofumaa diina walitti ta`an.Dubbiin kaleessa akkanaan tokko jettee eegalte,har`a aarsaa nu kaffalchiisaa jirti.Kanarraa kan hubannu,firri Oromoo,Oromoofi Oromoo qofa akka ta`eedha.

Fakkeenya 4.

*…Xiilloo yaabbachuun isaa,dhiibboo jaalachuun isaa,dhiibboon sun ofii isaa waliin,nama waliin,Waaqa waliin,.Mee namni yoo maal ta`u Waaqan wal lola?...Waaqni iyyuu tolchee gaabba.kennee fudhata akkuma namaa.*

*Egaan niitii fuudhee suubboo ta`uukiyyaa*

*Dubbadhee hin baafadhuu,huummoo ta`uu kiyyaa*

*Du`ee hin hobbaafadhuu,aadaa deemuu kiyyaa(Danaa,Baraan jabbii,fuula 24-25)*

Didaa Boruu dhalaan rakkate;akka Orom durii sana ilmatu araddaa abbaatti hafa waan ta`eef yaadda`e;abbaan darbus ilmatu maqaa waamsisa.Didaa Boruu immoo ilma dhiiraa hin arganne. ‘Gabrummaa hiddaan buqqisna ,dadhabnu ilma itti guddisna’ kan jedhan santu isa yaaddessa.Osuma fuudhuu,beerri shantama,dubarri shantama guutan.Xiilloon maqaa bifa

fardaati;gootatu yaabbata;gootni maqaan hamma gaara  Erer gahu kuni,ilma yoo dhabu qaanii guddaadha.Akkasuma warri dhalatan karaatti hafuun isaanii hedduu isa naasisa.Akka haadha manaa isaa ganamaa,ishee rakoon fuudhee sana,abdii isaa Waaqa irra hin kaayyanne. ‘Akka Waaqaa hin beekanii,mee haadha Waaqoo naan jedhaa’ hin jenne.Waaqa waliin matooma qabate;Waaqan hin morkan;morkaniis hin moo`atan.Kanatu akka beera handaaqqoo kophaa gungumsiisa;akka huummoo immoo kophaa akka aadaa deemu taasise.Walumaa gala,harkaan carraaqaa,akkuma haadha isaa ishee rakoo sanaa,abdii ofii Waaqaafi lafarra kaayyachuun mishaa ta`a.

**Fakkeenya 5**

*Barii lafaan yaada`ewoo akka nama gatiin irra jiruu,namni niitii hamtuu qabu,aduu dhi`a yaadda`a;kan gatiin irra jiru immoo,lafa barii yaadda`a(Danaa, Baraan Jabbii fuula 28)*

Abbaan Gurraa jaarsa jaaradha;sanuu isa Waaqa baatu.Akka warra kaawwanii,cubbuufi tuttuqaa irraa walaba.Namni Waaqaa waan badaa ciigga`aa yookiin lagataa jiraata.Akka warra liqiin irra jiruu,barii lafaa hin yaadda`u;aduu dhi`as hin yaada`u;niitii hamtuu manaa hin qabu waan ta`eef.Namni afuura Waaqaan bulu,nageenya akka qabu,abbaa Gurraa irraa barachuu ni dandeenya.

**Fakkeenya 6**

> *Obboleessa koo waliin,godoo bulla;godoo dallaa,godoo akkasii immoo bulla;irri sanqallee;jalli sanqallee.Godoo jalli kabaa hin qabu;dagaleen ajjeerraa hin qabu;siren keenya hafaa hin qabu…yoo hafaa yabbifne,barii hin kaatan nuun jedhu.Yoo godoo keenya kabne,koshii hin dhageessan nuun jedhu;yoo dagalee ijaarranne,biiftuu hin agartan nuun jedhu;…sanqallee keessan urjii lakkoofna;namni silas arraba irratti abiddaafi bishaan baatti;Tokkoon gubdee guggubdee waaddee tokkoon dhaamsiti. ‘ati hudduu gatii rafi’naan jedha.(Danaa,Arraan Jabbii,fuula 43)*

Obbooleewwan lama isaan godoo ijaarratanii,loowwan eegaa bulan kuni amala adda addaa qabu.Inni tokko callisee rafuu jaalata.Hangafni durba kaafachoo deemee sirbaa bulee ganama gala.Godoon isaanis,irri sanqallee,jalli sanqalleedha.Kana caalaa yabbisanii akka hin ijaarranne,namatu dhorke;achi keessaan koshii dhagahaa,urjii lakkaa`aa,biiftus argu.Ormoo goota qaba;sanuma keessa,dhalli akka deeroo sodaattunis ima jirti.ILmaan Oromoo qaqqaalii

hedduun,mana hidhaa keessatti akka qoraanii bobeeffamu;akka dhagaa immoo caccabsamu;achuma keessa taa`anii harka hin kennatan.Manuma hidhaa keessa taa`anii,karaa argatan maraan qabsoo finiinsu;gariin ammo,leenca bosonaatti michoomee,diina godoo Oromoo haphistu kofoo irratti haphisa;haphisee biyyootti maka. 'Dhalli namaa biyyoorraa waan uumameef,booda gara biyyoo deebi`a'isa jarri jedhan san dhugoomsaaf.

Warri abidda baatanii lammii gubaa oolanis,warri irraa dhaabaa oolanis,akkuma hojii isaanitti ni safaratu.Garuu akka obboleessa quxusuu kana ciisanii du`a eeggachuun fafa.

Fakkeenya 7

*..kan komeen lafa uru kana waliin dalagaa buleetu,achii ammo akka waraabessa lafti itti bari`ee fiigaa gala.Waan halkan isa muudate,tokko lamaan natty odeessa.Isa waraabessi itti yaa`e;isa awwaaldiigessi ari`e… "ati hudduu gatii rafi .Rirmi achitti si qabeera" naan jedha.(Danaa,Hiibboo Hiibbak fuuala 44)*

Ragaa armaan olii irraa hubachuun akka dandaa`amutti,ilmi Daa`imuu Gooroon halkan hin rafu.Babbareedduu Oromoo naannoo isaa waliin sirbaa,waraabessaafi awwaaldiigessa waliin wal falmaa bula.Waraabessi milkii hin qabu;hattuudha waan ta`eef.Qabeenya hore saamee kan nyaatu,guddaafi xixiqqaa dhala namaa garaa isaa guuttachuuf akka baalaa kan ciru waraabessa.Awwaaldiigessi lafa qotti;qottee jiraa mitii du`aa namaallee nyaatti.Biyya jiraa mitii du`aan keenya keessatti hin kabajamne keessatti callisanii rafuun haraamummaa akka ta`e raga armaan olii irraa baruun ni dandaa`ama.

Fakkeenya 8

*"Biddeen ati nyaattu sareef yaa laatan" jedha ,obboleessi koo hamaadha…ji`I callee dirsiifti alaa.Jirmi ni seeqa manaa;gara dallaa sa`aan dhaqa.Sangaa Dhibbaafi sangaa Magaal dallaa cabsanii nu rakkisnaan hiine;hidhaan ijaajju;alala guru.Raadden na agartee lafa ciisaa kakaatee fincaan firfir goote.(Danaa,Hiibboo Hiibbak fuula 46)*

Jiini halkan baatee warra ifa hin qabneef ija Waaqaafi lafaa laattif.Jirmi akkuma akaawii ofii seeqqachaa ,garaadhaa gubachaa ifa laata.Namni dubbiin gumaafi dhiigaa qabde hirriiba hin qabu;guyyaa aduun ,halakan ji`aan jooraa bula.Garaaf jecha garaan looya osoo hint a`in

,warra garaaf jecha garaan looyan garaa kuta fakkaata.Wallaalaan sangaa Magaaliifi Dhibbaa irraa garaagarummaa hin qabu;yoo beela`an dallaa cabsuu;yoo quufan alala guru qofti bilisummaa taanan,dhalachuun keenya nun barbaachisu ture.Walumaa gala inni jabaan keenya deemee waraabessaafi awwaaldiigessa yoo adamsu,gariin qe`eetti hafan,araddaa tiksuun waan dansaa akka ta`e raga armaan olii irraa ni hubanna.

Fakkeenya 9

> *Haati kiyya akka firii bishingaa ofii ishii biyyee nyaattee,biyyee taatee ,anaaf immoo hindee naaf taate.Miila isiinan lafa ejjedha har`a.Abbaan kiyyas diphuu baqa fakkaataa,isuma teellaan ba`ee,soogidda bishaan buute ta`e.Har`a lamaanuu iddoo dhugaa jiran….Akaakiliifi Abaabiliin kiyya,dur kunoo as jiraatan.Qe`een amma diilallaa`ee qobboon irraan marge kana,qe`ee amma one kana….qawwisa,doddotaafi odaan ati agartu kana keessa,kaabban irreessi warra keenyaa kunoo,hanaga malkaa molee ga`utti,awwaaldiigessi ol diigdee gaddiigdee,sabboo meetii sibiila lafa keessaa baasutti,lafee warra keenyaa diigdee yaafte.Lafee warra keenyaatilafa ati ejjettu kuni jalli.(Danaa,Tola Teelaa,fuual 55)*

Oromoon akka warqee abiddaan qoramaa as gahe;Adaafi lafa isaa tikfachuuf,lafee ilmaan isaa qoraan godhee;dhiiga isaa lolaasaa asiin gahe.Warri kaleessaa suni harka kennachuu nun barsiisne;kufanii kuffisuun amala duudhaa isaanii ture.Kanumaaf egaa warri Tola Teellaa,kan haadhaafi abbaan kan dhabamaniif.Duuti hin ooltu;garuu du`a gootaa du`uun maqaan boollaa ol.Oromoon saba dureessa,alaafi mana hin beekne ture;kanumaaf diinni akka waangoo foon argee gorora itti coccobsa.Caraan warra Tola Teellaa qunnamee ture kuni,har`a qe`ee Oromoo hundaa diigaa jira.Sabni guddaan kaleessa horsiisee cooma muraa ,aannan unu suni,ha`ra jireenya gadadoo keessa jiraata.Diinni,abbaa garaa nama keenyatti fayyadamee,akka awwaaldiigessaa lafa Oromoo qottee,du`aafi jiraa keenya buqqisaa jirti.Iddoo duudhaa Oromoo,diiganii bataskaana itti ijaaru;ijaaranii isumaa Afaan Oromoon hin waaqeffatan jedhu;Waaqa Afaan Oromoo hin dhageenye,garuu kan lafa Oromoo jaalatutu yeroo ammaallee lafaafi nama keenya dararaa jira.Warri Tola Teellaa lag ace`anii as hin galle;kan ofiif du`an malee;waan ofii nama irratti feena hin jenne.Dhugaan Odaa jigdee,dhugaan awwaala abaabileefi akaakilee keenya buqqaatee,afaan qabdi;ni dubbatti;gumaas ni baafatti.

Fakkeenya 10

> *Waan Danaan abbaa ittiin fakkaattu,Waaqa isii uumet beeka;yoo Waaqatu uume tahe.Dhaabbii isii isa sinnaara moo,mudhii isii isa leenca dhaluuf foolatu san,nyaara isii isa dossoo moo?,ija isii isa akuukkuu ,hidhii isii isa hudhaa moo?,ilkan isii isa goosoo bilchaate fakkaatu san…sarbaa isii isa yadii moo?,sinboo isii isa dilba san moo?,dhiiga isii isa gurraacha Waaqa roobuuf dorrobe sanii?,mee maaliin maaliin abbaa bulloo fakkaatti?,yoo danaa isiitii malee!( Danaa ,fuula 62)…abbaa bulloo ummati lafa isaa irra jiru,guyyaa madaanalemii ni hoodatu(Danaa ,fuuala 62)*

Abbaan Danaa abbaa bullooti;galgala keessa durba fuudhanii intala Danaa jedhamtu argatan.Danaan haadhaan morkiti;morkii bareedinaa.Nama mitii uumamti lafaa iyyuu bareedina Danaaf ragaadha;bareedni lafaafi aadaa Oromoo qofa miti;namni isaas bareedA.Durba mudhii sinnaaraa,warra ilkaan goraa bilchaate fakkaatu,kan qabu Oromoodha;kanaaf ragaan Danaadha.Bareedduun Oromoo bareedaa Oromoof malti malee,ormaaf hin maltu;sanyiin makamte booda awwaaratti nama makti.Diinni gaaf nama bituu feetu,waan ishii namatti feeti;warra didan ni dararti.Kanumaaf abbaan bulloo sagal hidhaa bule;qoruutu hiisisa;hiisisee immoo qe`ee abbaa bulloo keessaafi alarra marmaara;sababni Sanyii bofaa sana,gadaamessa gugee keessatti facaasuuf.Qoonqoon guyyaa mara nyaatti;harki immoo guyyaa mara maaf hojii dhoowwame?.Ayyaanni nyaata malee hojii jibbu kuni,abbaa bulloof hin taane;kanumaaf sagal hidhaa bula.Walumaa gala waan fafee diduu,warra kanneen akka abbaa bullootu nu barsiise.;kanaaf kalees didaa turre;har`as didaa jirra;borus waan nuuf hin malle aklka dinnu,ragaan armaan olii nu barsiisa.

Fakkeenya 11

*"Maal dhaabi soddaa,dhaaba sanbataatii dhiiro?.Mee ilaallaka loon dallaadhaa onsinee gurgurre.Dilbii,gumbiifi gombisaa harree yoo kuma kudhan baafnu, "leeqaa qalbii hoffaa,du`a abbaa isaa kolfa'',jedhan silas,qasa`ii kolfi;si maaltu dhibe?.Naatee akka cilaalluu walitti galte.( Danaa,Bada Kuyyoo Jaafaroo,fuuala 67)*

Kuyyoo Jaafaroo ilma fuusisuu barbaada;garuu gabbarri intalaa mataa isa dhiitessaa jira.Isayyuu Anjuun,haati manaa isaa didaa jirti.Oromoon boru waliin hour,diinagdeen wal ajjeesuu hin qabu;sabni diinagdeen du`e yeroo hundaa garba ta`a.Kuyyoo Jaafaroo gaaf hattuun reebamte sana,hattuma sana keessaa,baasii cidhaaf ta`u,hatuuf harka namicha kufee

ciisuu keessatti yoo dhahu,hattichi iddoo kufee ka`ee Kuyyoo Jaafaroo morma irraa mure.Dhugaadha!,hanni Oromoof hin taatu;Diinni Oromoo isuma waan du`e fakkaatee riphe malee,hin dune.Ammallee hirriiba keessaa dammaquu qabnaan dhaamsa raga armaan oliiti.

Fakkeenya 12

> *Warri gamaa as itti dhufe.Warri gamanaa asii achi yoo itti dhaquu gidduu gidduutti galchan.Isii kaan lafa gadi lixxeefi Waaqaatti ol baatee isii dhaban….Tokko abbaan sangaa itti ba`ee akka qeerransaa yoo achi irratti lafa dhawuu lafatti marmare.Namittiin yartuu hamma kurmaanaati….Irree isaa isa jirma saniin morma aqaaqee,lafatti gadi qabee tuulamee irra taa`e.(Danaa,Baba Kuyyoo Jaafaroo,fuula 69)*

Oromoon dur suni akka yeeyyii tokkoomee,akka leencaa baroodee,diina rom`isiisaa ture.Booji`ee illee ni moggaafata malee,hin ajjeesu;gootni ni amansiisa malee ishee harka laatte,hin xuqu;sodaattutu nama ajjeesa.Waraabbii kana irraa kan hubannu,Oromoon lolee mitii,osuma sagalee tokkoon iyyee,diina naasisee biyyaa baasa.Warra kaleessaa santu akkanaan of kabachiisanii,lafa Oromoo irraa shaalaa hin qabne san nutti dabarsani.Diinni jal`aa nama keenyaa fira taasifattee,nutti duuluu eegalte;lafa warri keenya dhiigaan tiksee nuuf dabarse tana,diinaaf dabarsinee laanna taanan haraamuu taana;kan dhalchine nuuf hin guddatu;kan facaasne nuuf hin margu;gadhoomnee haraamuu ta`uu immoo Waaqayyo nuhaa oolchuun dhaamsa raga kanaati.

Fakkeenya 13

*Kuyyo ka`ee sagalee dhaggeeffate;Waa takka hin jiru;Kooraa bataskaana mikaa`eliitii waraabettiin inikiksiti. "Isiinis hojii ofiitiif wal gugsiti;dirqama ofiitif wal kikiksiti;jaalala waraabessaa,raqa argattee waliin nyaattee,waa soorattee yoo dhumu gargar galti.(Danaa Bada Kuyyoo Jaafaroo,fuula 70).*

Gaaf Kuyyoo Jaafaroo deemu sana,kolfa waraabessaatu ture;Waraabessi kaayyoo takkaafi takka qaba;sunuu kaayyoo garaa qofa.Garaaf tabba bahee,qilee seena;seenaa achiinis hafa.Gadheen lammii keessaas sanuma.Graa guuttannaan,wanti lammiif ta`u,isaan hin galchu.Akka leencaa baroodanii,diina naasisuun isaan dhukkubsa.Gaaf argatan nyaatanii,waliin burraaqu;gaana kaasu;ugum1,jaalaltis gaafuma garaa quufan dhuftiif.Warra akkanaatu tokkummaa Oromoo isa dhagaa irra ajabaatu sana,laaffise.Garuu dubbiin garaa ni

dhuma;gaaf san gargar galu;garuu immoo essatti galu?.Waan gaarii sabaaf dalagnaan,du`anillee maqaan ofii boolaa oli;garuu ta`uu baannan du`aan isaaniyyuu hin boqatu

Fakkeenya 14

*Ana immoo natti gadi jigee isaan wallaale;har`a iyyuu agadaa hoffaan se`a.Hoffaa agadaan se`a.Ciniilee ilaalee garaan na na`a.Gadi deemii naan jetti haati biddeenaa tiyya.(Danaa ,Emaltuu fuula,82)*

"Harree galgala bade galgala kurkuriin hin argu" jedha Oromoon.Emaltuun kuni gowwaadha;garuu gowwaa keessi isaa qulqulluuti.Qulqullummaan yoo gamnummaan keessa hin jiraanne,duwwaadha.Kan Emaltuus sanuma ta`e.Dibbii irra keessaa miti;ishee keessaa santu dhuka qaba.Mana haadha biddeenatti gowwaa ta`anii mitii,gamna ta`anii jiraachunuu gaaffidha.Warri dubbii sabaa gatanii,kan keessoo isaanii qofa qabatanii deemaa jiran,kanarraa addaan miti.

Fakkeenya 15

> *Yoo gallu immoo intalli laga qoraanii,na geessiti.Yoo qoraan dhaqxu,qottoo butadheen ka`a.Yoo bishaan dhaqxu,saandoo fudhadheen ka`a.Anaaf dubbiin naa hin galle.Gaaf kaan qoreen na dire jettee,of irra gadi quphante…Wandabeen irraa ceete.*
>
> *-Suni maali?*
>
> *-Holqa dammaa*
>
> *-Kannisni nah in ciniinuuree?*
>
> *-Galgala baasan,yoo kanniisne hin kaane*

*Holqa dammaas,halkan baasaa bullee,dammas nyaannee bariituu yoo ollaan buna dhuguu dhufu, 'mee isa eda naaf laatte abboo fa`aaf gadi fidi' ittiin jedhe(Danaa,Emaltuu fuula 87)*

"Humnaa humna bishaanii,malaaf mala dubartii siif haa kennuun" suni haqa.Gurbaa gowwaan kuni miira dhiirummaa isaa akka baasuuf tooftaan niitiin ittihimteen adda ture;holqa kanniisni itti galu jetteen.Karaa biroo immoo holqi,lafa goototni Oromoo,jaaraa

oliif,keessa ciisanii diina adamsaa turaniidha.Holqatti tisiisni hin galtu;yoo kanniisaafi sonsaa malee.Iccitii lafa gootaa gowwaatti hin himan;dhagahu dubbii balleessa,dhalchus sanyii balleessa.

Fakkeenya 16

*Samiin akka guboo gadi isiitti aguugame.Guyyaan isiitti dukkanaa`e.Warriifi firri abdii kutate.Ganna,bona,birraa,arfaasaa,Gaalle jaamuma.Ijji hin jiru;yoo iddoo ijaa malee.Fufurdifnaan 'afuura lafaati' jedhan.(Danaa,heeruma Gallee,fuula 92)*

Galle durba qarreedha;durba heerumaaf geessee fayyaan rakkatte,guyyaatu halkan itti ta`a.Akka beekan maraan dawaan isaan itti hin funaanne hin jiru.Gabrummaa baachurra,gaara baachuun ni salphata;lafatu nama baachuu jibba;urjiitu nama irratti harca`a;duumessatu aduu ta`ee nama guba. Galle 'ijaa badde' osoo hin taane 'ijatu bade'.Agartuun ijaafi bilisummaan,wal hin caaltu dhaamsa jedhu qaba.

Fakkeenya 17

> *Dheebuun bishaanii ,beeluun midhaanii Gaarii ;laaffiste;deemuu dadhabe.Haroo Walaabuu gahuuf sichi, turban yookiin ji`a meeqa?...ija isaa tokko Hamoon qoreedhaan keessaa baasee waa galaa irraa qoodeef.Hamo muka jalatti,isa gatee bira darbe.Halkan yoo ta`u,seexanni kormaafi dhalaan dhuftee holqa muka saniitti galtee laga goosti…isa aarsaa soorachaa oolte fa`a,isa niitii dhirsa qabdu humnaan gudeeddee ,ulfa seexanaa baachifte fa`a…achumaan tokko keessaa ka`ee ,jarana imimmaan muka kanaa,ija jaameef qoricha jedhe.(Danaa ,heeruma Gaalle,fuula 94)*

Hamma dhugaan tarkaanffii tokko tarkaanfattutti,sobni addunyaa naannofti;dursuun moo`uu miti.Hamoofi Gaariin tiruu takka waliin boraafatan.Hidda handhuura takkaan nyaataa dhugaatii waliin hirmaataa,gara addunyaa tanaa dhufan.Garaan haadhaa burreedha;bofaafi weennii baata.Hamoon akkuma maqaa isaati;Obboleessa tiruu takka waliin boraafatan caalaa,nyaata caalsifate;ija baasee nyaata laatef;kuni hammeenya;hammeenya keessaa hirmiidha.

Dubbiin Waaqni keessa hin jirre fiixa hin bahu;bahees hin beeku;hunduu dhumarratti waan gatii harkaa isaa safarata.Kanuma ilaaletu,Waaqni Gaariif karra bane.Seexana keessaan

ogummaan Waaqaa bahee muul`ate.Biqilaa Rabbi uumeen ijji Gaarii fayyite;sana booda innuu Gaalle ittiin fayyisee,kabajaa abbaa warrummaa dhuunfate. “Yaa Waaqa koo situ guddaadha malee,rakkoon koo guddaa miti” kan jedhameefis kanuma ibsa.

Fakkeenya 18

> *Hawaas karaa gaararraa,karaa jarri Affaarmiilaan mataa haaratticeyan itti buune….warri beeraa itti hin bu`inaa yoo jeyan nutihoo itti namine..Hawaas kaa silaa beeluun jiru,nat fakkaataa,nu fudhatee karaa gahe;iyyani ummanni karrayyuu,gamaan ummanii Argobbaa,gamasiin ummati Affaar,tikfatteen birmattee 'hidda qaphaa!,hidda qaphaa'! jennaan nutihoo hoomecha qabanne…namni birmatee yoo dhufu,akkana jeyan,jarri beeraa faallaa faallaa dalagani;yoo bishaan gadi yaa`u,jarri keessa ol deebi`anii ,koottaa madda gubbaa olii barbaanna jeyan(Danaa,Ekera Dubbistuu fuula 101).*

Hawaas jiraafi du`aa baatee naanna`a.Akkuma garaa laafee bitaafi mirgatti jal`ifamaa oolu,hammaachuus ni beeka.Beerran karrayyuu gaaf fudhatee deeme sana,garaa jabaate;akkuma warri dhiiraa 'dubartoonni faallaa namaa deemu'jedhan sana 'ni ceena' jennaan 'hin ceetan jedheen'.Ummanii Karraayyuu,Affaarifi Argobbaan waliif ollaadha.Gaaf rakkoo waliif birmatu;gugdaafi ollaadhaan lafaa ka`u jedhama mitiiree?.Hariiroon Hawaas ummata naannoo isaa faana qabu guddaadha.Dhugaa ittiin dheebuu baha;jal`isee ittiin beela ba`; “Yaa Waaq malkaa kana uumte”,jedhee itti irreeffataa irraa kadhatee argata.Waaqni malkaa sana uumes,garaa itti hin jabaatu.Namni gaaf lubbuun jiru,beelaafi dheebuu Hawaas hubatee nyaachisee obaase yoo jiraate Ekeraa beerran Karrayyuu santu beeka.Dhaamsi guddaan raga armaan olii irraa hubannu,malkaafi Oromoon hariiroo jaaraa hedduu qabu.Lameenuu akka dhadhaafi rifeensaa wal qabbaneessaa jiraatu;garuu dhalli namaas seera uumaafi uumamaa gaaf dabse,gatiin inni kaffalu guddaadha

### 4.3.2. Hariiroo Uumamni Naannoo Duudhaa Hawaasaa Waliin Qaban

Ikookiritizimii keessatti wayitii hariiroo namaafi uumama naannoo ibsu karaalee add addaa ta`uu danda`a.Isaan keessaa holooloofi walaloon ta`uu mala.Hawaasni tokko Afwalaloo isaa keesatti,aadaa,saanaa,duudhaa,amantaafi falaasama isaa ,akkasuma dacheefi gootota isaa ni faarfata.

Fakkeenya 1.

> *Sareen abbaa irra beektiin dhugaa.Amna dual yoo bahan ,sareen abbaa biraa hafee lafee qoqora.Abbaan 'maal lafee goggoyduu qoqortaa koottu' jedha.Sareenis jedhe 'dhuka isaa keessaafin jedheen qoqora',sareen abbaa irra beektiin mirkana;namni hoo?.Namni hamma Waaqaa beekaa?.Hin beekuuf itti gala galee fincaa`a.Hammaa Waaqaa hin beekuuf,daandii Waaqaa keessatti hudduu gatee,itti udaana.Halkaniifi guyyaa gaana.Wanti dhalattu baana.Akka haga xirinyii,boolii boolla gugguutee yaabbannoo isaa godhatee,Waaqatti ol bahuu ifaaja.Yoo achii gadi deebi`u immoo,yaabbannoo isaa qabatee,ittiin ol bahe irra ejja;salphina uumamaafi uumaa haloo isa baati.(Danaa,Shikkaa-mukaa,fuula 5)*

Oromoon jalqabumaa kaasee,duudhaa mataa isaa qaba.Eebbisee guddisa;abaaree balleessa.Uumama naannoo isaa maraaf,kabaja qaba.Waaqaafi Oromoon seera uuman wal argu;balleessu falatee;ajjeesu gumaa baaseeTulluufi malakaa irreessaan gabbisa.Arfaasaa tulluutti,birraa malkaatti irreeffata.Har`a warri beekna jedhan,wallaalaa ta`an;beekaan kan qabu jabeessaa,kan biro dabalata.Garuu kan ammaa kan ofii gatee kan ormaa dabalata.Kanaaf sareen nama caalte;fafee namni jedhee gate keessaa,gaarii baastee nyaatti.Cubbuun dhalli namaa akka boolii xirinyii ofirra tuulu kuni,booda isuma balleessa.Kan dhalattu akka guddattuuf,kan facaasan akka marguuf falliifi faloon jiru uumaa ganamaan buluu akka ta`e hubanna.

Fakkeenya 2

> *Yoo namaa immoo,inni falaasaa akka warra Giriik durdurii urjii Waaqaa irraa malee,kan lafa jiru hin garre,subii emaltuu ka`eeudaan kiyya irra ejjetee caccaba sigigaatee,natti milkii ilaallata…maraachuun keenyaas akkana;raagaa dhiifnee, falfalaa duukaa buune;Waaqa dhiifnee, wayhimaatti irreeffanne…yoona galaanni ni dheebote;kan dheebotee hin beekne. Abiddi in dhaamota,kan dhaamotee hin beekne.(Danaa,shikkaa – mukaa fuula 6)*

Akkasuma keessumaa Oromoon barii lafaa milkii ilaallata;milkiin hin taane taanan iddoo deemuuf ka`e ni hafa. 'Yaa Waaq' jedhee kadhata;kadhaa Waaqaa mana isaatii jalqaba;'Ayyaana abbaa kootii' jedhee eegala.Akka wara Giriik urjii of jalaa dhiisanii,kan fagoo hin qoratan.Oromtichi duudhaan bulu 'milkiin manaa baati'jedha.Gaaf uumaan bulaa turre san kuma horree,kuma yaasaa turre;nama keenya mitii adurreen keenya iyyuu aannaniin fuula dhiqatti turte.;gaaf malkaa-tulluu irreechaan gabbisaa turre san alaa manni keenya

guutuu ture.Malkaatu ‘dheebuu-beela na baastan,eebbifamaa’waan nuun jedhee fakkaata.Har`a tolchituufi goomattuun iddoo argate;kanatu tulluufi galaana akka nutti dallansiise raga armaan olii irraa hubachuu ni dandeenya.

Fakkeenya 3

> *Yoo nu dhaantan,boo`a illee nu dhoowwitan;keessatti boo`uu barre.Yoo nu dhaantan ‘imimmaan dhiiraa bishaan miti,dhiiga’ nuun jettan.Dhoskaa imimmaanii keessaan hegeree har`aa argine(fuula 7)…yoo bookaa nadha baatan;yoo coomaa walii murtanii bataskaanan nu dhaqxani…kam maqaan kiyya?jenne.Akkuma maqaa mukaa,akkuma maqaa horii,tokko maqaa akaakuu…yoo gallu horiin nu dheessite,nu illee loon hin dheessine;hidhanuu loonii dhabne.(Danaa shikkaa mukaa,fuula 8)*

Dabalataanis akkuma akaayiin,jette sana ta`e dubbiin Oromoo. ‘Osoon garaadhaa gubadhuun,ilkaanin kolfa’jette akaayiin jedhan.Dhaqna gubbaa dhaanamanii,keessa qaamatii madaa`ani;imimmaan fixatanii dhiiga booyan;waan fedhan dhiisanii,waan hin feene baatan;maqaa qaalluun baase gatanii,kan kiristinnaan waamamuu eegalan.Uumamati lafaa gadditee kan fuula irraa gara galfatt,gaaf sana ture.Ragaa kana irraa kan nuti hubannu,gaaf waan ofii laaffisanii,kan ormaa jabeessan uumaafi uumamti nama dheessa.Gaaf sana mukaa lafatu,dhagaa namatti guura.Keenya ulfeessinee buluun,ulfina Waaqaa lafaa akka ta`e irraa hubanna.

Fakkeenya 4

> *Kuni hasaasa Waaqaa san fakkaata;Hasaasa Waaqaa san dhageennee,kan murre ittiin murree,kan qarre ittiin qarree,wixinee xaxnee,xaqarre.Hidhaa qalaaxee isa isaan dur hidhan furre.Hiixannee Waaqa taraarre;gugguufnee lafa sararre; diignee ijaarre…salphina uumamaa.Uuman matooma qabne. (Danaa, shikka mukaa fuula 9)*

Warri kaleessaa suni,duudhaa isanii hidhanii dhaloota kanaaf laatan.Warri har`aa immoo hidhaa sana furee,firfirse.Isa kormaafi goromsa qalee kadhatu dhiisee,matooma uumaa isaa waliin eegale;kanaaf uumaafi uumamati dugda itti gara galfatte. ‘Leemmoo garaa garaa taliilaa,tokkicha maqaa dhibbaa; jedhanii waaqessu warri kaleessaa suni.Kan facaasan margee firii godhata;kan dhalchan hayyoomee gadooma;kan horan horee karra

guuta.Matoomni uumaafi uumama waliin namni taasisu,salphina guddaa akka ta`ewaraabbii armaan olii irraa ni hubanna.

Fakkeenya 5

> *“ Ilaa kun addeessa goobanaati.Kuni hinge samiitti kaattu.Kuni ammo…jedhee,ammo kan dubbachuuf ka`e afaanitti qabate ,inni uusa himu….ilma argatte ililchi jennaan,gaaf duraa sadi mit,sagal ililche mana duuba naanna`ee abbaan….tarriin qaxxaa murrain,mijuun conqola`uun, uusi hin tolin hafuun…milkiidha jedhe turban jilaa,gurratti wal hasaasee. (Danaa, Baraan jabbii, fuula 21)*

Warri Roomaafi Giriikii meshaalee ammayyaan,urjii,addeessa,dhufaatii waktiileefi haala qilleensa,meshaalee adda addaan yeroo qorachaa turan sana,Oromoon lakkoofsaafi kalaqa mataa isaatin waan hunda addaan baasee beeka ture.Moora ilaalee akka uusaa sana milkii hima;baatii ilaalee bara hima.Kanaaf immoo ragaan nama uusa himu.Ragaalee armaan olii irraa wanti hubannu,Oromoon seera uumaafi uumamaa isaa kabajuun alatti milkii illee ni ilaallata;Gaaf sareen yookiin sardiinni qaxxaa murte,gaaf guutuun jigee dhangala`u,Oromoon milkii badaadha jedha.Manaa hin bahu;jilas hin dhaqatu.Tarriin gaaf qaxxaa murte,mijuun gaaf conqolaate sana kanaaf jilli milkii daa`ima dhalattuu jibbe.Kanumaaf daa`imti illee ofirra deebi`e fakkaata

Lakoofsa 6

> *Isaan amma ammas ofitti qalanii halkan sagaliifi guyyaa sagal ulmaa ciisan.Diinqatti murtii mana Waaqaa eeggatan…gaaf Yaamiin ilma argatte jedhan,namaa mitii,sinbira lagaatu ililche…. ‘Haadha Waaqoo’ naan jedhaaan Yaamii yoo guutuuf ammo “Edaa Waaqni kan garaati” jedhe kaan ammo.Ganni yoo geettu yoona,buusan gannaa dhundhulee,loon gannaa dhaluu gahe. Beerti okolee qoraafattee,weessoo dhuubbatte; qottuun nohee hidhatte; lafa qoqo`ate. Tikseen handaqii dhahatte….Roobni sharii!, bonni itti fufe; “hamoon geette” jedhan….Daa`imti aannaniif ….waatiin silga hodhoof. (Danaa, Baraan jabii fuula 26)*

“Waan Waaqaa hin beekanii mee haadha Waaqoo naan jedhaa” jette Yaamiin ilmoon rakkannaan.Halkan sagaliifi guyyaa sagal ofitti qalanii,ulmaa ciisuun Waaqa isaanii kadhatu.

“Torba naannoo sanbataa,saddeet dhala leencaa,sagal yaa`ii booranaa” jedhu mitiiree.Seera uumaafi uumamaa guunnan ,garaa qulqulluu Rabbiin abdannaan,duudhaa hunda guunnan ,Waaqni waan kadhatan maraaf ,garaa akka namatti hin jabaanne,abdiin Yaamiin Rabbi irra kaayyattee irraaargatte kuni,raga guddaadha.

Fakkeenya 7

> *Ganni yoo geettu yoona,buusan gannaa dhundhulee,loon gannaa dhaluu gahe.Beerti okolee qoraafattee,weessoo dhuubbatte;qottuun nohee hidhatte;lafa qoqo`ate.Tikseen handaqii dhahatte….Roobni sharii!,bonni itti fufe; “hamoon geette” jedhan….Daa`imti aannaniif ….waatiin silga hodhuuf. Raadden gaan haa ka`uuf, rimaan haphee haa ta`uuf,kormi akka ari`uuf…kaloon akka misuuf,furri akka lalisuuf.Roobni sharii!.Malkaa gadi bu`anii hirreefatan; araara qalanii kadhatan…Roobni sharii!.Lafti ni boba`e;dhukkeen samiitti ol ka`e;biyyi ni beela`e.(Danaa,Baraan jabii fuula 27)*

Orommo gaaf ganni seenuuf jedhu “Yaa Waaq!caamtee nu hongeessin;maasiifi sanyii waliin nuuf gahi;rooba nagaa nuuf roobi;roobdee nu balleessin” jedha.Keessumaa dubartiin waxabajjii keessa aeteetee yoo facaafattu,Oromoo Tuulamaa biratti haalan calaqqisa.Birraa immoo “Yaa Waaq bacaqii gannaa nagaan nuuf hiikte,birraa ifaa nu agarsiiste’jedhee irreessaan malkaa gabbifata.Arfaasaa immoo bonni yoo dheerate tulluu bahee Uumaa isaa kadhata; ‘roobii sa`aa nama nuuf qabbaneessi’ jedha.Akka dur sana yoo ta`e,osuma isaan achii hin galin roobaf.Ragaa kana irraa kan hubannu,uumaafi uumamatu gadde;lafatu dheebote;horiitu gubate;jabbiifi daa`imatu gidirfame.Bara akkasii kana uumatu dallane.Akka Oromoo durii sanatti,durba duudaa,buqqee duudaa,farda cancalaan,qotiyyoo waanjoon, baasanii Waaqa araara kadhatu.Falli jirus ammas,fuula uumaafi uumamaatti deebifachuudha.

Fakkeenya 8

*Mallimni kun namaa kuni mukaa hin jenne….biyyee qota.Qotee ammo duucha,ammo qota.Dhukkeefi daaraa gataa irraa san gingilchuu jaalata.Gaafa gaafa itti ka`e,barii ciisaa ka`ee akka nama emaltuu deemuu,akka handaaqqoo saafaa lafa haadhaa oola.Gaaf itti ka`e ammoo,guyyaan ol deebi`ee huursee rafaa oola(Danaa,Baraan Jabbii,fuula 29)*

Mallimni nama addaati Oromoo biratti;roobsisee nama caamsuu danda`uudha.Waaqni nama uumee balleessuu hin fedhu;afuura isaan guutee nama addaa tokko hawaasa keessatti uuma.Gooban galeessa yookiin mallima ta`uu isaati.Warra akkasii uumatu qajeelcha jedhama;hoomtuu isaan hin xuqu.Mallimni ilma wareegati;tokkicha Yaamiin abdii Rabbiin,dulluma keessa argattedha.Amalli isaa namaan adda.Hojiin isaa kan namaan faalladha.Walumaa gala,beekaan ormaa inni halaalaa suni,nu hidha malee nu falu.Urjii qe`ee keenyaa,mallima keessan afuura Waaqaa waliinooluun qaroomina.

Fakkeenya 9

*Bariituu fiinoon afuufamee,dibbeen rukutamee jennaan biyyi bahe.Odaa jaaraa jala,goodaa mana Didaa Boruutti bahan(Danaa ,Baraan Jabii,fuula 37)*

Gaaf dubbiin dalga itti galu,gaaf dubbiin hammaattu,Oromoon fiinoo afuufee labsa.Gaafas hunduu wal gaha gaaddisa Odaa jalatti.Akkuma harka tokkoon ulee diinaa cabsu,gaaf rakkina qe`ee isaa keessaas guddaafi xiqqaadhan bahee fala falata.Sagalee beekaafi qaalluu isaa dhaggeeffatee,murtee tokkoon socho`a malee akka culullee kophaa kophaa akka hin kaatne raga armaan olii irraa hubachuun ni dandaa`ama.

Fakkeenya 10

*Na caqasaa,erguma durii boottan.Imimmaan keessan eguma durii buuftan.Imimmaan keessan cufaa hin taane;dagalee hin taane.Roobes hin dhoqqeessu;caames hin hongeessu. Malkaa ta`ee hin maddisu….har`a isin irra na wayya 'lafa dhaqan hin galle,lafa galan hin dhaqnen dhaqaafani( Danaa,Baraan Jabbii,fuula 39)*

Mallima keessa afuura Waaqatu jira.Booyichiifi kadhaan Rabbii akkaafi akkaataa qaba;Booyaa oolaniifi kadhataa ooolaniif miti;qaallutu bahee nama qajeelcha;afaan maallimaa qaallutu beeka.Rakkoon namaa gaaf hammaatee daangaa darbu,mallimni hin obsine.Kn uumamees falaafi faloo ummata isaaf barbaaduf waan ta`eef aarsaaf of qopheesse.Ragaa armaan olii irraa kan nuti hubannu,kanaan adda miti;ofii aarsaa ta`ee ummata isaa ifatti baasuuf ka`e;tokkichi garaa dhabaa,ilmi Yaamii kan abbaan Didaa Boruu.

Fakkeenya 11

*…Boruu diimattee jaarsi bahee,biyya eebbisee mucaa faarse….hanga biiftuun diimattee, tulluu Walal qarree irraan dhidhimtutti,ijaan gaggeessan….mallima hurrii, dhukkeefi hurrii akka nyaaroo qaanqaa san keessa,turban jilaa waliin dhidhime( Danaa Baraan Jabbii,fuula 40)*

Mallimni kaleessa,namatti hin dubbanne;Inni akka handaaqqoo awwaara haadhaafi calleessaa oolu santu,uumama lafaa keessaa gaarreen;uumama samii keessaa hurrii waliin turban jilaa waliin deeme.Xaxoo namni xaxuun uumamati lafaa,gaaf rakkattu,furtuun uumaa harka jira.Mallimni balleessaa namootaa faarsaa kaffale.Beekaan gaaf rakkinaatii hin taane,wallaalaadha kan jedhameefis kanumaaf.

Fakkeenya 12

> *….keessuma keessaa teellatti harca`aa maayirratti turban torbii jilaafi Baraan jabbii qofti,Walal ol bahan….Qarree Walal irratti abidda qabsiisan; akka bakkalcha barii garaa Waaqaa ibse….eenyu haa ariirratu?, eenyu haa latu?....battala ijji wal arguu dadhabe; samiin duumessaa`e;hurriin lafa uffise;weennin ni korrise;waraabessi ni yuuse….Waaqni angaasuu buuse.Ammuma roobsee,ammuma lolaase. Yoona korbeessa hoolaa,caaccuufi kallacha raasaa mar`achaa dhufee,mallima adda irra arraabe….Bariituu qomborsoo guuree,yoo karri Waaqaa banamtu, tulluu irraan kara karaa qabate, “Akkam dubbiin Waaqaa kuni”?. Jechaa ofii isaan(Danaa,Baraan Jabbii,fuula 42)*

Gaaf Waaqni tulluu Walal uume dallane sana,uumama lafaatu balaan rukutame.Malkaafi tulluun,birraafi arfaasaa irreessaan gabbataa ture santu dagatame taanan Uumatu dallana. Dallansuun Waaqaa wareega gaafata.Kanumaaf mallimni ofii isaa,aarsaa of gochuuf dhaqe.Waaqayyo nama aarsaaf hin fedhu;garuu kutannoo isaa ilaaluuf qora.Kanumaaf dudduuba maalimaan hoolaa,caaccuufi kallacha qabu dhiyeesseef. “Akkam dubbiin Waaqaa”?,kan jilli dubbates kanuma mirkaneessa.Hojii Waaqaa namni hin beeku;inni guddaan duudhaanfi  uumaan buluuakka ta`e raga armaan olii irraa ni hubanna.Samiin ulfaa`ee robe;sa`aafi namatu qabbanaa`e;dacheetu urgaa`e.Cubbuu namni dalaguuf, uumamti lafaa ni gidirfamti. Ragaa kana irraa kan hubannu,akka warra keenyaa sanatti,duudhaan buluucaalaa filannoon biraa akka hin jirreedha.

Fakkeenya 13

*Waayee waraabessaafi waayee qaranbullee,waayee bulguu,yeroo natty himu itti daddabala,in kuula. 'budaan arge eda' jedha;yookiin argee yookiin sobee. Booddetti gara galtee,waraabettii eegee qabattee guluftun arge, 'niitii ebeluu' jedha.(Danaa,Hiibboo hiibbak,fuula 44)*

Akkuma barsiifatee ta`ee,waayeen budaa waan hedduutu dubbatama.Waraabessis budaadha jedhama.Budaan halkan deemti;waan du`aa sooratti;ijji ishee hamaadha;nama arginaan nama ajjeesti jedhu.Kuni gara fuulduraallee qorannoo bal`aa kan barbaadu fakkaata.Garuu diinota Oromoo,warra lafa keenya maleenuun nu hin jaalanneeen dhugaa irraa waan fagaatu miti.

Fakkeenya 14

*Lafti bari`uuf golollise.Jarri in yaa`n.Anaanis na waaman.Iddoo ifi jiruufi iddoo du`aafi dullumti hin jirre na geessuf,anis jarjare ifa arguuf.Ifa isii dhugaa san,iddoo dullumi hin jirre,duuti hin jiraanne san(50)…yoo ani duukaa ka`u,gaaddidduun koo na duukaa kaati.yoo ani lafatti isii qofa`uuf aggaamu,isiinis na aggaamti.*

*Anaanoo na waamanii*

*Atoo eessa dhaqxan jedha(Danaa,Hiibboo Hiibbak,fuula 51)*

Akkuma ragaa armaan olii irraa hubachuun dandaa`amutti,gaaddidduun morkattuudha; jireenya mataa ishii hin qabdu;waan namni hojjete hojjetti;dhufaatii waan tokkoos akeekti. "Abalu gaaddidduu hin qabu" yoo jedhan, hin muul`atu jechuudha.Gaaddidduun sinboodha, warri jedhanis ni jiru;gaaddisnis obboleessuma gaaddidduuti;ofuu gubatee nuun qabbaneessa. Kanaaf ifa arguuf dura,dukkana dhandhamuun kanuma jiru.Bilisummaan taphaan hin dhufu,dhaamsa jedhu raga armaan olii irraa hubachuun ni dandaa`ama.

Fakkeenya 15

*Alli dukkana;qilleensi muka goosa;urunguun ni aaddi; reeffoo reeffa gogaa!reeffo gogaa!,sareen indutti. Waraabessi ni yuusa.Kan fedhes ta`ukudhaamni morma kiyyaa*

*shan,kan irree kiyyaa shantama.Hin sodaadhu…hin sodaadhun se`e!,edaa nan sodaadhaa?(Danaa,Tola Teellaa,fuula 55)*

Akka aadaa Oromootti,guyyaan urunguun aadde,gaaf sareefi waraabessi halkan booyan ‘balaatu bu`a’ jedhama;Afuurri badaanis ni baay`ata jedhama;Kudhaamni immoo waan akkanaaf dawaadha.Ijji hamtuufi goomattuu,afuurri du`aa kudhaama ni sidaata.Rabbiin gaditti kudhaamni humna akka qabu,raga kana irraa ni hubanna.

Fakkeenya 16

> *Qilleensi muka raasa.Roobni qalbii rarraasa.Qaqaa gadi harcaasa Dungoon kiyya doolattee itti hin seenee liph jette….Masaadee jedhan maqaa ishiiMasaadee Dafaa Boxoo.Wajjin biyyee daaknee;wajjin dhoqqee laaqnee guddanne.Akka korbeessi hobobsuufi akka kormi illee gaansu,Masootu natty hime( fuula 57)..Raaddeen goodaa keessa burraaqxi;jiboota yaabdee buuti;Kaan ingaanti;kaan infoolatti;kaan indhalti;jibooti isa sobaa wal haati…Hawwiin tabba hin qabu; Gammachuu, naasuu, soda, nan machaa`e. Lafatu naan mareefi anatu lafaan maree wallaale.Gaaf kaan golfaan ganda keenya galee,nama gaaja`e. Masoo baasanii,Leemuu bishaan gorbaa gama haadha miliqqee geessan.Intalli intala naqataati. ‘Gaafa isheen duutu kaabban awwaalla’ jedhan.(Danaa,Tola Teellaa,fuula 58)*

Waktii gannaa,yandoon yandisee lafa sochoosa.Tola Teellaan mucaan kudhaama hodhee gurguru,kophaa ona warra isaa keessa jiru,iftillee jalaa dhaame.Gaaf gabrummaan hammaatte,daandiin hunduu nama jalaa bada.Qilleensi qilleensa;dhufee bada.Masaadeen Tola Teellaaf waan hunda;biyyo waliin daakanii guddatan Hiriyaan ijoollummaa gaaf nama biraa dhukkubsattu, onnee namaa madeessa.Akkuma aadaa ta`ee gaaf isheen dhukkubsatte,gama haadha Miliqqee geessan. Haati Miliqqee waayi beekti waan jedhamu fakkaata.Waan dhibetu dhibe malee wanti hunduu alaa mana guutee jira. Alaa manni galaana.Kuni marti dhufee ija Tola Teellaa dura adeema.Akkuma aadaa ta`ee gaaf ekeraa ijaan argan,waan nyaatte dhabde jedhu.Abjuun Tola Teellaa kuni qe`ee Oromtichaa daawwachiisaa, ekeraa Masaadee waliin taphachiisti. Lafeen abaabileefi akaakilee keenyaa,akkasuma dhiigni qacaleewwan Oromoo,hanga ammaa dhangala`aa jirus,gumaafi gumaata dhabee hiraarfamaa jira ta`a.Maaltu beeka?,waa beekaa keenya irraa fagaannee;jirra. Kanumaaf duuti akka bofa gumaa dhabee nutti heddummaatte fakkaata.

Fakkeenya 17

*….Harkaa miilli qaamni hundi daaraa uffateera.Daaraa haallachaa turte jedheen tilmaame.Kan daaraa haallatu immoo ekeraadha jedheen mame;dheertuu leemmana,fuulli isii inni dur yoo dhiqanii dhugan nama hin dissisiifne,har`a dhukkeefi daaraa uffateen arge.(Danaa,Tola Teellaa fuula 59)*

Akka aadaa Oromootti,namni gaaf jabbiin,daa`imtiifi kaadhimni jalaa duutu lapheedhaa caba.Durbi duudaan kadhattee Waaqa biraa hin dhabdu jedhama,cubbuus hin qabdu jedhamee waan amanamuuf.Masaade garuu addunyaa tanaaf nagaa dhaamtee deemtee jirti.Gaaf golfaan maatii keessaa nama tokko qabu,firriifi ollaan namatti hin seenu.Akka ekera dubbistuun jettutti immoo ekeraan dhugaa dubbatti;waan yeroo lubbuun jirtu yakkite, mara kaastee dubbatti.Yakkaafi xuurii raawwatame hundaaf falaafi faloo lafa keessi.Masaade isheen onnee Tola Teellaa keessatti masaraa ijaarrattee turte,har`as ekeraan ishee itti marmaaraa jirti.Walumaa galatti dhaamsi nuti karaa biroo ragaa kana irraa hubannu,gumaan gootota keenyaa gatii malee yoo hafe,ekeraan isaanii ka`ee nutti duula.Kanaaf imaanaa nama du`ee nyaachuun haraama.

Fakkeenya 18

> *Ilaa yaa Danaa akasitti hodhi.Akkas hin hodhin.Akkasiin goodi.Akkas hin goodin.Haadha ilaalanii intala fuudhu.Siinqeen tuni tooti;kan akkoo teeti,kan akkoo isiiti.Amaanaa fuudhe,fuudheen dabarsa. Lafa irratti sitti kenneen Waaqa irrattan sirraa fudha.Ilaa akkasitti hodhi;kunoo akkasitti foo`i.Kan dubbattee hin goone akka abbaa ishii,kan hodhitee hin goodne akka haadha isii siin jedhu( fuula 62)….Rakkadhe jettee ooyruu diinaa irraa raafuu hin bu`atin,mimmixa hin hatin,baala hin kutatin,..maqaan hin taane sirraa hin dabartu,barri ni dabarti…yoo maqaa heddu,ayyaanas hedi;waadoo abbaa keetii,Wiixati guyyaa ekeraa,Kibxati guyyaa biqilaa,Roobiin guyyaa cagginoo,Kamisni guyyaa ateetee,Jimaatni jimuu dhiigaa,Sanbati dhaaba lukkuu,Dafinoon eker dubbachiistuu.(Danaa ,fuula 63)*

Oromtichi gaaf ilmaaf haadha manaa kadhatu yookiin kaadhimatu,dura haadha intalaa ilaala.Yoo haati kaamettii taate intallis akkasuma jedhee amana.Kanumaaf ‘haadha ilaalii intala fuudhi’ jedhee mammaaka.Dashiin caba maqaa jalaa ooluuf,inta la ishee gorsaa

jirti.Akkasuma Ateeteen ayyaana dubartiiti;siinqee qabattee deemti beerti;siinqeen mallattoo nageenyaati.Duudhaa haati ittiin bulaa turteen,intallis yoo itti fuufteen sa`aa namaan nagaa argatti.Dubartiin hodhitee gaaf hin murre,boosettii jedhammti;harki ishees waan bareechu hin qabu jechuudha.Abbaanis hojjetee hojiin hin agarsiisu taanan,kabaja hin qabaatu;ta`uu baannan hamma baalaa ulfaata alatti.Walumaa gala hidhaa warri keenya kaleessa bosonaafi sulula keessa jooraa,hidhanii nutti laatan sana,gaaf laaffisnu yuuyyee taane;gamoo diinatu maasii keessa nu marge.Kanaa fakka haadha keenyaa murree goodnee,akka abbaa keenyaa dubbanee yoo goone ifatti baana dhaamsa jedhu hubachuun ni dandaa`ama..

Akkaasuma(fuula 63),irraa wanti hubannu,Oromoon waan ormaa ni hoodata;hin hatu.waan firaas ,waan diinas.Keessumaa waan namaa xiqqaa xuquun,maqaa hamma gaaraa nama irra keessi.Maqaafi karaan takkaa bahe,hin duudu yookiin hin badu.Guyyaan hundi ayyaana mataa isaa qaba.Hunda isaa safeeffatanii jiraachuun seera uumaafi uumamaati.Warri kaleessaa isaan loon gara itti dachaasan suni,kan akkas horaniif waan seera uumaa isaanii kabajaniif.Jiraa namaa mitii ekeraan nama du`eyyuu,Oromoo biratti kabajaa akka qabu,,raga armaan olii irraa ni hubanna.

Fakkeenya 19

> *Yoo dhirsi kee si dhaane,as kooluu nutti hin galin, ‘intala warra biraa farsoo bishaan qarqaraa taate intaloo’ siin jedhu….ooyruu hin borqaa`in. ‘Niitii deemtuu siin jedhu.(fuula 64)….Yoo jettu Dashiin ,Danaan deebistee,Hayya aayoo too,yoo tolee,fardaan dhufinnaa,waliinuu boonna.yoo hammaate immoo ardaan dhufinnaa waliinuu boonya.( Danaa ,fuula 65)*

Namni bultii ijaarrate wal diiguun fafa.Abbootiin keenya wal kabajanii dabbasaa lama waliin biqilchan.Gaafuma wal fuudhani sana,jaarsolii biyyaan hidhaan tolee guduunfama.Haati manaa abbaa manaan walitti muufattee hin baddu.Dubbiin ala baate fafa waan taateef,manatti yookiin fara dhiyoodhan dubbii fixate.Dubartiin amala gaariin guddatte,ni obsiti;ni dhoksiti; maqaa ishee eeggatti;maqaa warraafi maqaa gosaa eegdi.Osoo akkuma isaanii dhaloonni har`aa kuni maqaafi duudhaa isaa eeggata ta`ee,sirni Gadaa hin laafu ture;ijoolleen haadhaafi abbaa malee bakkeerra hin guutan ture;gabrummaan alagaa lukaa hanga mataatti hin daraare

ture.Waluma gala of ta`uun qabxii dorgomaa hin qabne akka ta`e raga armaan olii irraa ni hubanna.

Fakkeenya 20

*Gurbaa mataan dhiita`ee hamma dhagaa isa ga`e.Kan isa aarsu immoo,sangoota afran gurguramtu keessaa lama handhuuraa ,roggee buufata isaati.( fuula 67)…Maal goona?,waan barri fide,akka biyyaati.Akka biyyaatti fuusisna.Qabeenyi fixeensa bariiti,indabarti.Maqaadha,maqaan boollaa oli.(Danaa,Baba Kuyyoo Jaafaroo,fuula 68)*

Akka ragaan armaan nolii ibsutti,gaaf daa`imti dhalattu,rifeensa mataa dafanii hin haadaniif;roggee magarsuufi.Akkasuma handhuuraas gaaf kutan,lfa hin buusan;handhuuraas ta`ee roggee raada irra buusan;sanaan booda horiin suni kan daa`ima sanaati.Aadaa bareedaa kanaan Oromoon ijoollee isaatiif qabeenya guduunfa jechuudha;kanumaaf ilma Kuyyoo Jaafaroo mataan dhiita`e fakkaata.Maqaa guddaan kan argamu,baasii guddaa baasanii haadha manaa fuudhuun miti.Akka Orom durii sana,waadaafi duudhaa sibiirra jabaatu sanaan walitti hidhuutu bultii jabeessa.Qabeenyi fixeensa;garuu akkuma jooranii jawwaranii walitti fidan sana,gaaf baasanis nama mararuu qaba.Sabni qabeenyaafi duudhaa isaa gadi dhiise,garba ta`a waan ta`ee.

Fakkeenya 21

> *Durdur yeroo caffeen Odaa Nabee Hora Arsadii maddii,Bishooftuu turan.Akkoon Gobbuu Asaboot,sadeen yoo burqaa isaanii waraabbattu, qiraacii irra keettee,madda afaan qadaaddee galti.Gaaf kaan aduu dhiha,mucaa raffiftee,bishaan waraabbachuu yoo dhuftuu harmi ishee booya…maddee afaan hin qadaadne.Arsadiin burqaa bulee bariituu, bakkee guute. Boodarratti ijoolleen warra Daawwee gara madda Hawaasitti ol godaante.Amma egaa ilmaan Gobbuu sadeenuu falaasama sadi qabdi.*

*‘Utuufi eegeen booda deemti; jedha Liiban angaftii*

*‘Gadaa dabre hin fiigan;biiftuu jirtu sussukan’ jedha Ayyaano eegoon*

*‘Jiidhaa hin qotan;ji`a qotan ‘ jedha Jijoon quxusuun (Danaa,Ijoollee warra Daawwee,fuula 73)*

Beerri hoosiftu gaaf daa`imti manaa boossu,hrmatu qaba jedhama.Akkoo Gobbuus kan muudate sanuma.Muddamni guddaan balaa fida;qalbiifi harki yoo wal hin simne miidhaa akka fidu waraabbii kana irraa ni hubanna.Bishaan qadaada malee bulee barii yoo lafa guutu,ijoolleen warra Daawwee Hawaasitti ol godaante;sanaan booda ijoolleen sadeenuu Afaan sadi baasan.Wal hin dhaga`an;walii hingalan;kuni caba akka fidu beekamaadha. Oromoo irratti gabrummaan daraaree kan firii buufachuuf foolachaa jiru,qaawwa akkanaatti fayyadameeti.Kan ta`uu qabu akka Liiban gaabbiifi utuu dhiisnee,akka Ji`a dhiisnee jiidha qotuun,akka Ayyaanoo gadaa dabre dhiisanii biiftuu jirtu sussukuutu furmaata.Waraabbii kana irraa kan hubannu,osoo akka hangafummaatii Liibantu bbeekaa ta`a ture. ‘Fuula Waaqati nama bareecha;deemsa abbaatu bareeffata’ akka jaldeessi jedhe sana dubbiin. Oromoon ilma hangaaf aaduma isaa keessatti iddoo guddaa laataf.Garuu Liiban xiqqaatee argamuun isaa,qaawwa diinaf bal`isaa akka jiru ragaan kuni ni ifoomsa.

Fakkeenya 22

*Wal inaafan;wal hamatan.Ameessa walii goomatan;ooyruu walii tolfatan.Yoo ooyruu waliitti bobba`an, ‘Aramaa ol margi;midhaan gadi margi’ waliin jedhan.Qaamaan hamma gaalati.Simboon isaanii hamma baalati.Dubbatan adda hin qaban;yoo rafan abjuu hin qaban;yoo ka`an milkii hin qaban(Danaa,Ijoollee warra Daawwee,fuula 75)*

Ragaa armaan olii irraa kan hubannu,Oromoon aaduma isaa keessatti,nagaa jaalata; obboleewwan wal loltu seera itti tuma.Isaa nagaa jibbee adabamuu dides,hawaasummaa keessaa baasa.Qabeenya walii balleessuu,wal abaaruufi walitti tolfachuun Oromoo biratti yaada ciigga`aa yookiin haraamummaadha.Oromoon cabee mataa kan gadi qabatu,diina isaan lolee moo`atamee osoo hin taane,waluma mataa isaan yoo wal lole akka ta`e ragaan armaan olii dhugaa baha.Beekaa keenya dhageenyee,duudhaa keenyatti hanga hin deebinetti,salphinni dachaan akka dabalu ni beekama.Oromoo caalaa namni bu`aa tokkummaafi duudhaa isaa beeku hin jiru.Muddamaan osoo hin taane akka Gadaan jedhutti,deemnee eenyummaa keenya tikfachuun furmaata waan hundaati.

Fakkeenya 23

> *Tokkittii harree Liiban ittiin gabaa ba`u,abidda gaararraatti,iddoo teessuma aabboo duriitti,fuullee teessuma aayyoo duriitti, kakak godhan..Foon waaduuf yoo ibidda qabsiisuuf yoo ka`an dhiigni sila abidda dhaamse. 'Utuu abidda gajjallaatti qalle ta`ee!,situ kana na godhe. Ana miti si`i!,si`i!...ammoo akkana jedhanii harreef booyan.*

*'Haa taolu ennee harree qalle, hin tolu ennaan harree gannee*

*Intola ennaan dhaqnee dhabnee' jedhanii harreef booyan.(Danaa Ijoollee warra Daawwee ,fuula 77)*

Iddoon teessuma aayyoofi aabboo durii ulfina qaba.Wanti achitti qalamu bifti isaallee osoo hin hafin qaallutu hima.Waan ayyaanni aabboofi aayyoo fedhu isaantu beeka.Marii qaalluufi beekaa ofii irraa maquun nama doomsa.Ofii dura nagaa buufatanii,Waaqa araara kadhatu ture.Suni hin taane.Kormi seeraafi duudhaa hin guunnes,qalma harree irraa wayyoo miti;santu kuufamee afaan gargar ijoollee warra Daawwee facaase.Osoo warri kaleessaa abdii kan kutan taatee,silaa har`a Oromoofi Oromiyaan hin jirtu turte.Walumaa gala,Oromoon,faloo falatee,gaaddisa tokko jalatti,karaa Ayaano irra kan deeman yoo taate,umuriin gabrummaa kan hantuutaa irra waan caaltu akka hin taane raga armaan olii irraa ni hubanna.

Fakkeenya 24

> *Yoo manaa ba`ee mata haraa maddii ga`u,utuun namaan fakkaattee sussukaa itti dhufte;milkii jibbe….Ati hoo ijoollee hin deemtuu?,booda immoo utuutu akkas na godhe naan jetta.Namichoo buusi mucaa kana farda irraa…..mucaan eegee fardaa qabattee,mata hara irraa isa kaate, hanga Odaa Nabeetti,lafoo kurkurte,tokko.Yoo Odaa Nabee gahu,namni seexana ta`ee,itti dhufe…..Abbaan kee ofii farda dhahachiisaa,ati lafoo kurkurtaa? Jedha….Liibaan farda irraa bu`ee,ofii farda eegee qabatee teellaa kurkure lama.Yoo Aqaaqii darbee Qaallittii gahu,utuufi namni kora hora Arsadii irratti hirmaatanii,akka qorsa halkanii, darbamaa teellaan dhaqqaban….Abbaa fardaa irraa buuftee lafoo daakkaraa, 'ati fardaan guluftaa, gadee' jedhanii bira kutan…Jarri hora Finfinneetti dhidhiqattee, qulqullooftee kooraadhagaa Araaraa teettee il-aduutti qoma laattee,aduu galgalaa kana,aduu-buusoo karkarfatti,jarri sadeen. Utuu tokko,Seexa nama fakkaatu lama,nama seexana fakkaatu sadi.Jarri sadi`is,tokkos…dhuguma immoo tokko,Afaan tokko dubbatu,Waaqa tokko waammatu.(Danaa,Emaltuu,fuula 79)*

Utuu,nama seexana fakkaatufi seexana nama fakkaatutu,ilmaafi abbaa mata haraa irraa ka`anii Hora Finfinnee deemaan qoraa turan.Akka abbaaf aantummaa qabanii,ilma yakkan,akka ilmaaf immoo aantummaa qabanii abbaa yakkan;sanaan booda cinaa galanii itti qoosuu eegalan.Aadaa Oromoo keessatti,namni yakka isaatirraa akka baratuuf,maatiifi gosaan gorfama.Gaaf kana hundaa hundaadidu hawaasummaan ala taasifama.Nama akkasii kanatu seexana;seexana lamii keessaa bahee lamii miidhu,kan akka Goobana Daaccee kana.Seexanni inni lammafaan immoo isa kaayyoo isaaf jecha,dhubaa`aa lamii keessatti dhimma bahuun Oromoo diiga.Lafa Gullallee ,Hora Finfinnees akkanaan Oromoo harkaa fudhatan.Waan nuun jedhamu mara gaarii nutti fakkaachuu mala.Hamma midhaan alanfannee nyaannu caalaa dubbiifi daba kallattii maraan ,nutti malamu alaalfannee ilaaluu akka qabnu,raga armaan olii irraa ni hubanna..

Fakkeenya 25

> *Waaqayyo Boorayyuu ,Jiloo Boorayyuu, fa`a-na saaman –Waaqayyotu na lole.Eegaayii Waaqni na lollaan na saaman-horii kana hunda na saaman( fuula 102)..Egaa amma laftis gadi jettee,Waaqnis garaa ofiitti gale.-saniin amma egaa qoonqoon na ajjeefnan –daakuu daaraa illee nyaadhee ambayyoo ….eenyummaan malaan na jiraan –jiraa-daakuu daaraa illee nyaadhee keessa ba`e.(Danaa ,Ekera Dubbistuu,fuula 106)*

Namni gaaf lubbuudhaan lafa kanarra jiru,waan hedduu dalaga.Inni kaan seera uumaa cabsee,yakkoota hedduu dalaguu mala.Sanaaf immoo turee miidhamni yoo irra qaqqabu,yakka isaaf akka Waaqni itti dheekkametti,fudhata;kuni aaduma Oromooti.Ajjeesee dhoksee yoo awwaale,sa`aafi ilmoo isaatu rakkata.Inni illee du`u sanyiin hafan,Eker dubbistuu bira deemanii gaafatu.Sanaan booda dhugaa jirtu,baranii erga galanii booda,ofis falanii,gosa hundaa falu.Beerti karrayyuu isheen bishaan Hawaas fudhates,ekeraan ishee,du`uu isheef dheekkamsa ayyaanaa akka sababaatti kaaste.Saamicha ishee irra gaheef,Awuliyyiin ishii akka itti dallane,himte.Kanarraa kan hubannu,hamma lubbuun jirru,lafa kanarratti waan gaarii yoo hin dalagne,Ekeraan namaa illee boqonnaa akka hin arganne irraa baruun ni dandaa`ama.

### 4.3.3. Fayyadama Afaanii uumama naannoo waliin hariiroo qaban Kanneen ibsan

Asoosamni tokko dhugaa dachee kanaa karaa qooddattootaan ifa baasee sirritti akka muul`isuuf yookiin ergaan barreessaan dabarfachuu barbaade bareechee dabarsuuf murteessaan fayyadama Afaanii barreessichi dhimma itti bahuudha. Kannneen keessaa jechamoota, mammaaksa, malleen dubbii keessaa,akkasaa,bakkasaa,nameessuufi arbeessuu of k

#### 4.3.3.1. Mammaaksa

Mammaaksi gosoota Afoolaa keessaa tokko ta`ee ,haala salphaan akka qabatamuuf wantoota naannoo keenya jiran waliin wal qabsiisuun ,dhimmoota hawaasa keessatti argamu kan of keessatti hammatuudhaMammaaksi jechoota humna qabeeyyiifi gaggabaaboo hubannoof salphaa ta`aniin yaada bal`aa dabarsa.Kanuma bu`uura taasifachuun mammaaksota uumama naannoo waliin hariiroo qaban kan Asoosama Gabaabaa Danaa keessaa fudhataman irratti haala armaan gadiin ibsi itti kennamee jira.

1. *Dharraa foonii raafuun hin baasu(Danaa,Jiloo Kuloo,fuula 8)*

Dhaanamanii keessatti boo`aa ,horanii ormaa laachuu caalaa,wanti laphee namaa cabsu hin jiru.Sabni gabrummaan mataa yaabbate,fedhiin isaa Bilisummaadha.Saba Bilisummaa dheebote,waan biraan mooksuun,fedhii foonii raafuun aguuguu yaalurraa adda miti.Natu siif beekan,beekumsa hin taatuun dhaamsa mammaaksa kanaati.

2. *Sinbirroon hin weeddisin turte,gaaf achii weeddistu , 'baduu,baduu' jetti.(Danaa,Baraan Jabii,fuula 29),*

Mallimni ilma Didaa Boruuti,kan Yaamiin galgala keessa argatte.Akka ijoollee ormaa dafee aafaan baasee,hin dubbanne.Kophaa isaa oola;namatti hin dubbattu.Garuu gaaf jalqabaaf,haasaa eegalu,abbaa isaatu ajaa`ibsiifate.Callisuun wallaalummaa miti.Sabni callise gaaf dammaqee ka`e,akka samiifi ardii sochoosu,raga kana irraa ni hubanna.

3. *Molgoo dalga kuf,gara kufetti qalan.(Danaa,Baraan Jabbii,fuula 34)*

Molgoon gosa horiiti;gaafa isaatu qalmaaf hin tolu;Oromoon immoo gaaf horii qalu,mirgatti kuffisee qala.Garuu qalmi molgoo kuni,dubbii dhabaa mannaati.Waaqn hin matooman.Garuu gaaf inni akka Maallimaa sana ogummaan nama guute,hojii Rabbii muraasa namnis ni hojjeta.Kanaaf ragaan Mallima Didaa Boruuti..

4. *Agadaa baalaan,dubbii haalan beekuun warra keenyaas hammaana (Danaa, Emaltuu,fuula 82)*

'Dubbiitu dubbii fida' jedha Oromoon.Emaltuun dubbii dalgaa hin beeku.Hamma lafee keessaa dhuki bahu caalaa,sookoofi soorgoo keessaa dhuki dubbii baha.Baala agadaa ilaalanii akkuma agadaa beekan,dubbii dhagahii bitaafi mirgaan ilaalanii hubatu;santu ogummaadha.Daba nurratti malamu hunda,arraba warra maluutirraa,dhaamsa isaanii hubachuuf, ala dubbii osoo hin taane,keessa dubbii ilaaluun gaarii akka ta`e raga armaan olii irraa hubachuun ni dandaa`ama.

**4.3.3.2. Jechama**

Jechamni dubbii hawaasni cina galaan dubbatuudha.Akka rakkoon irra hn geenyeef ,yaada dhokataan jechamatti fayyadamee waan jechuu barbaade hima.Namni dhaggeeffatu ammoo haalaan wal qabsiisee xiinxaluun hiika isa dhokataa hubata.

*Ardiin gara gala.(Danaa,Jiloo Kuloo,fuula 14)*

Jiloo Kuloofi Raabaa Dhaddachaa waliif guula.Matooma Jiloo Kuloon,wanti mariin xumuramu marti gara lolaa deeme;dhiiga walii dhangalaasan;gosaan wal waraanan;Oromoon matuma isaatiin akka wal cabsu dhugoomsan.Gaaf sana barii waan ijaaf hin tolletu lafa guute;sanaaf Ardiingara galte.Kana jechuun,dhiigatu dhangala`e,dacheen ba`aa jibbite,uumaafi uumamni gochaa kanatti akka dallanan hubanna.

*2. kan addaan muka dhiibu(Danaa,Baraan Jabbii,fuula 19)*

Booranni korma yookiin re`ee yoo qalu,areertii taasisa.Akka milkii ilaallachuuti.Korbeessi qalamu kuni,dhiigni isaa kan waa falu,hamtuu kan qulqulleessu,tolchituu kan balleessu akka

ta`uuf ‘isa addaan muka dhiibu’ jedhama.Kunis gaaf maqaa daa`imaa baasan qalama.Kan addaan muka dhiibu jedhuun, ‘waan hundaa kan moo`u yookiin goota jedhuudha.

*3.Gundoo si dura haa qabu(Danaa ,Tola Teellaa,fuula 52)*

Tola Teellaan kudhaama hodhee of bulcha.Bakka ergametti akka saree fiigee,waan argate aka waraabessaa soorachaa mataa gadi qabatee hin jiraanne.Hambaa nyaachuufi jalaa baatee uffachuun salphina.Gundoon ija dura qabamnaan ijji hin agartu.Kanaaf ijji kee yaa jaamu akka jechuuti.Ijaa baduu manna garaa har`ummeen baduu wayya.

*4.Garaa saree nuuf laatte (Danaa Ijoollee Warra Daawwee,fuula 77)*

Obboleewwan sadeen Liiban ,Jijoofi Ayyaanoo kanneen turan,walfalmu;walii hin galan;gaafa araara buufatan harree qalan;beekan hin mari`anne.Oromoonillee gaaf waa tuffatu ‘garaa saree keessa dhadhaan hin bulu’ jedha.Amma nyaattee ammuma albaati.Kana jechuun iccitii walii firfirsu jechuudha.Hanqina ofii waliif sirreessaa,gaarii ofii jabeessudha malee,garaa saree baatanii diina moo`uun hin dandaa`amu.

*5.Biyyoo nyaadhu(Danaa,Emaltuu,fuula 84)*

Emaltuun gowwaadha;dubbii dalgaa hin beeku;sanuu haadha biddeenaa waliin jiraata.Gowwoomanii mitii,abshaalomaniituu haadha biddeenaa waliin jiraachuun rakkisaadha.Kanumaf gaaf inni ergaa dogongoru, ‘biyyoo nyaadhu’ jettiin.Kana jechuun,du`i yookiin addunyaa tanarraa dhabami jechuudha.

**4.3.3.3. Malleen Dubbii**

Malleen dubbii jechuun gosoota afoolaa keessaa isa tokko ta‟ee barreeffamni tokko yookin haasofni tokko sammuu dhalaa namaa keessatti fakkii kaasuun yeroo dheeraaf osoo hin‟irraanfatamin akka turuuf kan gargaarudha.

.Akkasaa

“Akkasaan waldorgomsiisa wantoota lamaati. Kana jechuun jechoota akka, fakkaata, caala, amma, jedhan gargaaramuun waldorgomsiisa.

1. *Kan dubbaattee hin goone akka abbaa ishii,kan hodhitee hin goodne akka haadha ishii(Danaa ,fuula 10)*

Dashiitu intala ishii Danaa yoo gorsitu dubbate.Hamma Afaanii kan gahu abbaa,waan eegalte kan xumurtu haadhaan wal qabsiistee gorsite.Dubbatanii keessa gara galuun waadaa cabsuudha.Eegalanii gidduutti kutuunis,fafa.Qabsoon Oromoos sanuma ta`uu qabdii.

2. *Abbaan Gurraa jiguuf rom`a akka muka bishaan keessaa.(Danaa,Baraan Jabbii,fuula 28)*

Mukni bishaan keessaa dhaabbachuuf humna hin qabu;manguddoonis sanuma;sanumaaf ulee isaatti rarra`ee deema.Manguddoomuu Waaqatu namaan gaha.Guddaafi hayyuu keenya kabajuufi bakka laachuun dhaloota boruuf gala guduunfudha.Abbaa Gurraafis kanumatu mala.

3. *Ogaan sagaleen isaa akka anyaarsuugama gahee gamana gahee qaqawweessa`e(Fuula 39)….Beerti akka haadha waatii ilmoon du`eegurruun boo`ee gadoodde.Ijoolleen akka waatii walirraa baddee 'umbaa' 'umbaa' jette.9Danaa,Baraan Jabbii,fuula 40)*

Guyyaa ummanni mallima gara gaara Walal gaggeessuuf yaa`e sana haasaan inni taasise qaqawweessan akeekame.Sagalee addaati;hedduu jabaa waan tureef 'goha' uume.Haadholiin booya turan;sa`I ilmoon du`ee harmi qabes ni gadooddi;haadholiinis akkasuma ta`an.Gadaamessa isaanitu ka`ee dhaabbate;booyichi isaanii kan durirraa adda ta`e.Ilmoo garaa dhabaaf akka sa`a asana ta`an.Waatiin addaan faffacaate gala waan hin beekneef iyyaa ooludha.Hireen ijoollee mallimni biraa deemes sanaan wal fakkeeffame.

4. *Akka waraabessa lafti itti bari`ee …..qomoo fokkisaa akka harree.(Danaa,Hiibboo Hiibbak,fuula 44)*

Obboleessi hangafini,isa quxusuu dhiisee sirba halkanii deemaa ture.Ganama yeroo galu waan dhokatuuf mudda guddaan deema.Waraabessi halkan yakka uumaa bula;ganama yeroodhan gara godoo isaa yoo hin galle,du`atu isa eeggata.Lubbuu ofii oolfachuuf muddama.Obboleessi hangafni kuni illee ijaa namaa jalaa baqachuuf waan ariifatuuf waraabessa ganamaan wal fakkeeffame.Akkasuma yeroo kaafachoo sirba halkanii dubartiin

dhiira filattee itti sirbiti.Isa jaalatte faarsitee,isa jibbite harreen wal fakkeessiti.Afoolliifi uumamani naannoo addaan bahanii akka hin ilaalamne raga kana irraa ni hubanna.

5. *Akka soogidda bishaan buutee,cobdee dhumte….Sodaa sodaachaaakka dungoo cobdee dhaamta.(Danaa,Tola Teellaa,fuula 56)*

Sodaattuun duungoofi cabbiin fakkeeffamte.Duungoonis cobdee dhaamti;cabbiinis baqxee dhumti.Lubbuu duuti hin ooleef,sossoodaataa jiraachurra waan gaarii lammiif hojjennee darbuun gootummaadha.Tola Teellatu sodaannan akkas ofiin jedhe.Falmachaa du`uudha malee,sodaachaa du`uun du`a lammataati.Namni du`ullee maqaan hin du`u;Maqaa gaariin boollaa oli kan jedhameefis kanumaaf akka ta`e waraabbiin armaan olii ragaadha.

6. *Gurbaa mataan dhiita`ee hamma dhagaa gahe.(Danaa,bada Kuyyoo Jaafaroofuula 67)…Akka turaabaa qalbiin samiitti ol nab a`a.(Danaa,Emaltuu,fuula 86))*

Kuyyoo Jaafaroo ilma fuusisuuf horii handhuuraa mucaa,gaaf gurguruuf k,a`e,mucaan ni aare.Aarii miira mucaa kana dhiitoo mataafi guddina mataan wal fakkeeffame.Akkasuma rifaatuu Emaltuufi caba qalbii isaa aara turaabaan bakka buufame.Gaaf wanti ofii nama jalaa xuqamu ,nama aarsa,nama bobeessa,.Qabeenya Oromiyaafis akkasuma yoo dhimmamne gaarii ta`a.Garuu akka Emaltuu kana gowwaa ta`anii jecha haadha biddeenaaf qalbii cabuun moo`amuudha.

**Nameessuu**

1. *Roobni lafa sodaate(Danaa,Baraan Jabii,fuula 14)*

Roobni akka namaa lafa hin sodaatu;garuu gaaf seerri uumaafi uumamaa cabu,gaaf cubbuun lafarratti baay`atu, ‘dhugaadha roobni lafa ni sodaata’.Obbolaatu dhiiga walii lolaasuun fafa waan ta`eef umurii gabrummaa nurratti dheeressa dhaamsa jechu hubachuu dandeenya.

2. *Ani ofan fakkaadha;yoo ati adii uffattuu ani gurraattumaa,yoo ati gurraacha uffattuu,ani gurraattumaa,kan akka gaararraa,shan fakkaatu sumaa,fakkaachuufi ta`uun lameen walii lama.(Danaa,Hiibboo Hiibbak,fuula 50)*

Haasaa gaaddidduu kana irraa kan nuti hubannu,isheen akka gaararraa hunda hin fakkaattu.Akkasuma akka basaastuu ejjennoo lama hin qabaattu.Akka warra abbaa garaa eenyummaa ishee horiin gadi hin dhiistu.Namnis walii lama;hamma baalaa kan waadaan isaa hin ulfaanne akkuma jiran,kanneen hamma biyyoo nyaatanitti ejjannoo isaanii hin jijjiirres danuudha.Uumaafi uumamtis warra akkanaaf raga dhugaa laatti.

3. *Isa afuufu miti;fiinotu rakkate.(Danaa,Tola Teellaa,fuula 55)*

Fiinoon gaaf gaddaa,gaaf gammachuu,gaaf labsii afuufamti.Isheen rakkatte kuni garuu kan gaaf gaddaati.Golfaan nama fixaa waan tureef bariituu awwaalcha namaatu labsama.Gaaf uumaafi uumamti namarraa waan eegu dhabe waan hamaatu lafarratti baay`ata.Akka uumaan jedhetti yoo bulle,golfaas baraas,golfaan dhaabas hin jiru,ni bada.

4. *Lafa waarii,nama rafe,muka rafe iyyan.(Danaa,Bada Kuyyoo Jaafaroo,fuula 68)*

Namni rafuufi mukti rafuun koshiin tokkollee akka hin jirreedha.Kana jechuun sagaleen tokkollee hin jiru yookiin hunduu callisee jira jechuudha.Garuu sagalee iyyaa santu mukaafi nama hirriibarraa dammaksa. 'Hamaan waarii du`ee warra hirriiba dhoowwe' akka jedhan sanaan wal fakkaata.

**Arbeessuu**

1. *Qoraan baattee qoraan taate.(Danaa,Baraan Jabbii,fuula 34)*

Mallimatu haadha isaa Yaamii qubaan agarsiisaa akkas jedhe.Dubbiin olfamee dubbatamuun isaa,Yaamiin hedduu huuqqachuu ishee agarsiisa.Qoraan rakkinatu nama baachisa.Karaa biro immoo Oromiyaan harmeen teenya diinota akka qoraanii kana baattee qoraan taate yoo jenne dhugaa irraa waan fagaatu miti.Dachee isheetu jiidha fixate;bosona isheetu cirame;xiqqaafi guddaa isheetu dhume!,yaada jedhan ragaa kana irraa ni hubanna.

2. *Namni arraba irratti abiddaafi bishaan baatti,;tokkoon gubdee guggubdee,tokkoon dhaamsiti.(Danaa,Hiibboo Hiibbak,fuula 43)*

Namni arraba irratti dubbii akka abiddaa baata.Haasa`ee osoo araarsuu danda`uu,haasa`ee walitti naqa.Ilma Daa`imoo hangafaa waan hamataniif,innis namaan akkana jedhee

komate.Gaarii jechaan xiqqeessanii yookiin guggubanii waadu;gadhee immoo jechaafi komii irraa dhaamsanii baatanii ol kaasu.Gubuus,irraa dhaamsus bareechee beeka namni.Garuu kan biyya ijaaree namas guddisu,dubbii bishaanin dhaamsudha.Kana jechuun dubbii yaraa balfanii gaarii haasa`uun,soba balleessanii dhugaa abbaa dhugaaf deebisuudhani.

3. *Sirbi qaqaa harcaase.(Danaa,Heeruma Gallee,fuula 95)*

Gaaf Gaalle ijji ishee badee kaasanii namoonni yaalchisaa turan,ijji ishee ni fayyiti jedhee namni yaade tokkollee hin jiru.Gaaf Gaariin akka fayyisuu danda`u himus namni abjuu baddeen isa amane hin turre.Garuu Gariin akkuma jedhee ni fayyise;cidhas ishee dhuma waliin godhatan.Gaaf cidha Galleefi Gaarii sana sirbi garmalee sirbame.Sagaleen sirbichaa garmalee bahee dhagaahamaa waan tureef, ‘sirbi qaqaa harcaase ‘jedhame.

4. *‘Raadi takka kan gurruun lafa taraaru;kan gaafi Waaqa taraaru,dhaltee tulluu gamaa sana jala jirti’ naan jedhe raashoo….yoon tulluu jala gahu jabbiin hamma gaalaa…haati hamma baalaa….jabbii dugdattan baadhe…haadha qomattan fudhe…yommuun mana gahu…hantuunni marqaa tolcha…adurreen weessoo raasa.(Danaa,Heeruma Gallee,fuula 100)*

Raadatu dhale;ishee gurruunguddaafi gaafni hamma wayii dheeratu.Gaafni dheeraan qara qabu waraanee diina injifata;gurruu dheeraa horiin qabu ammo milkii qabeessa.Kana malees horiin ayyaanaaf qalamu kan gurruun guddaati.Kuni milkii gaarii muul`isa.Ilmi kan abbaa dhaalu osoo hin taane kan abbaa caalu hawwa Oromoonis.Horiis taanan guddaatu abbaa guddisa.Akka jalddeessaa qomaafi dugdatti baadhaan eebba Oromooti.Ilmaan horaa akka jechuuti.Adurreen dur manaa aannan hattee dhangalaastu,har`a weessoo raasuun milkiitu tole;uumamatu gammade jechuudha.Hantuunni dur midhaan manaa hatu,har`a marqaa yoo marqus milkii qajeeltuu muul`isa;hattuutu qalbii jijjiirrate akka waan jechuuti.Hattoonni sabbata harmee isaanii irraa funaanaa oolan suni,kanarraa waan hedduu barachuu qabuun dhaamsa raga armaan oliiti.

# BOQONNAA SHAN

Qorannoo kana keessatti,Asoosama gabaabaaa ‘Danaa’ fi Asoosama dheeraa ‘Arraa Gurbaa’keessatti hariiroo namaafi uumama naannoo maal akka fakkaatan hubachuuf,gadi fageenyaan xinxaaluun yaalamee jira.Qorannichi Asoosamoota kanneen keessatti,hariiroo namaafi uumama naannoo,walitti dhufeenya duudhaa hawaasaafi uumama naannoo akkasuma, fayyadama Afaanii kanneen uumama naannoo ibsan irratti hundaa`uun xinxaalamanii jiru.Qabxiilee ijoon qorannoo kana keessatti,xinxaalamuuf yaalamanis,haala armaan gadiin cuunfamanii dhiyaatanii jiru.

## 5.1. Cuunfaa

Hariiroon namni uumama naannoio isaa waliin qabu,karaa haqummaa of keessaa qabu giddugaleessa taasifachuun barreessadhaan kan kalqamuudha.Namni jiruufi jireenya isaa keessatti,lubbu qabeeyyiifi lubbu dhabeeyyii naannoo isaa jiran waliin hariiroon inni qabu,ifatti muul`chuu qaba,ilaalcha jedhu qaba.Haaluma kanaan walitti dhufeenyi namootaafi uumama naannoo isaa gidduu jiru,sakattaa barruu jalatti bal`inaan ka`anii jiru..Hojiileen kalaqaa filataman kunas,walitti dhufeenya namaafi uumama naannoo bu`ureeffachuun xinxaalamanii jiru.

Xiinxala taasifame kana keessattis,dhimmoonni Asoosamootakanneen keessatti dhiyaatan,karaa dhugooma of keessaa qabuun,kan dhiyaatan ta`uu isaanii hubatamee jira.Haaluma kanaan,walitti dhufeenyi namni uumama naannoo isaa waliin qabu,karaa siyaasaafi duudhaa hawaasichaa akkasumas karaa haala jiruufi jireenya ummata Oromoo karaa qabatamaa,hubatamaafi ifaa ta`een hojii kalaqaa kanneen keessatti dhiyaachuun isaanii maal akka fakkaatan ragaalee funaanaman xiinxaluuf kaayyeffatee ka`ee jira.Kaayyoo qabatee ka`e kana galmaan ga`uufis,qoratichi ergaa qabxiilee barbaachisoo dhimmoota kaayyoo isaa waliin hidhata qaban adda baasee erga sakatta`ee booda,gara ragaalee funaanutti ce`ee jira.Funaansa ragaalee kana keessatti,qabxiilee gaaffilee qorannoo isaa keessatti deebii argachuiu qabu jedhee qabatee ka`een ragaalee Asoosamoota lamaan keessa jiran qindeessuuf yaalee jira.

Kanuma bu`uura taasifachuun,Asoosamoota kanneen keessatti qabxiileen adda addaa ilaalamee jira.Keessumaa walitti dhufeenyi namni yoomessaafi uumama naannoo kanneen biro waliin qabu,karaa siyaasaa,diinagdee,duudhaafi amantii Oromoo karaa dhugooma qabuun dhiyaachuun isaanii xiinxalamee jira.Kana malees,Asoosamoota lameen keessatti,haalli siyaasni ummaticha itti miidheefi miidhaa jiru akkasuma,ilaalchaafi amantii duudhaa Oromoo karaalee himootaan,mammaaksaan,,malleen dubbiifi jechamootaan uumama naannoo waliin wal qabsiisuun dhiyaatanii jiru.Dabalataanis hariiroon namaafi uumama naannoo taatee hawaasicha keessa jiru,fakkeenya qabatamaafi hubatamaatti gargaaramuun qindaa`uun isaanii xiinxalamee jira.Gama birootin yoomessa qabatamaa keessatti,gargaaramuun amanamummaafi fudhatamummaan isaanis maal akka fakkaatan xinxaaluuf yaalee jira..

Akkasuma hojii Asoosamoota kanaa keessatti,haala waliigala xiinxalameen ciminaafi hanqina isaan qaban ifatti baasuun dhiyaatee jira.

Bifuma kanaan dhiibaan durii kaasee,hanga ammaa kallattii adda addaan ummata Oromoo irra gahaa akka jiru,qindoominni seenaa,dhimmoonni duudhaa hawaasichaa ibsan kana chi keessatti dhiyaatan raga qabatamaan deeggaraa deemuun,Asoosamoonni kuni lamaan namoota adda addaan haa barreeffamaniyyuu malee,qabxii ijoon isaanii kan wal deeggaran ta`uu,sabseenaan isaanii waan dhugaa Addunyaa kanarraa jiru bu`ureeffachuun jalqabaa hanga xumuraatti bifa nama ofitti hawwachuu danda`uun isaanii dhimmoota akka ciminaatti ilaalamaniidha.Kanamalees dhaamsi isaanii dhimmoota hawaasaa kessatti baay`ee murteessoofi barbaachisoo ta`a kanneen akka duudhaa hawaasaafi siyaasa kallattii hedduun durii kaasee hanga har`aa dacheefi samii Oromiyaa haguugee jiru iratti fuulleffachuun isaanii cimina isa biroodha.Keessumaa Asoosamni gabaabaan ‘Danaa’ qabiyyeen inni duudhaa Oromoo ganamaa badaafi cabaa dhufe giddugaleeffatee waan kalaqameef miira ilmaan namaaf dhiyoo ta`uu irra darbee,namota hedduu eenyummaan isaanii jalaa dhokatte karaatti deebisuu danda`a.

Gama birootiin Asoosamoota kanneen keessatti wantoonni akka hanqinaatti ilaalamanis ni jiru.Asoosama’Arraa Gurbaa’ fudhannee yoo ilaalle,Namfakkoonni kanneen akka Baluuxaa,Maluuxaa,Sharuuxaa,Faluuxaa kanneen jedhaman haalli moggaasa maqaa isaanii

karaa sagaleen walitti waan dhiyaataniif adda baafachuu irratti ni rakkisu.Hiriyoonni akkas sagaleen maqaa isaanii wal fakkaatu,addunyaa dhugaa keessatti yoo ilaalle,dhugoomni inni qabu gadi aanadha.Dabalataanis yaadni yookiin ilaalchi dhuunfaa barreessichaa keessatti muul`ata.Gaaf Dachaasaafi Hata`uun waabeekaa bira deeman,obbo Guyyoon dhiiraan ‘kalaale’ jedhee waame jechuun,ilaalchi waabeekaa kana gadi xiqqeessuu keessaa muul`ata.Hawaasichi suni kan kooti jedhee erga fudhatee,akka waabeekaan kuni sobduu ta`eetti kalqun kuni gaarummaa isaa caalaa hammeenya isaatu caala.

Akkasuma Asoosamni gabaabaan ‘Danaa’ duudhaa hawaasa Oromoo jalqabaa kaasee ibsaa turuun cimina keessatti akkuma ka`e,loqoda naannoo gochichi itti raawwatameen waan katabameef,dubbisanii ergaa isaa hubachuu irratti dhiibbaa qaba.Dabalataanis,sabseenaa Asoosamichaa,bifa qindaa`aa ta`een hubachuufi yaadonni ta`insoota gara fuulduraatti tilmaamsisan dubbisanii argachuu irratti ni rakkisu.

Gabaabumatti,haala xiinxala waliigalaan yoo ilaalaman,hojiileen Asoosamoota kanneenii ulaagaa hojiin ogbarruu tokko guutuu qabu guutumaan guututti guutaniiru jechuu baannus,hojiilee kalaqaa sadarkaa isaaniifi bu`uura dhugaarratti kanneen ijaaramaniidha jechuun ni dandaa`ama.

Walumaa galatti adeemsaalee qorannichi keessa darbe bakka tokkotti walitti fiduu,argannoowwan qorannichaarraa argameefi qabxiilee fooyya`uu qaban jedhamanii yaadaman qindeessuun boqonnaa shan jalatti cuunfaa,argannoofi yaboo kaa`uudhaan qorannichibifa kanaan guduunfamee jira.

## 5.2. Argannoo

Xiinxala Asoosama ‘Danaafi ‘Arraa Gurbaa’ keessatti,hariiroo namaafi naannoo gidduu jiruun xiinxalamee argannoo tokkorra ga`ee jira.Akka qorannoo kanaatti,Asoosamoota lamaan filataman keessatti dhimmoonni siyaasaafi duudhaa Oromoo karaalee xiinxalamuu danda`uun kaa`amanii jiru.Keessumaa Asoosama gabaabaa ‘Danaa’ keessatti duudhaan Oromoo inni kaleessaa,kan har`aan wal qabsiifamee bal`inaan kaafamee jira.Rakkoon kallattii hundaan har`aan tana ummata Oromoofi duudhaa Oromoo laaffisaa jiru kuni,har`a kan eegale osoo hin taane duruma akka ta`e Asoosamichi ni ifoomsa.Dhaloonni har`aa kuni

hidhaa warra kaleessaa san waan laaffisaniif,ofiifis laafanii,uumaafi uumama naannoo isaanii waliin nageenya akka hin qabne kaafamee jira.Akkasuma karaa siyaasanis ummatni Oromoo hamma diinni isa cabsuun ol ofii isaa waliin akka wal cabsaa tureefi jiru lafa kaa`ee jira.

Arraa Gurabaanis hamma tokko duudhaa Oromoo inni kaleessaa iddo baay`etti laafaa dhufuu isaa ni ifoomsa.Garuu siyaasa Oromoo yeroo ammaa kana bal`inaan addeessee jira.Keessattuu diinni wallaalaa dhuma nama keenyatti fayyadamuun,beekaa keenya hidhaafi ajjeechaan dararaa akkasuma lafa Oromoo akka qircaatti cicciracha akka jiran raga waliin ifoomsee jira.Haaluma kanaan qabxiileen argannoo qorannoo kanaa haala armaan gadii kanaan tarreeffameera.

- Asoosamni gabaabaan ‘Danaa’fi Asoosamni dheeraan ‘Arraa Gurbaa’ jedhaman kun lamaan dhugummaa jiruufi jireenya ummata Oromoo karaa bulchiinsaafi siyaasa durii qabee hanga har`aa jiru,kaasuu isaa ragaalee xiinxalame irraa hubachuun ni dandaa`ameera.Dhimmoonni achi keessatti dhiyaatan kunis taatewwan hawaasichaa bu`uura taasifachuun dhiyaatanii jiru.Kanaafuu hojiileen kalaqaa namoota lamaan kanaa,akkaataa xiinxala ragaalee boqonnaa afur keessatti taasifameefi yaada dimshaashaa keeyyata kanaa oliin kalaqni namoota lamaanii kuni,haala jiruufi jireenya ummata Oromoo keessatti kallattii bulchiinsaafi siyaasaan muul`achaa ture,bifa dhugummaa of keessaa qabuun kan calaqqisiisan ta`uun hubachuun dandaa`ameera.
- Asoosamoota kanneen keessatti,dhimmoonni ummatni Oromoo uumama naannoo isaa waliin hariiroon inni qabu,haala jireenya isaanii waliin kallattiin kan wal qabatuudha.Dhimmoonni jireenya hawaasaa waliin wal qabatan kun Asoosamoota xiinxalaman kanneen keessatti xiyyeeffannoo olaanaa argatanii jiru.Dhimmoonni kunniin,haala dhugaa ummata Oromoo keessatti muul`achaa tureefi jiruun ijaaramuun Asoosamoota kanneenii xiinxala ragaalee boqonnaa afur jalatti taasifameen kan mirkaneessan ta`uun bira ga`amee jira.
- Asoosamni tokko yeroo kalaqamu,dhimmi inni irratti xiyyeeffatu ni qabaata.Dhimma irratti fuulleffatu sanaaf,xiyyeeffannoo olaanaa kennee,irra deddeebi`uun muul`isa.Haaluma kanaan Asoosamoota lamaan xiinxalaman kana keessatti

- ❖ Asoosamoonni lamaan kuni,bu`uurri isaanii haala jiruufi jireenya ummata Oromoo bu`uura taasifachuun dhiyaachuun isaanii akkuma isaan wal fakkeessu qabiyyeen isaan hammataninis garaagarummaa akka qaban hubatamee jira.Keessumaa Asoosamni gabaabaan 'Danaa' duudhaa ummata Oromoo isa dhokate,haala jiruufi jireenya ummatichaa,uumama naannoo waliin wal qabsiisee dhiyeessuu isaa qaaccessi boqonnaa afur jalaa ni dhugoomsa.Akkasuma Asoosamni dheeraan 'Arraa Gurbaas' xiyyeeffannoon isaa guddaaan siyaasa Oromoo yeroo dhiyoo kanaafi dhiibbaa inni lafaafi nama Oromoo irraan gahaa jiruufi ture bal`inaan kaasuu isaa qaacessaa boqonnaa afurii irraa hubatamee jira.

## 5.3. Yaboo

Xiinxala Asoosamoota kanneen keessatti haala boqonnaa afur jalatti ulaagaalee xiinxalamuuf yaalametti,hojiileen kalaqaa kanneen akkuma cimina hedduu qaban,hanqinaaleen isaan qabanis adda baafamee jira.Hanqinaalee muul`atan kana adda baasuu qofaa osoo hin taane,yaadni fooyya`insaas waliin kaa`amee jira.Kanaafuu yaadolee akka hanqinaatti ka`an kuni haala armaan Gadiitiin osoo fooyya`ee caalmatti hojii oguma sanaa gaariifi jaallatamaa ta`uu danda`a jedhameeti amanama.

- ➢ Yaadoleen ta`insoota gara fuulduraatti raawwatu tilmaamsisan bal`inaan Asoosamoota kana keessa kaawwamanii hin jiran.Yaadoleen ta`iinsa fuulduraa tilmaamsisan,dubbistoonni caalmatti ta`iinsa sana bira ga`uuf onnatanii akka dubbisan isaan taasisa.Haalli kuni Asoosamoota kanneen keessatti bal`inaan osoo jiraatanii hawwatummaan isaanii haalan dabaluu danda`a.
- ➢ Seenaa Asoosama tokkoo hubachuuf maqaaleen moggaasa namfakkiilee gahee olaanaa qabu.Haata`umalee maqaan namfakkii muraasaa haalli sagalee isaanii wal fakkaachuu irraan kan ka`e hubachuuf rakkisaa ta`uu mala.Kanaaf dhaamsiifi gochi namfakkiilee addaan baafamee akka baramuuf,maqaa sagalee walfakkaatu qabu osoo baay`achuu baatanii caalmatti ergaan Asoosamichaa hubatamuu danda`a.
- ➢ Asoosamni hojii kalaqaati;barreessaan dhugaa hawaasaa bu`uura taasifachuun seenaa ijaara.Haata`umalee kalaqni sun dhugaa hawaasaafi kan yaadni dhuunfaa

keessaa calaqqisu yoo ta`e,garee muraasaan faarfamee garee hedduun jibbamuu mala.Kanaaf barreessaan amantii mataa isaan wal qabsiisee duudhaa eenyuyyuu gadi qabuu dhiisee,waan hawaasa giddugaleeffatu irratti xiyyeeffachuu qaba.

- Barreessaan Asoosamaa tokko dhugaa hawaasaa akkuma bu`uura taasifatu,waan kalqu kanas namoota hedduun hubatamuufi hubatamuu dhiisuu isaa xiyyeeffannoo keessa galchuu qaba.Asoosamni loqoda abbaa seenaa bu`ureeffatee kalqame ,garee hawaasa sanarraa kan hafe,hawaasa iddoo biro jiraatuuf haaraa ta`uu mala.Kanaa fdhaamsi bareedaan Asoosamoota kanneen keessa jiru,hawaasa bal`aan akka hubatamuf,loga(loqoda) hunda giddugaleeffateen osoo katabamee gaarii ta`a.

## Wabiilee


Abrahams,M.H.(1971).**A Glossary of Literary Terms**.NEW York: Holt,Rinehart and Winston

Addunyaa Barkeessaa.(2011).**AkkamtaaYaadrimee Qorannoo Hujoo**,Finfinnee Oromiya:

Addunyaa Barkeessaa.(2018),**Arraa Gurbaa**.Finfinnee Oromiyaa…

Addunyaa Barkeessaa.(2014).**Semmoo**.Finfinnee:far east Trading plc

Asaffaa Tafarraa.(2009).**Eela.Seenaa Oguma Oromoo**.Finfinnee:East Trading plc

Asaffaa Tafarraa( 2000).**Danaa**. Finfinnee………

Assefa Tefera Dibaba (2015) .**Ethnography of resistance poetics power and authority in salale oromo folklore and resistance culture.** Indiana University

Ayub Ismael. (2008). ***Language use of the Jamaican and Rastofarian Community in Shashamene.*** A socio linguistic study.

Berg B. (2001). ***Qualitative Research Methods for the Social sciences.*** California State University, Long beach

Bernstein Barry.(1992).**Literature and language**.New York:Mc.Dow.LTD.Company

Buell Lawrence.(1986).**New England Literary culture,from Revolution through Renaissence Cambridge** :Cambridge University press

Buell Lawrence.(1986).**Letter in forum on Literature of the Environment The modern Language of America**.Cambridge University press

Brocker,Oscar G.(1980).**The essential Theater**.New York:Holt Reinhart and Winston

Carl H.Klaus.(1991).**Elements of Literature.**New York:Oxford University Press

Cassidy J.(1991),**Enjoying Litirature Terms**.New York:Labrary of Congress Cataloging

Clark H.(1996).**Using Language**. Cambridge:University press

Cuddon.J.A.(1991),**The Penjium Dictionary of Literary Terms and Literary Theory** New York:Penjium Books

Dastaa Dassaalenyi(2013),**Bu`uura Qorannoo,maxxansa 2ffaa**.Finfinnee:Far East Trading plc

Dukore,B.F.(1974).**Dramatic theory and criticism**.Greek to Grotowsky.New York: Holt Reinhart and Winston

Elders J.(1985).**Imagining the earth poetery and vision of nature**.Athens GA:Univ.Ga Press.246

Fedhasaa Taaddasaa.(2019).**Bu`uura Ogbarruu Oromoo**.Finfinnee:Subii

Fikire Tolosa(1983).Realism and Amharic Literature, **______________________________**

Filee Jaallataa.(2019).**Malleen Qorannoo**.Finfinnee;ADP Printing Press

Fikire Tolosa.(1983).**Realism and Amharic Literature,** Kan Hin Maxxanfamin

Flick Uwe . 2002. **An Introduction to Qualitative Research 2nd .edition** .New Delhi: Sage Publication

Georg Y.(20060.**The study of language**.USA:Cambridge University Press

Getaachoo Rabbirraa.(2011). *Furtuu seerluga Afaan Oromoo* kutaa 9fi 10 gulaallii 3ffaa. Maxxansa 8ffaa Addis Ababa : kuraz international publishing enterprise.

Gotfelty C, H,Eds.(1996).**The Ecocriticism AthensGA**.Univ,Ga:Press.415pp

Guddon J.A.A(1982).**A Dictionary ofLiterary Terms**.New York:published by pengium Books

Harcourt Brace &C (1994).**Harbrace Collage Hard Book**(12$^{th}$),Orlando :Florida

Harry Shaw.(1972).**Dictionary of Literary Terms**,New York:Mc Graw Hill Book Company

Heise U.(2008).**Sense of place and sense of planet**.The Environmental Imagination of The Global New York:Oxford University.Press 250pp

Hodge.B &Kress ,G(1993).**Language as Ideology**.London &New York:Routledge

Jana .U.(2011).**Ecological criticism for ourtimes,alaiterature,Nature and critical Inquiry**.Author press

Johan Benjamin(2011). **..**USA:AmesterdamPhiladelphia

Jonathon C.(1995).**Oxford Advanced Learner`s Dictionary of Current English**.United States Unives Press

Jones.G.(1990).**Collins Dictionary of Environmental Science** .Glasgow.Harper Collins publisher

Josic Jelica.(.2006).**Ecocroticism Interdisciplinary study of Literature and Environment**. UDC 502

Kadir Ali. (2016). **Qaaccessa Asoosama Aarsaa Fayyadama Afaani Irratti Xiyyeeffate**. Digirii 2ffaa Guuttachuuf:Yunivarsiiti Finfinnee Kan Hin Maxxanfamin

Kumar, R.( 1996). *Research Methodology: Stp-by step Guide for Beginners.* Addison Wesley Longman Awustralia PTY.Limited

Lyons.J (1995). **Linguistics &Semantics** ,Cambridge University Press Stanford

Mark C.(2001). Globe Fearone Litirature Teacher Resource.United State OF America:Me Graw Hill

Melakneh Mangistu(1991),**Fundamental of Literature for college** .Addis Abeba:Mega Print

Nageessoo Duubee.(2008).**Qaaccessa Fayyadama Afaanii Waldhabdee Abbaafi Ilmaa Jaarsummaan furuu keessatti.**Yunivarsiitii Finfinnee.Qorannoo Digirii 2ffaa Guuttachuuf Qophaa`e.Kan Hin Maxxanfamin

Okodo Ikechukwu.(1992).**The study of Literary Terminologies and Appreciation** .Onitsha:Footmarks Publication

Scribner .I.(1989).**Enjoying Literature**.New York:Me.Graw-Hill

Shaw.H.91972).**Dictionary of Literature Terms** ,New York:Mc Graw Hill Book Campany Harvard University press

Tegegn Obsa.(1993).**Provrsbs and love songs from Arsi**. Addis Ababa University.Kan Hin Maxxanffamne

Wiirtuu (1995).**Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo,**Finfinnee: Aaadaafi Turiizimii Oromiyaa

Zelalem Wedajo(2009),**Amarigna kuanka Ina Sina Tsihuf**.Dilla University

Zerihun Asefa(1996),**Yesina Tsihuf meseretawiyan**.Addis Ababa: Nigd Matamiya dirijit

______________(1994) vo$_5$.London:World book Inc.

______________(1994)vo$_{12}$.London:World Book Inc

_______________(1994)vo14.London:world book

Toora Interneetii 'Websters Unabridged Dictionary'

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'u isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hindhiaannee ta'uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa

**Maqaa Qorataa ________________________________**

**Mallatto_______________________________________**

**Guyyaa _______________________________________**

**Ani gorsaan baratAA _____________________________. Waraqaan Qorannoo isaa Ofittisuuf (Defence) dhiyaachuu danda'uu isaa mallattoo kootiin mirkaneessera.**

**Maqaa Gorsaa_____________________________________**

**Mallattoo _________________________________________**

**Guyyaa _________________________________________**